BARNOOTA OG-AARTII

QAJEELCHA BARSIISOOTAA

KUTAA 8 FFAA



Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinne

KITAABA KANAAF KUNUUNSA CIMAA TAASISI

Qajeelchii barsiisaa kun qabeenya mana barumsaa keetiti. Qabeenyi mana barumsaa kee ammoo, kan keeti. Qabeenyi kun akka hin banne ykn hin miidhamne kunuunsuun gahee keeti. Kanaafs, yaadoleen kurnan armaan gadii si gargaaru.

1. Kitaabicha gaazexaa, waraqaa, laastikaaf uffisi.
2. Kitaabicha yeroo hunda bakka qooraaf qulqullina qabu kaa'i.
3. Yeroo fayyadamtus harki kee qulqulluu ta'uu mirkaneeffadhu.
4. Qolas ta'e keessa kitaabichaatti hinbarreessin.
5. Dubbistee bakka geesse mirkaneeffachuu yoo feetellee, cittuu waraqaa ykn kaardii qulqullina qabuutti fayyadami.
6. Fuula kitaabichaa tarsaasuun ykn fakkii kutanii keessaa baasuun dhorkaadha.
7. Fuulli tarsa'ellee yoo jiraate suphi.
8. Kitaabicha yeroo korojoo kee keessa keessuuf keessaa baaftu, akka hin tarsaane of eeggadhu.
9. Yeroo namoota biraatiif ergiftullee of eeggannoon akka qaban akeekkachisi.
10. Kitaaba haaraatti gargaaramuu yoo jalqabdu, dugdaan minjaala
    irraatti dubbisturra kaa'i. Sana booda, fuula muraasa banuun xiqqoodhuma hanga barreeffama fuulicharra jiru dubbisuu dandeessutti banuun gargaarami. Fuula bante garmalee harkisuun qola isaas ta'ee, fuula kitaabichaa miidhuu waan danda'uuf, akka ija keetti eeggadhu

BARNOOTA OG-AARTII

QAJEELCHA BARSIISOOTAA

Qopheessitoota

Firoomsaa Adduunyaa Dabaloo

Abduura'uf Ahimu Muhammed

Gulaaltonni:

1.....

2.....

Madaaltota:

1.....

2.....

Ogeessa Saxaxaa

(Layout & Illustration Designer)

Hilegiorgis Temesgen

Finfinnee

Ful 2013

Maxxansaan

© mirgi maxxansa guutumaan guutuutti eegamaadha. Guutuu qaama maxxansa kanaa, haalaa fi bifa kamiiniyyuu jechuun, elektiroonikaan, footokooppiidhaa fi waraabuun eeyyama dhaabbata maxxansiisee malee haala birootti dabarfamuu hin danda'u.

Baafata

Qabiyyee Fuula

BOQOONNAA 1----------1

GAHUMSA OGUMMAA AARTI----------1

1.1. Gahee fi Hojii Elementoota Bu'uura Saxaxaa/Design/ Ilaalcha Ogummaa Kallattii Sadiin (3D Arts) (wayitii 6)----------2

1.1.1. Faayidaa Saxaxni Ilaalcha Kallatti Sadii Keessatti Qabu----------3

1.1.2.Ruqoolee Saxaxaa----------4

1.2.Wallisa, Meeshaalee Muuziqaa, shubbisa fi muuziqaa biyya keenyaa (wayitii 6) .....
----------10

1.2.1. Iskeeli/ Wallisa Muuziqaa Itoophiyaa----------12

1.2.2.Muuziqaa Naannoolee Itoophiyaa----------14

1.2.3.Ramaddii Meeshaalee Muuziqaa----------16

1.2.4.Shubbisa Aadaa----------23

1.3.Fiilmii / Suur-Sagaalee/ fi Ruqoolee Qophii Tiyaatira (Iddoo Agarsiisaa) (Wayitii 6) ..
----------25

1.3.1.Ruqoolee Barbaachisoo Fiilmii (Suur-Sagalee) Og-Fiilmii Dalaguuf Gargaaran---38

1.3.2.Sadarkaalee Qophiin Suur-Sagalee Keessa Darbu----------41

1.3.3.Ruqoolee Qophii Tiyaatiraa----------44

BOQONNAA 2 ----------55

MIIRAA KALAQAAN IBSUU----------55

2.1.Wallisa Muuziqaa Itoophiyaa (Intaloo fi A mbaasal) Soolfeejoodhaan (Wayitii-----56

2.1.1Mallattoo Agarsiisa Yeroo Muuziqaa Keessatti Ibsuu----------64

2.1.2.Iskeeloota Peentaatooniikii Itoophiyaa Yookiin Hordooffii Sagalee Intaloo fi Am-

baasal----------72

2.2.Shubbisa Aadaa (Wayitii 3)----------74

2.3.Qophii Tiiyaatiiraa fi Suur-Sagalee (Viidiyoo) Yookiin Yadaa Kalaaquu fi Barressu Akkasumas Hiiku (wayitii 3)----------79

2.3.1.Akkamittii Barruu Taphaa Barreessuu,----------79

2.4.Maxxaansa Hojjeechuu fi Bobboca (Hojii Suphee fi Waraqaa Qopheessuu) (wayitii)----------85

2.4.1.Adeemsa maxxaansa hojjachu hubachuu.----------85

2.4.2.Suphee fi Waraqataan Bobboca Qopheessuu----------90

BOQOONNAA 3----------98

AADAA FI SEENAA (wayitii 12)----------98

3.1.Agarsiiftuu Muuziqaa Aadaa, Meeshaalee Aadaa Fi Shubbisaa (wayitii 4)----------99

3.1.1.Muuziqaa fi Aadaa----------100

3.1.2.Faayidaa Muuziqaa----------101

3.1.3.Meeshaa Muuziqaa Aadaa----------113

3.2.Bobboca (Siidaawwan), Hojii Harkaa fi Ogummaa Qabatamaa Bara Durii (wayitii 4)----------116

3.2.1.Bobboca ----------117

3.2.2.Hojii Ogummaa Harkaa----------122

3.3.Seenaa Aadaa Naannoo Tiyaatira Fi Fiilmii/Suur-Sagalee (wayitii 4)----------124

BOQONNAA 4----------129

BU'AA MIIDHAGINAA----------129

4.1Bu'aa Aartii Sochii qaamaa Hojjechuu (wayitii 4)----------130

4.1.1Miidhagina----------134

4.1.2Bu'aa Artii Agaree----------134

4.2Hojii Aartii Sochii Qaamaa (Muuziqaa, Shubbisa, Tiyaatira, Suursagalee) Wal Bira

Qabuun Madaaluu (Wayitii 4)----------140

4.3Ergaawwanii Fi Meeshaalee Hojii Harkaa Ogummaawwan Qabatamoo Fi Siidaalee (wayitii 4)----------160

4.3.1Siidaawwan----------160

4.3.2.Bobboca----------165

BOQONNAA 5----------170

HARIIROO----------170

5.1Yaadota Bu'uuraa Barnoota Aartii Gochaa Fi Agaree Fi Ogummaa Mul'atoo Gosa Barnoota Biroo Waliin Hojiirra Oolchuu fi Dhimmoota Xiyyeeffannoo Barbaadaan (10).
----------171

5.1.1.Hariiroo Aartiin Saayinsii fi Teeknolojii Waliin Qabu----------179

Wabiilee----------186

Seensa

Baarnoonni hubannoo og-aartii boqonnaa shan kan qabu ta'e, qabiyyeewwan gara garaa kan of keessatti qabateedha. Barannoon hubannoo og-aartii, barattoonni ergaawwan ijoo, currisa, yaada karaa muuziqaatiin, Agarsiisa/theater/, suur-sagalee fi suuraalee haalaan haalaan akka ibsan isaan gargaara. Maxxansa hojjechuu fi Ogummaa bobbocaa (hojii suphee fi waraqaa bukeessuu/paper mache/) akka ati qopheessituf isaan gargaara. Gosoota meeshaalee muuziqaa gurguddoo fi Muuziqaa biyya keenyaa ni ibsu.

Nootaalee fayyadamuun mallattoo agarsiisa yeroo ( ) soolfeejoon ni hojjetu. Wallisa /modes/ muuziqaa biyya keenyaa (Intaloo fi Ambaasal) fayyadamuun rukuttaa/beats/, boqonnaa fi yaa'insa sagalee /pitch/ ni taphatu. Akkaataa Shubbisa Aadaa hojjechuun danda'amu ni hubatu. Muuziqaa, Meeshaalee muuziqaa fi shubbisoota ibsituu Aadaa ni xinxalta Tiyaatira suur-sagalee/viidiyoo/fiilmii fi shubbisatti gargaaramuun beekumsa xabboo (hawaasaa) keessa jiru ni shaakalu.

Aartii schii qaamaa Muuziqaa, shubbisaa fi akkasumas agarsiisa /theater/fiilmii/ suur-sagalee/ ni dinqisiifatta. Ergaawwan siidaalee fi ogummaawwan qabatamoo, meeshaalee hojii harkaa hubachuun ni dinqisiifatta Aartilee sochii qaamaa (faaruu, shubbisa, agarsiisa, viidiyoo…) gosoota barnoota biroo fi dhimmoota/ rakkoolee naannoo keessatti xiyyeeffannoo addaa barbaadan /cross cutting issues/ walqabsiisu/walitti fiduun ni ibsu. Dhumaa irrattii, hariiroo hojiirra ooolmaa fi ergaawwan barbaachisoo Aadaa qabatamaa ni qalbiifatu.

BOQOONNAA 1

GAHUMSA OGUMMAA AARTII

Wayitii barnoota boqonnaa kana xumuruuf barbaachisu (wayitii 18)

Xumura barnoota boqonnaa kana booda barattoonni: -

- ✓ Akkaata fiilmiin itti hojjatamu ni hubatu
- ✓ Hojiwwan tiyaatirrii biyyaaf gumaache ni dinqisiifatu
- ✓ Ruqoolee tiyaatira fi Ruqoole Aartii addaan baafachuun garaagarummaa isaani ni hubatu.
- ✓ Hojii fiilmii fi Aartiin biyya keenyaaf hojjatan sirriitti addaan baafatanii ni baratu.

SEENSA

Kitaabni ajajaa barsiisa kun Barnoota Og-aartii Gochaa fi agaree (Performing and Visual Arts) irratti barsiisaa kan gargaarudha. kitaabni kun kan barraaheef adeemsa baruuf barsiisuu deeggaruufi. Mata-duree boqonnaa kanaa waliin wal qabsiisee, yemmuu, og-aartii tiyaatiraa fi suur-sagalee (movie, film) barsiiftu, barnoota Og-aartii jechuun Ogummaa Aartii Tiyaatiraa, Fakkii, Ogummaa Saxaxaa fi Bobbocaa kan of keessaa qabu jechuudha. Ogummaan Aartii Tiyaatiraa Barreessuu, Taphachuu fi qopheessuu waan jedhaman akka dibaabeetti Kan of jalatti tuuteffatu ta'ee baay'ee bal'aa fi ogummaa hojii ilmaan namaa kan calaqq-isiisu calaqqee qaroomina duriirraa jalqabee hanga yoonaatti addunyaan itti fayyadamaa jiru ta'uu isaa hamma tokko qalbeeffachuu qabda.

Qajeelchi kun, kan siif qophaa'e, daree seentee barattoota kee barsiisuun dura, akka ogummaa aartiitiin of si'eessitu yookaan of dadammaqsitu kan si deeggaru ta'ee teeknooloojii biyyi keenya irra geessetti fayyadamuun hubannoo aartii Tiyaatiraa fi Fiilmii sakatta'uun sagantaa barsiisummaa ofii keetti fayyadamtee barattoota akka barsiiftuuf saxaxni kun siif qophaa'e.

Qabiyyeewwan Gurguddoo Boqonnichaa

1.1 Gahee fi hojii elementoota bu'uura saxaxaa/design/ ilaalcha ogummaa kallattii sadiin (3D Arts) (wayitii 6)

1.2Wallisa, Meeshaalee Muuziqaa, shubbisa fi muuziqaa biyya keenyaa (wayitii 6)

1.3 Fiilmii, suur-sagalee elementoota (ruqoolee) qophii Tiyaatira (Iddoo Agarsiisaa /Waltajjii/ (Basic stages) (wayitii 6)

1.1. Gahee fi Hojii Elementoota Bu'uura Saxaxaa/Design/ Ilaalcha Ogummaa Kallattii Sadiin (3D Arts) (wayitii 6)

Xumura qabiyyee kanaa booda barattoonni: -

- Maalummaa saxaxaa ni addeessu
- Faayidaa fi ga'ee saxaxaan kallattii sadii uumuu keessattii qabu ni ibsu
- Ruqoolee saxaxaa tokko tokkon ni tarreessuu

Deebii gocha 1.1

1.sarara, boca, pileeni, halluu, yeroo fi sochii, haala qulquullina, hamma wantoota fi bakkaa duwwaa

Saxaxaa

Saxaxni waan dura hin baratamin yookaan hawwaasa keessa hin turin tokkoo kalaquu yookaan uumuudha. Bu'aan isaaniis karaa gara garaa uumama keessatti arguun ni danda'ama. wantoonni naannoo keenyatti arginu hundi isaani bu'aa saxaxaa waliin waan wal qabataniidha. Saxaxnii hojiin hojjeetamuu tokko maaliif, yoom, fi essaattii hojjeetama yaadoota jedhamaniif deebii kan keennuudha.

1.1.1. Faayidaa Saxaxni Ilaalcha Kallatti Sadii Keessatti Qabu.

Saxaxni jireenya guyyuu keenyaa keessatti, kallatti hedduudhan wal qabata. Saxaxni yaada maddiisisuuf, rakiina uumamaanis furmaata warawaa kennuf, hiika gutuu fi karaalee walii galtee ifa ta'e qopheessuuf faayida ol aanaa kan qabudha. Kunis saxaxni kallaattiinis ta'ee alkallattiin ilaalcha kallatti sadii ibsudhaf, safaruudhaf, wixxiineessudhaf bu'a qabeessadha.

Akkaatan nutii naannoo keenya ittiin ilaaluu waan ilaalamu irraattii dhiibba ni fida. Sababnii isaas kallattiileen ittin ilaalu gara garaa waan ta'ef. Akkasumas akkaatan nuu hiikaa ittii kenninus garaagarummaa qaba. Kanaafuu namni tokko kallaattii adda addaa irraa naannoo isaa qalbifachu ni danda'a. Kanaafu saxaxni qabxiwwaan armaan gadii, ilaalcha kallatii sadii (3D) guutuu tasiisan kennuu danda'a. isaaniis:

A), Hiika gutuu kennuu

Hiikni aadaa tokkoo aadaa biraatti garaagarummaa kan qabuudha. Kanaafuu hiikni wanta sadhatawaa ta'edha. Qaamni tokko hiikaa kan inni argatuu kaayyoo saxaxuu barbaade haalaan hubachuu irra madda. Dabalataanis hiikni yeroo dha gara yerootti ni jijjiirama. Hiikni ibsa qabatamaa qaama hiiku irraa qulqullinnaan daawwatootaf kan kennamuudha. Dandeettin hiika kennuu yookaan uumuu kan dhufu ilaalcha waliigalaa sirrii ta'etti fayyadamuudhani.

B) Rakkoo Furuudhaf (solving problem)

Saxaxnii barumsa waa kalaquu(uumu)ti. Sababni, isaas rakkina uumamuuf dursanii deebin irrattii kennamu waan hin jirreef. Hiika beekamuu fi hubatamuu danda'u bira ga'uuf dubbisuu fi barreessuun baayyee barbaachisaadha. Kanaafu rakkinaaf deebii kennuun kan danda'amuu, waa'ee rakkinicha dubbisu fi barreessuun hubachuun ni dursa. Kaayyoon guddaan saxaxaa, kaayyoo fi hiiknii yaada akka walii galan gochudha.

1.1.2. Ruqoolee Saxaxaa

Ruqooleen saxaxaa kaneen akka tuqaa, sararaa, boca, kallattii, halluu, halqara, naqa, hanga (iddoo, pileenii, yeroodha), sochii, fi iskeelidha.

1), Sarara (Line)

Sarari tuqaa irraa iiaarama. Tuqaan saxaxaa keessaattii kutaa baayyee salphaa ta'eedha.



Fak 1.1.1 Sarara

2), Boca (form):

Bocni qaama wanta kallattii sadii qabu tokko bakka kan bu'uudha. Qaamoonnii daayimeshinii sadii jedhamanis ruqaa kan akka dheerinnaa, dalgee fi olee kan of keessatti qabateedha. Bocni guutumaan guututti wanta ijaan argamuu kan bakka bu'uudha. Kanaafuu qaamnii tokko yeroo hojjeetamuu, mijataa ta'u qaba kunis irgoonomiksii jedhama. Ergoonomiikiin yaada meeshaaleen saxaxaaman (hojjatamaan) qaama ittii fayyadamu waalin walsiimu yookan walgituu of jalattii qabata.



Fakkii 1.1.2. Boca Inxooxo Paarkii

3) Pileeni (Plane)

Pileenin dirree diriira sararaa irraa ijaarameedha. Ga'ee fi faayidaan pileeniin kallattii sadii uumuu keessatti qabu guddaadha. Pileeniin ruqaa saxaxaa bakka hundatti argamudha. Adduuyaan keenyii pilaanari fi ji'omeetiri irraa ijaaramte. Boci kallattii sadii meeshaale pilaanari kallattii lama qabu irraa ijaaramu ni danda'a.



Fakkii 1.1.3. Saxaxaa Pileenii

4) Halluu(color)

Halluun ruqoolee saxaxa kallattii sadii ta'ee xiyya ifaa irraa kan uumameedha. Saxaxaa kallatti sadii keessatti, halluu sirrii meeshaa ittin aartii hojjeenne fudhachuu dandeenya. Haallun amalaa balaqessa'uu xiyyaa ifaati: kana jechuun qamnii tokko boca ittin adda ba'u kan inni argatuu bakka ifnii jiruu qofatti. Waantonni halluu mataa isaani hin qaban. Garuu hamma tokkoo xiyyaa ifaa of keessa dabarsuu danda'uudha. Gamaa biraatiin, halluu iddoo lamattii qoonnee ilaalu ni dandeenya. Isaanis: halluu uumamaa fi halluu nam-tolcheedha.

Halluu Uumamaa: halluun uumamaa halluu wantoonni uumama isaanitiin qabaniidha. Halluun kunis halluu wantoonni osoo hin daandi'ayiin yookaan halluun biraa itti hin dabalamin uumaa isaanitiin qaban mul'isa. Halluun tokkoo maddi inni irraa dhufee wantoota akka biqiltoota, maykirobaylojikaali, bineensoota fi albuudota yoo ta'e halluun kun halluu uumamaa jedhama. Gosoonni halluu uumamaa kanneen akka diimaa, burtukaana, keelloo, magariisa, cuquliisa, daadhii waynii fi ilgeen halluu uumamati.


Halluu nam-tolchee: - halluun kun ogeessaa keemistiriitin labraatoorii keessatti kan oomishamuudha**.** Halluun nam-tolchee dayoota torba walitti makuudhan kan uumamuu yeroo ta'u, innis angaa'oota nyaatattin mirkaneefame jira. halluwwan kunnenis,cuquliisa 1,magariisa 3,cuquliisa2,diimaa 3,diimaa 40,kelloo 6 fi kello 6 dha. Karaa biraatin immoo halluun akaaku sadii qaba, isaanis halluu sadarkaa

1ffaa, halluu sadarkaa 2ffaa fi halluu sadarkaa 3ffaa dha.

Halluu sadarkaa 1ffaa: - isaanis halluuwwan akka diimaa, kelloo fi cuquulisa of keessatti qabata.

Halluu sadarkaa 2ffaa: - magariisa, kelloo fi dhilgeedha.

Halluu sadarkaa 3ffaa :(keelloo fi burtukaana), (diimaa fi burtukaana), (diimaa fi dhilgee), (cuquliisa fi dhilgee), (cuqulisaa fi magariisa) akkasuma (keelloo fi magariisa) dha. isaanis:




Fakkii 1.1.4. Halluu Gara Garaa

5) Yeroo Fi Sochii (Time and Motion)

Sochiin qajeelfamoota aartii keessa tokko akka ta'eetti fudhatama, kunis aartistoonni hojii aartii keessatti ruqoolee aartii qindeessuuf meeshaalee yeroo heedduu faayadaman keessa tokkodha. Kofti, kallattiin, sararrii, fi sagaleen qindoomina muuziqaa tokko keessati sochiin barbaachisuu maal akka ta'e ibsuu danda'uu.

6) Haala Qulqullina (Texture)

Qamnii tokko qulqullinni isaa maal akka ta'e ruqaa ibsuudha. Kunis meeshaan tokko laallaafa, arjajja'aa yookiin jajjabaataa, fkk ta'u isaa ruqa adda basuudha. Kunis meeshaa sana harkaan qaqqaabudha, beekun ni danda'ama.



Fak 1.1.5. Haala Qulqullina

7) Hammaa Waantoota (Mass)

Hammii qaama waantoota (mass) bakka duwwaadhan kan marsamee qaama cufaa, bilisa ta'e fi bifaa kallattii sadii qabudha. Hammii walittii qabamiinsa paartiikilootaa wal hin simannee, qaama tokkoo uumuf walitti qindaa'an (gurmaa'an) ibsa.

8) Bakka Duuwwaa (Space)

Bakka duuwwaa jechuun iddoo duuwwaa hammaan haguuggamedha. Waantoonni fi bakkii duwwaan yeroo hundaa wal faana deemu yookaan akka qaama tokkooti ilaalamu. Akkasuma qaama addaan hin baafamneedha. Maateriin waantoota bakka duuwwaa ta'an kan ibsuudha. Garuu waantoonnii qophaa yookaan bakka duuwwaan haguugamee argamuu ni danda'a.

Deebii gilgaala 1.1

1. Halluun ruqoolee saxaxaa kallattii sadii ta'ee, xiyya ifaa irraa uumameedha. Halluun amala ifaati, kana jechuun qamnii tokko boca ittin adda ba'u kan inni argatuu bakka ifnii jiruu qofatti. Gamaa biraatin, halluu iddoo lamattii qoonnee ilaalu ni dandeenya. Isaanis: halluu uumamaa fi halluu nam-tolcheedha. **Halluu Uumamaa:** halluun uumamaa halluu wantoonni uumama isaanitiin qabaniidha. **Halluu nam-tolchee:** halluun kun ogeessaa keemistiriitin labraatoorii keessatti kan oomishamuu, halluu nam-tolchee dayoota torba walitti makuudhan kan uumamuudha
2. Bakka duuwwaa jechuun iddoo duuwwaa hammaan haguuggameedha. Wantoonni fi bakkii duuwwan yeroo hundaa wal faana deemu yookaan akka qaama tokkooti ilaalamu. Akkasuma qaama addaan hin baafamneedha. Maateriin wantoota bakka duuwwaa ta'an kan ibsuudha.

Malleen Baruu Fi Barsiisuu

- ✓ Ibsa
- ✓ Marii garee
- ✓ Gaaffii fi deebii
- ✓ Shaakala

Madaallii

- ❖ Daawwannaa
- ❖ Of ibsuu
- ❖ Ibsa garee
- ❖ kuusaa ragaa /Portifolio
- ❖ Gaafii qomaa

Meeshaalee baruu barsiisuu

- ❖ qalaama
- ❖ qubeessaa
- ❖ waraqaa

1.2. Wallisa, Meeshaalee Muuziqaa, shubbisa fi muuziqaa biyya keen-yaa (wayitii 6)

Xumura qabiyyee kana booda barattoonni: -

- ➢ Gosoota meeshaalee muuziqaa gurguddoo fi Muuziqaa biyya keenyaa addaan baafachuun ni ibsu
- ➢ Wallisa/modes/ muuziqaa biyya keenyaa fi Akkaataa shubbisaa/ragadaa ni shaakalu
- ➢ Qophii fiilmii, sadarkaa fi Iddoo bu'uura Tiyaatira hubachuu fi daawwachuun ergaa irraa baraatan ni addeessu

Deebii gochaa 1.2

1. Yaadannoo, Baatii, Ambaasal fi Intaloo
2. Masinqoo, kiraara, ulullee, dibbee fi toom-toomi dha

Muuziqaan Itoophiyaa calaqqee seenaa fi maalummaa hawaasa kutaalee biyyatti keessa jiraniiti. Yeroo duula, ajajaan waraanaa looltonni akka waraana injifatan akkasumas bifa gaariin looltoota yeroo onnachiisan muuziqatti dhimma bahu. Muuziqaan waa'ee waraana, jaalala biyyaa, weedduu injifannoo, akkasumas dirree waraanaa muraasa irrattii deeggarsii dadaamaqsuu kan ittin taasifamuudha. Muuziqaan faaruu fi walaaloo babbareedootti fayyadamudhaan, waa'een jaalala kan leellifamuudha.

Jireenyii hafuuraa ummatoota Itoophiiyaa, bifa muuziqaadhan dhiyaata. Muuziqaan Itoophiyaa muuziqaa biyyoota biroo irraa wantii adda isa godhu, sagalee adda ta'e qabaachuu isaati. Akkasumas akkaatuma uumama isaanitiin tokkon tokko isaaani hariiroo yookiin tokkummaa wal fakkaatu qabu. Kana waan ta'eef amaloonni dabalataa muuziiqaa yaada keessa galfamuu qabu. Muuziqaan

ummata Itoophiyaa biratti ilaalcha karaa hawaasuumma fi aadaatiin miraa ol-aanaa qaba.


Sirna sagalee (tone system): caasaa ibsamuun kan adda wal irra fagaatedha. Caasaa weedduu (melodic structure), caasaa rukuttaa (rhythmic structure): sagantaalee adda addaa kan akka yeroo cidhaa, qonnaa, kabaja ayyaanootaa bebeekamoo akka cuuphaa irratti, meeshaalee muuziqaa fayyadamuun caasaa uumamuudha.

Iskeeliin bal'innaanii fi irra jireessaan itoophiyaa keessatti fayyadamnu iskeelii peentaatoonikii jedhama. Akkuma barreefamoonni hedduun nutti dubatanitti itoophiyaa keessa iskeelota bebeekamoo afurtu jira. Isaanis: -

- yaadannoo
- Baatii
- Ambaasal
- Intaloo

Baatii fi yaadannoon gosoota lama qabu. Isaanis meejerii fi maayinarii iskeelidha (akka aadaatti guutuu fi walakkaadhan beekkamu). Itoophiyaa keessatti iskeelii gosoota garagaraatu argaman.isaan kana keessatti iskeelin pentaatoonikii irraa caala muuziqaa itoophiyaa keessatti hojiirra olfameedha.iskeelin pentaatoonikii bal'innaan fi bekkamaan itoophiyaa keessati hojirra oola yoo ta'eeyyuu wayta muuziqaa shaakallu yookaan qorannu iskeelin pentaatoonikii gostii biraa akka jiru ni hubanna.iskeeloonnii pentaatoonikii itoophiyaa hundi sagaleewwan shan irrati hundaa'u.kan awurooppaa immoo iskeelii sagalee torba irratti hundaa'un uumaamu diyaatoonikii jedhaama.sagaalewwan kunneenis akka armaan gadiitti bakka bu'u,Cn,Doo,Dn ,Ree,En,Mii bakka buuti Fn immoo Faa bakka bu'a,GnSool,A,Laa Bn Sii bakka wal bu'u.walumaagalattii haayyoonni muuziqaa akka jedhanitti muuziqaan adunyaa sagalee garagaraa 12 jalatti qoqqoodamu.

Hordooffi muuziqaa itoophiyaa hubachuudhaf jalqaba maqaa qubeewwan muuziqaa keyboordirra Jiranii hubachuu qabda.



Fakkii 1.2.1. Qubeewwan Muuziqaa

1.2.1. Iskeeli/ Wallisa Muuziqaa Itoophiyaa

a) Yaadannoo

Yaadannon hordooffii muuziqaa yeroo baayyee hojirra oolee jiruudha. akkasumas yaadannoon hiikaa meejerii fi maayiinarii qaba. hordooffiin muuziqaa meejarii tizziitaa guutuu jedhamee beekkama. akkasumas hordooffi muuziqaa yaadannoo maayiinaari ammo, yaadannoo walakkaa jedhamee beekkama. Iskeelin yaadannoo guutuu, iskeelii Meejerii peentaatoonikii addunyaa irratti beekkamu waliin tokko ta'uu isaani beekun baayyee barbaachisaadha. meejerii yaadannoo iskeelii, meejerii peentaatoonikii waliin walfakkaatan illee, maayiinarii yaadannoo iskeelii; mayiinarii peentaatoonikii wajjiin adda adda ta'uu isaani beekuun barabaachisaadha.

Yaadannoo guutuu: -C-D-E-G-A-C dha. Inni kun meejerii 2^{ffaa}, mayiinarii 3^{ffaa}, meejerii 2^{ffaa} fi mayiinarii 3^{ffaa}dha. Addaan fageenya qubeewwan muuziqaa lama giddu jiruudha.

Yaadannoo walakkaa: -C-D-Eb-G-Ab-C dha. inni kun immoo meejerii 2^{ffaa}, maayiinarii 2^{ffaa}, maayiinari 2^{ffaa}, meejerii 3^{ffaa}, maayiinarii 2^{ffaa} fi meejerii 3^{ffaa}. yaadannoo guutuu gara yaadannoo walakkaa argachuudhaf, isaa 3^{ffaa} fi 5^{ffaa} dachaasuu si gaafata. kanaafuu yaadannoo walakkaan,1,2, b3,4, b5 dha.

b) Baatii

batiinis hiikaa meejerii fi maayiinarii qaba. meejerii baatii, C- E- F- G - B - C. kunis maayiinarii 3ffaa meejerii 2ffaameejerii 2ffaa meejerii 3ffaa fi maayiinarii 2ffaa dha.

Meejarii baatii irraa maayiinarii baatii argachuuf isaa 2ffaa fi 5ffaa walitti dachaasu qabna. kanaafuu maayiinarii baatiin,1, b2,3,4, b5 dha. Hiikni maayiinarii baatii akka biyyoota birootti iskeelii maayiinari peentaatoonikii jedhamee beekkama.

Iskeeliin maayiinarii peentaatoonikii wallisa iskeelii meejerii peentaatoonikiidha. nutis iskeeliiwwan kanneen lamaan walitti daballa.

Haa ta'u malee, muuzeqeesitoonni itoophiyaa, hordooffii muuziqaa meejerii yaadannoo fi maayiinarii baatii, akkka isaan walitti hin daballee beekuun baayyee barbaachisaadha. akkasumas, yaadannoo maayiinarii wallisa yaadannoo meejerii akka hin taane fi baatii maayiinarii immoo, wallisa meejarii akkka hin taane hubaachuun barbaachisaadha.

c) Ambaasal:

gosoonni ijoo ambaasal lamatu jira. inni tokko baal'innaan Kan hojiirra oole yoo ta'u, inni Lammaffaa ammoo Kan baratamee miti.

Ambaasal; C-Db-F-G-Ab-C dha. isaaniis: maayinarii 2ffaa, meejerii 3ffaa, meejerii 2ffaa, maayinarii 2ffaa, fi meejerii 3ffaa dha.

gosoota ambaasal 2: C-D-F-G-A-C dha. isaaniis: meejerii 2ffaa, maayinarii 3ffaa, meejerii 2ffaa, meejerii 2ffaa, fi maayinarii 3ffaa. iskeeliin kun biyyoota birootti peentaatoonikii mizolidiyaan jedhamee beekama. kunis iskeelii peentaatoonikii meejerii wallisa 4ffa dha.

d) Intaloo

gosoota hordooffii intaloo nuti itti fayyaadamnu baayyeetu jiru. Haa ta'u Malee, irra jireessaan kan itti fayyadamnuu hordooffii sagalee tokkotu jira.

Intaloo: C-Db-F-Gb-A-C dha. isaaniis: maayiinarii 2^{ffaa}, meejerii ^{3ffaa}, maayiinarii ^{2ffaa}, meejerii ^{3ffaa} fi maayiinerii 3^{ffaa} dha. akkasumas hordooffiin sagalee intaloo muraasni Kan biroo hojiirra ni oolu. hordooffiin sagalee ijoo sadeen intaloo Hundii, wallisa iskeelii meejerii peentaatoonikii dha.

peentaatoonikii mizolidiyaanii; C-D-F-G-A dha. iskeeliin Kun kutaa ambaasal garagaraatti argamuudha. ogeeyyiin muuziqaa tokko tokko peentaatoonikii mizolidiyaani ambaasal Wajjiin walitti hidhu, Warrii Kan ammoo intaloo Wajjiin wal qabsiisu.

yematbela woof: inni kunii C-D-F-G-Bb dha. isaaniis: meejarii 2^{ffaa}, maayiinarii 3^{ffaa}, meejarii 2^{ffaa}, maayiinarii 3^{ffaa}, fi maayiinarii 2^{ffaa} dha. iskeeliin Kun iskeelii nuti beeknu, iskeelii pentaatoonikii dooriyaanii Wajjiin wal fakkaatadha.

shegaye: inni kun C-E-F-Ab-Bb dha. isaaniis maayiinarii 3^{ffaa}, meejerii 2^{ffaa}, maayiinarii 3^{ffaa}, meejerii 2^{ffaa}, fi maayiinarii 2^{ffaa} dha. iskeeliin Kunis iskeelii nuti beeknu iskeelii peentaatoonikii firiijiyaani wajjiin wal fakkaatadha.

1.2.2. Muuziqaa Naannoolee Itoophiyaa

Naannoolee Itoophiyaa gara garaa keessattii hordooffiin sagalee adda addaa hojii irra ni oolu.

Kaaba Yookaan Gidduu Galeessa Itoophiyaa

Naannooleen kaabaa fi Gidduu Galeessa biyyaattii dachee bal'aa ta'e uwwiisu. isaaniis Naannoo Oroomoo, Amaaraa, Tigraay fi Kan biiroo illee dabalateeti. Hordooffiin sagalee ijoo ta'an afraan naannoolee kunneenitti hojii irra oolaniiru. Tiigiroonni, Tiziitaa guutuu fi iskeelii pentaatoonikii dooriyaanii hedduumminnaan fayyadamu. Amaroonni ammoo iskeelii Tizziitaa Guutuu fi Walakkaa pentaatoonikii; mizooldiyaani, fi firiijiyaan fayyadamu. Ummannii

Guraagee, hordooffii sagalee Tizziitaa, Battii, fi Anchiihooyyee akkasumas, iskeelii pentaatoonikii dooriyaanii fi firiijiyaan fayyadamu.

Baha Itoophiyaa

Baha Itoophiyaa naannoolee kanneen akka Hararii, Adaroota, Somaalota fi Kootaas tahan hammata. Kutaan baha Itoophiyaa Yemeenii fi Sa'uud Arabiiyyaa Waliin baayyee Walittii dhiiyoo wan ta'aniif dhiibbaan Arabootaa Naannoo kana keessatti hedduuminnaan mul'ata. Sababni kana ta'eef Naannoo kana keessatti iskeelii sadarkaa meejerii sararaa ol'aanaa ta'een fayyadamu. keessattuu ummaata Adaree biratti baay'innaan argama. akkasumas, baha Itoophiyaatti hordooffiin sagalee pentaatoonikii kan baratameedha. Hararoonni iskeelii Tizziitaa guutuu, battii maayinarii, meejarii diiyaatoonikii fi Kan biroollee ni fayyadamu. Iskeeliin baayyee baratame Hararoota: C-Db-Eb-F-Bb dha. Kunis maayinarii 2^{ffaa}, meejeri 2^{ffaa}, maayinarii 2^{ffaa}, maayinarii 2^{ffaa}, maayinarii 3^{ffaa}, fi meejarii 2^{ffaa} dha.

Dabalaataan, Hararoonni iskeelii maayiinarii C madalawaa ta'e Fayyadamu: C-D-EB-F-G-Ab-B dha. isaaniis; meejarii 2^{ffaa}, meejarii 2^{ffaa}, meejarii ^{2ffaa} meejarii 2^{ffaa}, maayiinarii 2^{ffaa}, meejarii 2^{ffaa}, meejarii 2^{ffaa}, maayiinarii 2^{ffaa}, meejarii 2^{ffaa} fi maayiinarii 2^{ffaa} dha. ummanni somaalee fi Adaree iskeelii Tizziitaa guutuu fi pentaatoonikii dooriyaanii baay'innaan fayyadamu.

Kibba Itoophiyaa

kibbi Itoophiyaa ummatootaa Gambeellaa, Kullos, Doorzee, Sidaamaa, Walaayiitaa of keessattii qabata. Naannoowwan kunneen keessatti hordooffiin sagalee beekkama ta'an kan akka, Tizziitaa guutuu, Battii maayiinarii, iskeelii meejarii diiyaatoonikii fi iskeelii maayiinarii fa'aa dha. iskeeloonnii diiyaatoonikii meejarii: - C-D-E-F-G-A-B-C dha. kunis iskeelii meejarii jedhamee beekkama. iskeeliin maayinarii umamaa: C-D-EB-F-G-Ab-Bb-C dha. Kun illee iskeelii maayinarii jedhamee beekkama. Innis gosa maayiinarii iskeelii meejarii **diiyaatonikii** dha. Ogeessoonnii muuziqaa kutaa kibbaa Itoophiyaa iskeelii pentaatoonikii fi diiyaatoonikii sadarkaa ol'aanattii itti fayyadamnu.

Meeshaalee Muuziqaa Itoophiyaa

Akkumaa Galmee seena gara garaa keessaattii ibsametti, dhikkisnii rukuttaan kiiloolee Niigaarita keessaa Bahuu, bara duraatti labsiiwwan barbaachiisoo ta'an gageessuuf fayidaa irraa oola ture. akkasumas Tokkon tokkoon ajajoota hiriiraa irra jiranii ulee haarree irratti hidhamee jiruun Nigaritaa rukuta, dhiiroota hanga 30 ta'aniin durfamanii adeemu. Meeshaalee Aadaa Kan biroon Begena yookiin dibbee Gudda dabalatee, kiraarii abba ribuu baayyee yeroo heeddu Begena (dibbee) Dawiit jedhame beekkama. Farfannaan waldaa kiriistaana keessattii hojii irra kan oolu meeshaan muuziqaa Tsinatseel ykn Sistrum jedhaman ni jiru. Embilta uluullee Guddaa fi Salphaa Kan ta'e wayta kabaja ayyanota gara garaa hojii irra oola.

Muuziqaa aadaa Itoophiyaa, gumaacha sirbitoota beebbekamoo godhan dabalatee, meeshaaleen muuziqaadhanis ni ibsama. Meeshaalee baayyee adda ta'anii fi baal'inaan dhimma itti banu keessaa; Maasiinqoo, Kiraara, Uluullee, Dibbee fi Toom-Toomidha

1.2.3. Ramaddii Meeshaalee Muuziqaa

I. Meeshaalee Muuziqaa Kan Rukuttaa

Naannoolee baddaatti, meeshaaleen aadaa ribuu Maasiinqoo, Kiraara, Kiraara abbaa ribuu ja'aa, Baganaa, Kiraara guddaa abbaa ribuu kudhanii ni fayyadamu. Meeshaalee muuziqaa rukuttaa naannoo kibbaatti argaman keessaa diittaan yookiin kiraara abbaa ribuu shanii ni argamu.

a. Masiinqoo

Masiinqoon kutaalee biyyaattii kan akka Amaaraa, Tigiree fi Oroomoo dabalatee namoonni baayyeen Kan itti gargaaraman meeshaa aadaa abbaa ribuu tokkoodha. maasiinqoon eegee fardaa fi gogaa bineensootaa irraa hojjatama. masiinqoo hojjachuun isa salphaa ta'ee xiyya isaa ribuu masinqoo irra riguudhan meeshaa muuziqaa taphatamuudha. Namoonnii Naannoo baddaa Itoophiyaa jiraatan umrii ijoollummaa isaanirraa eegalanii, keessattuu naannoo kaaba Goondaritti

masiinqoo taphachuu salphaadhumattii baratu.

Masiinqoon akkuma baratame guutummaa itoophiyaa fi Eertiraa keessaatti kan argamu yoo ta'u sirbitoonni yookiin azmaartoonni kan jaallatanidha. Masiinqoon boordota muka xixiqqaa afur ta'aniin erga wal qabatee booda gogaadhan aguugama. Ribuun kunis yeroo baayyee rifeensa fardaa irraa hojjatama.



Fakkii 1.1.6 masiinqo

Akkumaa aadaasanitti, daawwattoonni walaaloo ni kennu, San Boodaa azmaarichii ammoo Irraa deddebbi'ee Jechaa Sana bifa walaaloo fi faaruttii jijjiirun meeshaa isa Waliin sagaleessuu jalqaba. Ogeessoota gurguuddoo Itoophiyaa keessa, bara 1963 kan hundeeffame Okestraa Itoophiyaaf miseensoota garee muuziqaa Aadaa yeroo sana hogganaa kan turaan Artiisti Geetachoo Abbabeen keessatti eeramu.

Miseensaa garee nageenyaa Amerikaa kan ta'an Chaarlis Suutaan namni jedhaman meeshaa muuziqaa kana ajaa'ibsiifachuurraa Kan ka'e garee sanatii makamuudhan masiinqoo taphachuu yeroo Baratan gareen kun beekkamtiin isa dabalaa adeeme. kanumattii fufuudhanis gareen kun kutaawwan Ameeriikaa gara garaa keessa naanna'uudhan muuziqaa Aadaa Itoophiyaa koonseertoota hedduu Irrattii beeksiisuu danda'aniru.

taphaattoonnii muuziqaa dhiibbaa uumuu danda'an kan Akka Artiistii Lagasaa Abdii (afaan oroomoodhan), Adaanee Takkaa, fi Habtemikaa'eel Damissee fa'a dabalate. yeroo dhiyoottii immoo Alamayyoo Faantaa sirboota isaa masiinqoo fayyadamuudhan taphachuu danda'eera.

Masinqoon guutumma Itoophiyaa keessatti hojiirra kan oole meeshaa muuziqaa jaalatamaa kan ta'e, muuziqaa fi Aadaa Itoophiyaa tiyaatiraa keessatti qopheeffaman keessa tokkoodha. Masiinqoon aaddumaatti Naannoo badda biyyaattiti baay'innaan itti gargaaramu. Amaterootaa (namoota huubannoo gahaa hin qabnee) irraa hangaa ogeessootatti, dargaagoota fi ga'eessootaan kan taphatamu, akkasumas mana nyaataa fi dhugaatii gara garaa keessatti meeshaa kana itti ni fayyadamu. Masiinqoon yeroo baayyee namoota harka qalleeyyii fi ogeessoota muuziqaadhan keessattuu bakka "mana buna" jedhamee beekkamuu keessaatti Irraa jireessan taphatama. "Azmaarii" jechii jedhu, " **Zemmarii**" Kan jedhuu afaan Giriik Irraa argame, hiknii isaas "nama faarfatu" jechuudha.

b. Kiraara

Kiraarri ribuu shan kan qabu meeshaa yaadadha. waa'ee kiraaraa ibsuudhaf maqaa Kaasaa Tasamma Osoo Hin kaasiin xumuruun hin danda'amu. Artiistii Kaasaan sirboota jaalalaa kanneen Akka "Faano Faano" fi Shaggituufa hojechuudhan, taphataa kiraaraa beekkama ta'u danda'eera. Asnaaqech Warquu Yeroo Baayyee " Giiftii kiraaraa" (1933-2011) jedhaamuun Kan waamamtu, Akka mallattoo daldaalattii qabdii ture. Asnaaqeech Taatuu haa tatuuyyuu malee, dandeetti saffiisaan hubachuu qabduun dabalataanis taphattuu kiraaraa beekkamtuu ta'u dandeessee jirti.

Kiraarri meeshaa boca boolla fakkaatu kan qabu ribuu tokkoo hanga shaniirraatti hojjatama. Kiraartoonni ammayyaa kan akka gitaara elektirikaa akkuma baratame iskeelii peentaatoonikii waliin koordifooniin sirreeffameedha.

Ribuu Kiraara laaffisuun yookiin jabeessuun sagalee laafaa fi qal'aan akka uumamu ni godha. Wayiita rukutamu ammoo dha'annaa yookiin hollannaa ni uuma. Akkuma masiinqoo kiraarri yeroo baayyee sirboota Jaalalaa fi sirboota biroo sirbiitoota yookiin asmaatota biratti jaallatamummaa qaba.



Fakkii 1.1.7 kiraara

c. Baganaa (Dibbee Guddaa)

Baganaan Itoophiyaa, yeroo baayyee kaayyoo hafuuraaf kan tajaajiilu meeshaa aadaa muuziqaa dha. Meeshaa muuziqaa kana haalan taphaachuun namoonnii jaalatamuummaa guddaa horatan keessaa tokko kan ta'an: Artiistii Alamuu Aagaa fi Alamaayyoo Faantaa waliin ta'uun kiraaraa bifa haawwataa fi miidhagaa ta'een taphachuu danda'aniiru. weedduuwwan hafuuraa sonaan kan dhageeffatan hordooftoonnii amantii kiiristiyaanaa Ortoodooksii Itoophiyaa, yeroo soomaattii waaqeeffanaa yookiin galata waaqayyoof qaban meeshaa muuziqaa kana gargaaramuun sirnicha gaggeeffatu.

Baganaan Israa'eli durii keessaatti wayta mootin saa'ol hirriba dhabee turetti meeshaa muuziqaa daawwit isa gargaaruf itti fayyadameedha. Meeshaan kunis booda keessa minilik 1ffaatin gara itoophiyaa seene.

Baganaan meeshaa muuziqaa namoota ga'eessota jedhameen fudhatama. Akkasumas dhiironnis, dhalaanis lachanuu itti fayyadamu danda'u. Qubni agarsiistun ribuu lakkoofsa 3 fi 4 wayta dhiibdu; qubni warrii hafan ammoo ribuu isa hafe to'atu.



Fakkii 1.1.8 baagena

d. Dibbee Itoophiyaa

Dibbeen Itoophiyaa, lammiilee Itoophiyaa faaruu Aadaa wayta gaggeessan itti fayyadamu. Dibbeen sirbootaa baayyee keessatti miidhaginnaa fi bareedinna muuziqiichaa dabaluuf, akkasumas sammuu keenyaa yaada faarsan san keessa galchuudha. Meeshaa Karaa sirrii ta'een nu deegaruu danda'uudha. Muuziqaa aadaa Eeritiraa fi Suudaan keessatti, dibbeen mataa lama qabu ni fayyadamu. Dibbeen, namnii ogeessa gogaa ta'ee tokko gogaa bineensoota haalan erga irraa luuge booda fixe gogaa sana wal walitti hodhuudhan dibbee Itoophiyaa kana salphumaatti hojjatuu. Dibbeen inni guddaan hordooftotaa amaanta Ortoodoksii birattii, sirna galatoo yookiin qiiddaasee ittin gaggeeffachuuf Kan toluu yoo ta'uu, inni xixiiqqaan ammoo ayyaanotaa amaantan alaa jiraniif olaa.

II. Meeshaalee Muuziqaa Aadaa Hafuuraa

Meeshaaleen kunniin afuufamuun sagalee kan baasan yoo ta'u warroota umrii dheeraa qabaniidha. Meeshaaleen kunniin Itoophiyaa keessatti qofa kan beekamanii fi biyyoota biroo keessattis kan beekaman ni jiru. Meeshaalee kannenis haala sirri ta'een itti fayyadamuun guddina meeshaalee kanaatifis iddoo ol-aanaa qaba.

a. Ululee

Ululleen meeshaa muuziqaa aadaa hedduumminnaan faayidaa irra oolan keessaa isa tokkoodha. Wayta loon tiiksan, akkuma beekkamuu tiiksiitoota Itoophiyaa jedhamanii kan beekkamaniin baay'innaan taphatama. Leemmaana yookiin muka ululleen irraa hojjatamu yeroo baayyee boolla afurii hanga jaha qaba. Yeroo ijoollumaa isaanitti dargaggoonnii Itoophiyaa meeshaa Kana taphachaa wan guddataniif salphaadhumattii oguummaa kana Akka gabbiifataniif karaa isaanif bana. Yoohaanniis Afwaarq miiseensaa garee okestiraa beekkama Itoophiyaa bara 1960 kan ta'anii fi Annimuut Kindee, namoota meeshaa Kana soonaan taphaachuun jaallatamumma ol-aanaa horaachuu danda'aniidha.

Ululleen wantoota kanneen akka leemaan, shambooqqoo, fi shankooraa irra hojjetama. ululleen kunis ogeeyyii muuziqaa dhan Seenaa Afaan biyyaatti ittin dabarsuudhaf itti gargaaramuu. Yeroo Baayyee ululleen qaawwaa Afur qaba, kunis sagaleewwan iskeelii pentaatoonikii salphaadhumattii akka walitti qabuuf isa dandeessisa. Meeshaan Malaakata Fakkatuu, Naannoo tokko tokko keessatti kan argaman, tajaajilaa ululleen kennuu Naannoo kibba biyyaatittii ni kennu.

naaannoo kibbaattii kan argaman ummanii Konsoo fi Kaneen biroo Illee, tapha uluullee Faantaa yookiin Pan Jedhamu taphachuun beekkamu.



Fakkii 1.1.9

b. Toom-Toom

Toom-Toom jedhamee Kan waamamuu gostii aadaa dibbee, kutaa kibbaa dhihaa biyyaatitti keessuumaa naannoo Gambeellaatti itti gargaaramu. Kanbaata, Hadiiyyaa, Geediiyoo, fi kan biraa waliin shubbiisa baha gidduu galeessaa kan yadaachiisu, halluu garagaraa dhan miidhaaganii shubbiisnii gara, kibba biyyaattii kan dhiyaatudha. walumaa galattii, naannoon kun sirbootaa rukuttaa baayyee saffisaa ta'e qabu.

Nuwer, Anyuwak, Maajangiir, Surnaa, fi gosoota Nilootikii kanneen biroo keessatti meeshaan Kun nii tajaajila. Guutummaa kutaa kibbaa Itoophiyaatti hollaannan miila Sibiilaa Kan baratamedha.

Barsiisaa: - barattoonnii keessaan meeshaalee muuziqaa armaan olittii eeraman akka hojjetan taasisa. Meshaalee muuziqaa hojjetanitti gargaaramanii akkaa shaakalan gargaara.

1.2.4. Shubbisa Aadaa

Lammiileen itoopiyaa gara garaa muuziiqaa aadaa fi duudhaa mataa isaanii qabu. akka xinxaltoonni tokko tokko ibsanitti shubbistoonni itoopiyaa hojii isaaniirratti hundaa'un kan qoqqoodaman osoo hin taanee akkaataa aadaa fi dhuunfummaa isaanii irratti hundaa'udhaani. Kanaafuu guutummaa itoopiyaa keessatti sochii shubbisa aadaa ta'e 150 oltu jira. Fakkeenyaaf tigiroonni naannoo kaabaa sochii gateettii fi morma isaanii sochoosuudhaan shubbisaa walitti naannaa'udhaan sirbamu qabu. Gidduu gala biyyaattitti Kan argaman dhalattoonii Amaaraa qaamaa olii fi mormaa sochoosudhaan shubbiisa beekkamu qabu. Oroomoonii Naannoo giddu-galeessa fi kibba Biyyaatti jiraatan gosa shubisaa utaalu fi qaama guutuu sochoosuu qabu.

Guraagoonni immoo kan harka fi miilaa tokkuma. qaama kan gaafatu shubisa akiroobaatii yookiin gagalagalu qabu. Ummattoota Naannoo kibbaa keessaa Walaayitaa, Kambaataa, Sidaamaa, Daawuroo, fi Kan biroo akka guutummaa biyyaatti Jaalala ol-aanaa kan argatee fi baayyee kan nama booji'an shubisa garagaraa qabu. rukuttaan isaanis baayyee saffisaadha.

Iskiistaa jecha Itoophiyaa kan ta'e hiikni isaas "shubbisa gatetti" jechuudha. gosti shubbisa akkasii irra Caalaa kutaa kaabaa Itoophiyaatti baay'innaan kan mul'atuu yoo ta'u, qomoo dhalattoota Amaaraa, Walloo, Goojjam, Goondori fi Shawaa ammallee shubbisa Kanaan beekkamtii guddaa qabu. Akkuma beekkamu shubbisaan filatamaan, sirboota filatamoof ni muudama. shubbisni Iskiistaa shubbistoonni aadaa fi duudhaa hawaasichaa qaama isaa sochoosuudhaan mul'isa. shubbisnii akkasumas muuziqaani fi sirboonnii Itoophiyaa waluma galatti hawaasa biratti akka mallattooti tajaajilu. muuziqaan Aadaa ammallee Itoophiyaa keessattii baay'innaan argama.

magaalota garagaraa keessatti muuziqaan Aadaa, sadarkaa garagaraattuu jiru. garuu magaalota tuuristii jedhaman kanneen akka Bahardaari fi Goondar akkasumas kaaaba biyyaatti keessatti baal'innaan Argamu. Magaalaa Finfinnee keessa Immoo: Yood-Abisiniyaa, Habashaa Zoo fi Fandiikaan bakkeewwan baayyee hawwatoo ta'an keessa tokkodha. Bahardaari fi Goondaritti akkasumas

Goondariin alatti, Infiraanza Nannoo jedhamutti tuuristoonni baayyeen yeroo boqoonna isaanitti muuziqaa Aadaa Itoophiyaa dhaggeeffachuudhan bashaananu. muuziqaan Aadaa Itoophiyaa kan inni gaggeeffamuu shubbisaan sun uffata Aadaa Naannoo sana irratti bu'uureeffachuun Hojii isaa agarsiisa.

Naannoo kaabatti uffannii yeroo baayyee uffatamuu, huccuu jirbii Irraa hojjetameedha. Naannoo kibbaa fi dhiha biyyatitti immoo huccuu gogaa bineensootaa irraa hojjatame uffatu. Shaaman Naannoo ummattoota kaaba biyyatitti Akkuma baratame, jirbii irraa kan hojjatame fi baayyee adii dha. Kuniis irraa jireessaa Amaaraa fi Tigirootaa wanta walitti Isaan fiduudha. Aadaa Oromoo keessatti Immoo sirbitoonni uffata gogaa irra hojjetame fayyadamu, shubbistoonni Dhiiraa immoo rifeensa leencaa Adda isaanirrattii godhachuun uffatu. shubbistoonnii Naannoo kibbaa, uffata boca garagaraatin faayamu. Huucccuwwaan halluu garagaraa uffatu. yeroo baayyee shubbistoonni shamarranii Naannoo mormaa fi harka isaanitti faayoota guutuu ta'een miidhaagani argiina. akkasumas fuula shubbistoota dhiiraa irratti Immoo taattoo ni jira. Akkumaa mataa duree kana xumuraniin barattonni shubbisa aadaa shaakaluun isaan irratti dirqama

Deebii gilgaala 1.2

1.
   - yaadannoo
   - Baatii
   - Ambaasal
   - Intaloo

2. **Intaloo:** C-Db-F-Gb-A-C dha. isaaniis: maayiinarii 2^{ffaa}, meejerii 3^{ffaa}, maayiinarii ^{2ffaa}, meejerii ^{3ffaa} fi maayiinerii 3^{ffaa} dha.
3. Ululee, Toom-Toom

Malleen Baruu Fi Barsiisuu

-Shaakala kutaa /daree barnootaa

-Fakkiiwwan, muuziqaa fi taphachiiftuu suur-sagaleettii fayyaadamu

-Waraqaa, qubeessaa, Cilee, qubeessaa halluu fi meeshaalee naannootti argamanitti faayyadamun boca garagaraa uumuu

- Meeshaalee sagalee/suur -sagalee

-Barreeffamootaa fi meeshaalee naannootti argamanittii

Madaallii

- daawwannaa
-of-ibsuu
-Ibsa garee
- kuusaa ragaa /Portifolio/
- Gaaffii qomaa

Meeshaalee baruu barsiisuu

- ✓ Fakkiiwwan, muuziqaa fi taphachiiftuu suur-sagalee
- ✓ Uffata aadaa
- ✓ Meeshaalee muuziqaan ittin taphatamu

1.3. Fiilmii / Suur-Sagaalee/ fi Ruqoolee Qophii Tiyaatira (Iddoo Agarsiisaa) (Wayitii 6)

Xumura qabiyyee kanaa booda barattoonni: -

- Ruqoole Qophii suur-sagaale ni tarreessu.
- Ruqoole Qophii agarsiisa yookiin tiyaatiraa ni addeessu.
- sadaarkawwan qophiin suur-sagaaleen tokko keessa darbu ni ibsu.
- Qophii fiilmii, sadarkaa fi Iddoo bu'uura Tiyaatira ni addeessu

Deebi gocha 1.3

1. kaamera, ruqaa qindeessuu, ruqaa halluu, ruqaa yoomessaa, ruqaa dibata halluu fi ifaa
2. seenaa barreefamaa, dursa qophii fiilmii, sadarkaa qoophii, suuraa barbachisoo, goolaba warabbii, dhumaa qophii fiilmii

Mata-duree boqonnaa kanaa waliin wal qabsiisee, yemmuu, og-aartii tiyaatiraa fi suur-sagalee (movie, film) barsiiftu, barnoota Og-aartii jechuun Ogummaa Aartii Tiyaatiraa, Fakkii, Ogummaa Saxaxaa fi Bobbocaa kan of keessaa qabu jechuudha. Ogummaan Aartii Tiyaatiraa: Barreessuu, Taphachuu fi qopheessuu waan jedhaman akka dibaabeetti Kan of jalatti tuuteffatu ta'ee baay'ee bal'aa fi ogummaa hojii ilmaan namaa kan calaqqisiisu calaqqee qaroomina duriirraa jalqabee hanga yoonaatti addunyaan itti fayyadamaa jiru ta'uu isaa hamma tokko qalbeeffachuu qabda.

Kaayyoon qajeelcha barsiisaa kanaa akka imaammata barnoota walii galaa Ministeera Barnootaatiin qophaa'e hubattuuf si gargaara. Keessattuu imaammata barnootaa Aartii Tiyaatiraa akka sakattaatuuf si qopheessa. Ergaa fi Ijoo isaa sanada Biiroo Barnootaatiin qophaa'e keessaa argachuu ni dandeessa.

Qajeelchi kun, kan siif qophaa'e, daree seentee barattoota kee barsiisuun dura, akka ogummaa aartiitiin of si'eessitu yookaan of dadammaqsitu kan si deeggaru ta'ee teeknooloojii biyyi keenya irra geessetti fayyadamuun hubannoo aartii Tiyaatiraa fi Fiilmii sakatta'uun sagantaa barsiisummaa ofii keetti fayyadamtee barattoota akka barsiiftuuf saxaxni kun siif qophaa'e.

Akkuma armaan olitti eerame, yemmuu dareetti barsiiftu, bu'aalee yookaan ergaa jabduu fi gooroo (yaada ijoo) akkasumas wanta boqonnaan barnootichaa fuulleffate (learning out comes) dagachuu hin qabdu. Gilgaalota adda addaa fi hoj-maneetti fayyadamuudhaan muuxannoo fi beekumsa barattoonni qabanitti fayyadamuudhaan ciminaa fi hanqina kee madaaluu ni dandeessa.

Kanaafuu, akkuma barnoota daree xumurteen, barrattoota keef hojii manaa kenniif. Mana dubbisa kitaabaa deemanii waa'ee ogummaa aartii (Tiyaatiraa Fiilmii) akka dubbisan jajjabeessi.

Odeeffannoo raga qabatamaa barattoonni kee funaannatan bifa waraqaatiin qopheessanii akka siif gabaasan, dabalataanis akka dareetti dhiyeessan, haala mijeessiif. Qajeelchi kun ulaa fi karaa ittiin hubannoo ati duraan qabduu fi erga qajeelcha kana hubattee booda maaltu akka sirraa eegamu akeektuu waan ta'eef haalaan itti fayyadamuu qabda.

Gara daree seenuu keen dura, bu'alee yookaanimmoo erga boqonnaa kana barsiiftee xumurteen booda barattoonni kee waan irraa fayyadamuu qaban jedhamanii yaadaman (learning out comes) armaan gaditti caqafaman sirnaan hubadhu. Ogummaa Aartii Tiyaatiraa fi Aartii Fillmii sirriitti dubbisi. Tokkoon tokkoon bu'aa yookaan ergaa boqonnaa kanaati jedhaman akkaataa yeroo siif kennameetti fayyadamuun sagantaa (lesson plan) qopheeffadhu. Bu'aaleen boqonnaa kanaas akka armaan gadiitti tarreeffamanii jiru.

a. Barattoonni kee waan sammuu isaaniitti dhufe akka ibsatan jechuun miira, gaddaa, gammachuu, fedhii fi abjuu qaban, akkasumas erga fi hubannoo muuxannoo isaanii karaa ittiin dabarfachuu barbaadan, Aartii Tiyaatiraa fi Aartii Ogummaa Fiilmiitti (suur-sagalee) fayyadamuun akka isaanirraa eegamu, barsiisi. Kunimmoo akka isaan gammachuudhaan si simatan taasisa waan ta'eef akka tooftaatti itti fayyadami. Viidiyoo (suur-sagalee) seenaa fi aadaa biyya keenyaarratti hojjatame baniif. Ergaa suur-sagalichaarraa argatan akka waliif qoodan haala mijeessi.
b. Ogummaa yookaan tooftaa tasa waa uumuu (improvisation)tti kala'uudhaan muudannoo barattoonni kee yookaan ilmaan namaa guyyuu (everyday) guyyuutti isaan muudatu daree keessatti shaakaluun dandeettii waa uumuu fi kalaqa aartii akka gonfatan taasisi. Fkn. Sirna Gadaa keessatti walitti bu'insa yookaan waldhabbii akkamitti furuun

akka danda'amu, seenessiif. Yookaan immoo barattoonni ofuma isaaniif akka shaakalan taasisi. Yemmuu kana gootu, barattoonni kee aartiin Tiyaatiraa fi Aartiin Suur-sagalee (Fiilmii) dhugaa hawaasa keessa jiru gara waljattii baasuun yookaan suur-sagaleedhaan waraabuun daawwattootaaf akka tamsa'u taasisuurra darbee aadaa fi afaan ofii dagaagsuu keessatti gahee inni taphatuu fi shoora isaa gadi fageenyaan akka qoratan barattoota keef kaka'umsa guddaa ta'a. Asirratti, dandeettii tasa waa uumuu (improvisation) hin dagatin.

c. Sababni (improvisation) beekuu, meeshaa ogummaa Aartii Tiyaatiraa akkasumas tooftaa ittiin kalaqni sammuu ilma namaa dagaagu, dabalatees immoo wanti barreeffamaan jiru, yoo irraanfatame, dafanii fala barbaaduun daawwattoota goyyoomsuu, amansiisuun akkamitti akka danda'amu si hubachiisa. Goyyoomsuu yemmuu jennu, namni tokko waltajjiirratti bahee wanti dubbatu yo jalaa bade, akka hin qaanofneef jecha, dafee waa uummata. Kunimmoo qaruutummaa (gamnummaa) nama sanaa waan ta'eef akka isa hubatan hirmaattota sagantichaa too'achuu dandadeessisa jechuudha.

Egaa, barsiisa, atis ogummaa tasa waa uumuu (improvisation) kanattii fayyadamuudhaan daree seentee gaaffii barattoota kee akka quubsaatti deebisuun yoo si dhiba ta'elleen of naasisuu osoo hin ta'in, "isinis dubbisaa. Anis dubbiseen dhufa" jedhiin malee wallaalummaa kee barattoonni sirratti beekuu hin qaban. Beekanis, ofitti amanamummaa kee mirkaneessuufii qabda. Barnoonni dhiyoo gara fagoo; yookaan salpha gara xaxamaatti deema waan ta'eef barataa fi barsiisaanis walirraa barataa deemu malee waanuma ati jettu qofti sirrii akka ta'e barattoota keetti hin agarsiisin.

Jechi "Tiyaatira" jedhu hundeen jechichaa eessa akka ta'ee fi maal jechuu akka ta'e, barattoota kee waliin marii taasisaa. Hubannoo O-aartii ilaalchisee wanta barattoonni kee akka sakatta'aniif barbaaddu argachuuf barnooticha marii barattootaatiin cimsi. Keessattuu, Tiyaatira akka ogummaa fi meeshaa sab-qunnamtii ta'uu isaatti faayidaa maalii akka qabu, irratti xiyyeeffadhu.

Fkn. Og-tiyaatirri yookaan aartiin tiyaatiraa kan kallattiidhaan (live) daawwattootaaf akka wanti yeroo ammaa kana (present time) raawwatamaa jiruutti kan tamsa'uudha. Kana jechuun taatonni (actors, actresses) gocha tiyaatirichaa keessatti hirmaatan yookaan hirmaattonni diraamaa Tiyaatirichaaf barbaachisu dhiyeessanis kallattumaan waljajjiirraa warra yeroo ammaa (present time) raawwicha tamsaasaniidha.

Karaa biraatiin Tiyaatirri akka raadiyoo kan gurraan wanta taatonni raadiyoo keessaa dubbatan dhaggeeffatamu yookaanimmoo soch-fakkii waraabamee viidiyoodhaan yookaan karaa foodda TVtiin daaw'atamu osoo hin taane, iddoo daawwattoonnii fi hirmaattonni tiyaatiricha keessatti gahee qaban waltajjii tiyaatiraaf qophaa'e keessatti argamuudhaan wanta raawwatamaa jiru , ijaan ilaalanii, hubatanii, gurraan dhagahanii, waltajjichas bitaa di mirgaan hubannoo keessa galfatanii akka isaaniif galetti kan ittiin bahaaranii barnoota irraa argatan ta'uu isaa beekuu qabda.

Jechi "Tiyaatira" jedhu, jecha Afaan Giriikii "theatron" jedhurraa kan dhufe yoo ta'u, iddoo kan ibsu ta'ee iddoon kun iddoo gochi tiyaatiraa, raawwiin isaa (performance) itti dhiyaatuudha. Iddoon kun iddoo daawwaannaa, ilaaltii (view), tiif oolu jechuudha. Kana jechuun "theatron" jedhi jedhu kun hundee jecha Afaan Giriikii ta'ee kan iddoo yookaan bakka bu'u ta'ee iddichi yookaan bakkichimmoo kan daawwatamu isa jedhu bakka bu'a.

Akkasumas jechi "theatron" jedhu idddoo taphni tiyaatiraa itti agarsiifamu kan bakka bu'u akkuma jirutti ta'ee, jechi "theaomai," jedhummoo wanta iddoo sanatti raawwatamaa jiru ilaaluu, hubachuu, ijaan arguu, isa jedhu bakka bu'a jechuudha.

Egaa Og-tiyaatirri jechoota kana lamaanirraa kan bocamee ta'ee iddoo tiyaatirri itti qophaa'u (theatre house) namoota qopheessan (directors), ogummaa saxaxaa warra hojjatan (designers) waliin qindaa'uun ogummaa adeemsa mataa isa dan-da'e kan qabu ta'uu isaa hundee jechichaa irraa dhandhamuun ni danda'ama.

Dhandhama yoo jennu, hubannoo isaa sirnaan akka beekuun si fayyadu sitti agarsiisa jechuudha. Daawwattoonni (warri tiyaatira daawwatan) wanti ijaan arganii dhagahan, akkaatuma muuxannoo fi barnoota yookaan umrii isaan qabanirratti kan hundaa'u ta'ee kan raawwatamu ta'uu isaa irra deebi'itii xiinxali.

Tiyaatirri akka og-aartiitti: qindoomina sagalee (sagalee taphattootaa), jechoota isaan dubbatan (dialogues), sochii taphattootaa (movement), saxaxoota mul'atan (fkn. Stage design, ijaarsa waljajjii), saxaxa ifaa, (light design), meeshaalee harkaa fi waltajjii, (satage and hand props), marti walitti qindaa'uun kan uumamuudha.

Daawwattoonnis ogummaalee armaan olitti eeraman kana xiinxaluun qindoomina isaanii waliin ta'anii addunyaa og-aartii tiyaatiraatti bashannanu; akkasumas barnoota guddaa irraa barachuun walitti dhufeenya ilma namaa keessatti akkaataa kamiin waliin walitti dhufuun akka danda'amu muuxannoo jireenyaa irraa argatu. Atis qindoomina ogummaawwanii fi saxaxa Aartii Tiyaatiraa baruu qabda.

Karaa biraatiin barattoonni kee tapha gabaabaa tookko akka dhiyeessaniif erga affeertee booda wanti isaan qopheessan tiyaatira kka ta'e itti himuun hubannoo dimshaashaa akka argatan karaa baniif.

Dabalataanis, og-tiyaatirri qunnamtii guyyaa guyyaan taasifnu /daily communication/ keessatti shoorri inni qabu olaanaadha. Fkn. Barattoonni kee daree fuula duratti bahuun harka akka walfuudhan, jechuun nagaa akka walgaafatan nageenya isaanii keessatti hangafummaa fi quxummaan akka jiru erga madaaltee booda adeemsa walgaafachuu guyyaa guyyaa keessatti maaltu ta'uu akka qabu itti himi. Fkn: walkabajuu, safuu, naamuusaa fi aadaa walgaafannaa biyya keenyaa keessatti ogummaan tiyaatiraa jiraachuu akka qabu barsiisi.

Gama biraatiin taphattoonni yemmuu waltajjiirratti diraamaa tiyatiraa taphatan walitti dhufeenyi isaan qaban kallattumaan daawwattoota waliin yaa ta'u malee al'kallattiidhaan ummata seenaan diraamicha (tiyaatiricha) keessa jiru ilaallatu waliinis akka walitti dhufeenya uumaa jiran barattoota keetiif calaqqisiisi.

Raawwii armaan olii kana keessatti, eenyu, maaltu, eessatti, eenyuun, maaliin, akkamitti gochi tokko raawwatame waan jedhu qorannoo taasisuun dhugaa hawaasa keessa jiru akka madaalan barattoota keef gorsa kenniif.

Egaa ergaa barbaadame tokko dabarsuuf: tamsaasa walduraa duubaa, adeemsa jalqabaa fi itti aanu gordofuun tiyaatirri akka hojjatamu bari. Jechuun: Sagaleen, miirri, yaaduun (thinking, imagination), akka barbachisu barattoonni kee siif hubatan taanaan isaaniif galee jira jechuudha. Kanaafuu waan dandeessi maraan bohaarsisi. Ergaa dabarsuu barbaaddus xiyyeeffadhu.

Akka biyyaalessaatti, yookaan immoo akka galumsa biyya keenyaatti og-tiyaatirri maal fakkaata? Egaa akka guddina biyya keenyaa fi qaroomina biyyattiin yeroo ammaa kana irra jirtuun wal qabsiisee tiyaatirri biyya keenyaa guddate jechuuf kan nama dhibu yoo ta'es jalqabbiin jiru jajjabeessaa ta'uun isaa beekamaadha.

Akka barnoota daree kanaatti wanti ati barattoota kee hubachiisuu qabdu yoo jiraate, jalqabbiin tiyaatira biyya keenyaa yooma akka ta'e kan qorannaa barbaadu t'uu isaa fi maxxansi dhimma kanaan walqabate akka addeessutti raga qabatamaa ibsuudhaaf qorannoo qorannoon ogeessota yookaan hayyoota dhimmichi isaan ilaallatuu jiraachuu akka qabu eeruufii qabda.

Ragaaleen barreeffamaan jiran jalqabbii Tiyaatira biyya keenyaa iddoo kamii fi eenyuun, maaliif, akkamitti, bara isaa, fi maalummaa isaa qabatamaan kana namatti agarsiisan jedhamanii itti walii galuuf kan mamsiisan ta'us, yookaan nama shakkisiisus, barreessitoonni tokko tokkoo fi ragaan jiru akka ibsutti tiyaatirri barreeffaamaan dhiyaate kan jalqabaa "Yaawureewooch Massaaalaqiyaa Koomeediyaa" yookaan "tapha qoosaa bineeldotaa" kan jedhamu yoo ta'u, akka lakkoofsa biyya keenyaatti tilmaamaan bara 1905 kan barreeffame yoo ta'u barreessaan tapha kanaas Bejirioondtaklahawaariyaat Taklamaariyaam jedha. Mana dubbisaa kitaabaatii barreefffama isaa argachuu ni dandeessa.

Gama manneen Tiyaatiraatiin walqabsiifnee yoo ilaallu, biyyi teenya Itoophiyaan manneen Tiyaatiraa kana akka Hager Fikir Theatre, Haile Selassie Theatre (National Theatre of Ethiopia), Addis Ababa City Hall and Ras Theatre kan jedhamanii umrii dheeraa biyyatti keessatti lakkoofsisan akkasumas dhaabbata og-aartii tiyaatiraa jedhamuudhaan akka adda dureetti warreen beekamaniidha.

Asirrattis wanti hubatamuu qabu, manneen Tiyaatiraa akka armaan olitti eeraman yaa ta'an malee kamtu kam akka dursu ragaaleen qabatamaan jiraatanis ammas irratti hojjachuu fi qorachuun akka barbachisu barattoota keef ibsiif.

Yaa ta'u malee mul'anni Tiyaatira biyya keenyaa fi aburraan isa (its invention) bara aangoo mooticha Itoophiyaa, Mootii Haile Sellasie 1st regime ta'e ragaaleen ni mul'isu. Ta'us, Manni Tiyatiraa Hager Fikir Theatre akka lakkoofsa biyya keenyaatti bara 1928 hundeeffamuu isa ragaaleen jira ni eeru. Yeroo sanatti mana Tiyaatiraa kana keessatti waldaana (Association for the love of the Motherland) jedhamu hundeeffamee ture. Waldaan kunis "Hager Fikir Maheber" jedhama. Kaayyoon waldichaa weerara Xaaliyaaniin biyya keenyarratti raawwachaa ture qolachuun akka hundaa'ee ragaaleen jiran ni addeesu. Atis waa'ee hundeeffama mana tiyaatiraa kana barattoota kee waliin daawwachuun hubannoo gahaa iraa argachuu ni dandeessa.

Akka ragaaleen barreeffamaa adda addaa jedhanitti tiyaatirri jalqabaa adda baba'ii mana barnootaa (The first open-air productions took place at Menelik Square,) magaalaa Finfinneetti, jechuun iddoo amma arat kilo jedhamu kanatti akka dhiyaate addeessu. Tiyaatirri mana barnootaas manuma barnootaa kanatti, tilmaamaan bara 1900E.C akka ta'e ragaan ni ibsa. Ergaa kana barattoota keef sirnaan dabarsuuf akka si gargaaru, mana barnootaa Minilik Lammaffaa seenaa isaa qoradhu. Yookaan barattoota keeff hoj-manee kenniitii dhiyeessii (presentation) isaan dhiyeessanirraa hubachuu ni dandeessa.

Erga manni Tiyaatiraa Hager Fikir hundeeffameen booda, ragaaleen barreeffamaan kaa'aman akka ibsanitti, manneen tiyaatiraa biyyattii keessa jiran keessaa manni Tiyaatiraa Biyyaalessaa (the National Theatre of Ethiopia) mana tiyaatiraa isa guddaa fi kan umrii dheeraa qabu yoo ta'u, tilmaamaan akka lakkoofsa biyya keenyaatti ijaarsi isaa xumuramee bara 1948 akka hojiitti galame ragaaleen ni ibsu. Manni Tiyaatiraa kun bara Mooticha Haile Sellasie hundeeffame waan ta'eef (Haile Selassie First Theater) jedhamees ni waammama.

Manni Tiyaatiraa kun yeroo hundeeffama isaatirraa eegalee hanga yoonaatti og- aartii tiyaatiraa dagaagsuu keessa darbee aadaa fi duudhaa biyya keenyaa waltajjiirratti agarsiisuudhaan gahee guddaa taphachuu isaa barattoota keetiif ibsa gahaa laachuu qabda.

Seen-duubee mana Tiyaatiraa biyyaalessaa armaan olitti caqafame kana, akka sirriitti hubattuuf seenaa dhaabbatichaa qorachuudhaan itti fayyadami. Mana dubbisa kitaabaa biyyaalessaa yookaanimmoo maxxansa manni tiyaatirichaa qopheessurraa argachuu ni dandeessa.

Hundeeffama Tiyaatira Biyyaalessaatti booda, bara mootummaa dargii (Dergue Regme) keessa kan akka dame barnoota Tiyaatiraatti kan hundeeffame (The Theater Arts Department of Addis Ababa University) kan jedhamu yoo ta'u, tilmaamaan akka lakkoofsa biyya keenyaatti bara 1970 booda hundeeffame. Yeroo ammaa kana mana barnoota tiyaatiraatti ol guddachuudhaan barattoota ogummaa tiyaatiraa barbaadan ulaagaa Ministeerri barnoota dabarsurratti hundaa'uun barattoota O-aartii tiyaatiraatiin simatee barsiisaa jira. Seen-duubee mana barnoota tiyaatiraa Yuuniversiitii Finfinnee haalaan caqasuu fi hubannoo quubsaa akka argattuuf seen-duubee isaa mana dubbisa kitaabaatii argachuu ni dandeessa.

Walumaa galatti, hubannoo aartii biyya keenyaa barattoonni kee yaada ka'umsaa akka qabaataniif ragaaleen armaan olitti eeraman kun si gargaaru waan ta'eef sirriitti erga dubbiftee booda barattoota kee biraan gahuu qabda. Ragaaleen barnoota Tiyaatira biyya keenyaa kan Afaan Oromootiin qopha'an gahaan waan hin jirreef hanga siif danda'ame raga fi qajeelfama kanatti fayyadamuun shoora sirraa eegamu itti bahi.

Hubannoon og-soch-fakkii, suur-sagalee (movie) maal akka ta'e hubachuu qabda. Gaaffii soch-fakkiin, suur-sagaleen, fiilmiin maalinni? (What is film art as an artistic perception?) Deebisuuf, jechi soch-fakkii maalfaa akka of keessatti qabatu yookaan hammatu beekuu qabda. Fkn. Ogummaan soch-fakkii, suur-sagalee ogummaa suuraa waliin walfakkaata. Kana jechuun kaameeraatti fayyadamuun suuraawwan adda addaa qindoominaan erga kaameeraa keessa galanii booda fakkii sosocho'an nuuf uumu waan ta'eef soch-fakkii, suur-sagalee (movie, cinema,) jedhame. Yookaan (motion picture) isa jedhu bakka bu'a jechuudha.

Gama biraatiin ogummaan aartii fiilmii, soch-fakkii, suur-sagalee, suuraa kaasuu, fakkiiwwan sochiidhaan dhiyeessuu, video waraabuu, fi qindeessuu waliin akka walqabu barattoota keef ibsa gahaa kennuufii qabda.

Ogummaan og-aartii dhiyeessii oomisha tiivii waliinis hidhata qaba. Kana wanti jedhameef, oomishni tiivii sagantaalee fooddaa tiiviitiin qopheessuun dura warraa sagalee fi suuraa akkasumas of keessatti waan hammatuuf, og-aartriin fiilmii yookaan soch-fakkiin qophii Tv fi siniimaa (iddoo fiilmiin itti agarsiifamu) mana fiilmiin itti daawwatamu waliinis hariiroo akka qabu beekuu qabda.

Karaa biraatiin soch-fakkiin, suur-sagaleen, (movie, cinema) yookaan ogummaan soch-fakkii, (film, movie, cinema) bocawwan aartii (art forms) akka bashannaanatti lakka'aamaniidha. Dabalataanis, soch-fakkiin, suur-sagaleen, / movie/, (motion pictures) waraabbii seenaa (kan barreeffama iskiriiptii) meeshaa kaameeratiin waraabuudhaan sochiiwwan fakkii waraabamanii tv dhaaf yookaan immoo mana siniimaatiif dhiyaatan ta'uu isaa xiyyeeffannoo keessa galchuu qabda.

Yoo siif danda'e, kaameeraa fayyadamuudhaan waraabbiin suur-sagalee maal akka ta'e barattoota keef ibsuu qabda. Asirratti wanti ati hubachuu qabdu yoo jiraate, ogummaa soch-fakkii yoo jedhamu, fakkiiwwan socho'an sun qofaa isaanii otoo hin ta'in sagaleen itti dabalamee waraabbii sagalee waliin yommuu qindaa'an suur-sagalee nuuf kennu.

Og-aartiin fiilmii yookaan suur-sagalee (movies) yookaan fakkiiwwan kaameeraadhaan waraabamanii sosocho'an bakka nuuf bu'a. Og-aartiin suur-sagalee akka biyya keenyaattis ta'ee akka addunyaatti, miidiyaa bashannanaa ta'uurra taree diinagdee biyya tokkoo guddisuu, jireenya hawaasummaa calaqqisiisuu fi walitti dhufeenya namoota ogummaa kana keessa jiranii daraan cimsaa jira

Akka biyya keenyaattis hojii gama kanaan hojjatamaa jiru quubsaa ta'uu baatus seenaan fiilmii keessatti barreeffaman, afaan biyya keenyatiin, aadaa uummata biyya keenyarratti xiyyeeffachuudhaan bu'aa biyyi keenya industiri og-aartiirraa argachuu qabdu akka argattu barattoota keetiif yaada dabarsuu qabda.

Barattoonni ati daree keessatti barsiiftus ergaa ijoo armaan olitti caqafame kana baruudhaan ogummaa aartii keessatti dammaqinaan akka hirmaataniif abdii itti horta jedhamee yaadama.

Og-suur-sagalee /movie, film/ akka galumsa biyya keenyaatti maal akka fakkaatu hanga tokko barattoota kee hubachiisuu qabda waan ta'eef odeeffannoo armaan gadii kana haalaan itti fayyadami.

Akkuma armaan dura boqonnaa kana keessatti tuqamuuf yaalame, og-aartiin suur-sagalee (movie, film) addunyaarratti yaa dagaagu malee akka biyya keenyaatti quucaraa yookaan boodatti hafaadha jechuun ni danda'ama.

Sababni isaas ogummaan Kun erga addunyaarrtti babal'atee oolee bubbulus, biyya keenyaaf keessummaa yookaan teeknooloojii haaraa akka ta'e beekuu qabda.

Gama biraatiin Og-aartiin suur-sagalee (film) gara Itoophiyaa kan gale, yookaan kan dhufe, yookaanimmoo hojiirra kan oole, bara Mootii Minilik Lammaa, tilmaamaan naannoo bara 1915 akka ta'e himama. Baruma sana keessa manni siniimaa (mana fiilmiin itti agarsiifamu, cinema house) jedhamu baruma kana keessa akka baname, ragaaleen ni ibsu. Manni siniimaa kunis, Seytan bet (mana sheexanaa) yookaan (the house of Devil jedhamee waamama ture.) Seenaa mana siniimaa kanaatirraa eegalee hanga bara mootummaa Dargiitti manneen siniimaa haaraan baballachaa akka dhufan, seenaarraa hubachuu ni dandeessa. Yeroo ammaa kanas, mana siniimaa hedduutu biyyattii keessa jira. Hubannoo dabalataatiif iddoowwn manneen kun jiran daawwachuun akkasums barreeffamoota manneen siniimaarratti qophaa'an mana dubbisa kitaabaatii argachuu ni dandeessa. Manneen kunis naannoo 20 ol akka ta'an himama.

Dabalataanis oomishni fiilmii biyya keenyatti kan jalqabame, bara mootummaa Haile Sellasie first, Mooticha Hayilasillaasee Tokkoffaa fiilmii mata-dureen isaa "Harvest Three Thousand Years," yookaan waggoota kuma sadiif walitti qabuu yookaan funaanuu jedhu akka dhiyaate, ragooliin barreeffama adda addaa ni ibsu. Sana boodas, fiilmiiwwan akka "Gumaa", "Hirut" fi kkf. Kan ta'an dhiyaatanii turan. Barbaachisaa yoo ta'e, fiilmiiwwan kana barattoota kee waliin ilaaluuni dandeessa.

Hubachiisa: Tokkoon tokkoon qajeelfamoota armaan olitti eeraman kana, akka gilgaalatti itti fayyadami. Ofii keetiifis itti qophaa'iitii barattoonni kee akka hubatan taasisi.

Barnoota boqonnaa kanaa jalatti hubannoo og-aartii waliin walqabsiisee kan barnoota kutaa 7ffaa keessatti caqafame akka ka'umsaatti waan si gargaaruuf armaan olitti gadi fageenyaan siif caqafameera. Kanaafuu, seeraan dubbisiitii itti fayyadami. Barnoota kutaa 8ffaa ilaalchisee kanneen armaan gadii yaadota bu'uuraa ta'uu isaanii bariitii xiyyeeffannoodhaan dubbisi.

Bu'aa barachuu xumura sadarkaa barnoota kutaa saddeettaffaa, xumura sadarkaa kanaatti barattoonni dandeettiiwwan armaan gadii kana boqonnaa kanarraa ni gonfatu jedhamee yaadama.

- ✓ Yaada oomisha tiyaatiraa hubachuu
- ✓ Ruqoolee aartii tiyaatiraa adda baasuu
- ✓ Ruqoolee og-fiilmii qindeessuu fi akkamitti waltajjii irratti akka dhiyeessinu adda baafachu qabna.

Oomisha fiilmii raawwachuu yookaan hojjachuun dura, ogummichi, boca (form) fiilmii fi yaa'insa qabiyyee isaa sirnaan hubachuu barbaada waan ta'eef itti yaaduu qabda. Akkuma armaan dura ibsame, ka'umsa yaada fiilmii akka meeshaa og-aartii ta'e akka hubattuuf siif kaa'amee jira.

Karaa biroo namni fiilmii hojjatu yookaan oomisha fiilmii keessatti hirmaatu tokko yaadota bu'uuraa ogummaa fiilmii f xiyyeeffannoo kennuu akka qabu barattoota kee hubachiisuu qabda. Bal'inaan armaan gaditti siif eeramee jira.

Waa'ee og-fiilmii beekuuf yaadota bu'uuraa sadi'itu jira. Isaanis:

- ➢ Boca/caasaa): Caasaan fiilmii (suur-sagalee, tokkoon tokkoon ruuqota fiilmicha keessa jiran kan of keesssatti qabate ta'ee daawwattoonni fiilmiis ta'ee ogeeyyiin oomisha ogumichaarratti hirmaatan qindoomina ruuqolee barbaachisoorratti beekumsi gahaa akka barbaachisu, barattoota

keef ibsa kenni.

- Ruuqolee suur-sagalee (fiilmii) ilaalchisee, sadarkaalee lamatu jiru:

a) caasaa sadarkaa xiqqaa (microstructure), sadarkaan kun qindoomina fakkiiwwanii (isaan kaameeraadhaan kaafaman), warabbii dhunfaa (individual shots), waraabbii sagalee (sagaleewwan addaan ciccitan), ogummaa sirreessuu (eediitiing), akka ijootti of keessaa qaba. (Qabxii eerame kana hubachiisuuf barattoota kee garee gareedhaan qoodiitii itti fayyadami.)

Karaa biraatiin, qindoominni caasaa xiqqaa fiilmii (suur-sagalee) armaan olitti ibsaman kunneen, fkn. Fakkiiwwan yookaan suuraaleen tokkoon tokkoon isaanii ergaa mataa isaa danda'e dabarsu waan ta'eef haalaan hojjatamee xumuramuu qaba. Kana jechuun waraabbiin dhuunfaa (individual shots) akkaataa barreeffama iskiriiptii sanaatti walsimachuu qaba. Dabalataanis, iddoo teessuma kaameeraa (camera placement), saxaxa ifaa (lighting), leensota qindeessuu, fi sasaxa hojii walii galaa (outlines) akkasumas yeroo waraabbii haga inni fudhatu teessisuu (duration of shots) qinedeessuun murteessaadha. Kanaafuu, qabxiilee eeraman kana hubadhu.

b) Caasaa sadarkaa guddaa (macrostructure) caasaa guddaan og-suur-sagalee yookaan fiilmii jechuun seenessuu (narrative) fi ruuqolee sirna barreeffamaa (elements of stylistic) akkasumas tooftaalee fiilmiin ittiin barreeffamu, sirna barreeffama fiilmii qindeessuu kan ilaallatu ta'ee, qabxiilee of keessatti hammatu duraa duubaan teessisuudha.

1.3.1. Ruqoolee Barbaachisoo Fiilmii (Suur-Sagalee) Og-Fiilmii Dalaguuf Gargaaran

A) Kaameraa: Kaameeran meeshaa fiilmii waraabuf gargaaru ta'ee, waraabbii dhuunfaa akkaataa barbaachisummaa isaanitti waraabuuf meeshaa nu gargaaruudha. Adeemsii kunis kaameraa waraabu jedhama. Kaameraan bifa adda addaatin fakkii (suura) kaasuu ni danda'a. Bifoonni kunneenis akka armaan gaditti tarreeffamani jiru.

a) **Guddisuun Waraabu:** Adeemsa kana keessatti fakkii (suura) fageenya irra jiru fudhachuudhan, amaloota fi seen-duube fiilmiichaa waraabuf itti gargaaramnudha.

b) **Giddu galeessan Waraabu:** Adeemsi kunii fuula, qaamoota fuulan alaa jiraan fi seen- duube hamma ta'e mul'isuuf kan ittii gargaaramnuudha.

c) **Teessumaa Dhiyoora Waraabu**: Waraabbin tokko guddaate akka mul'atuu yeroo barbaannu adeemsa tasifamuudha. Adeemsi kun immoo kan inni fayyaduuf miira fi amaloota q indeessan fiilmii tokkoo, nam-fakkii irraa argachuu barbaadu addaa fi gateettii isaani irraa waraabudhaaf kan ittii gargaaramnuudha. Akkasumas kaameraan kofoota adda addaa qaba. Isaanis: kofa kaamera isa gadi fi kofa kaameraa isa olii

Kofa Kaameraa Isa Gadii: kofti kaameraa kun, ija taphataati gaditti waraabamu qaba. Yeroo kana, ijji asi ol ilaaluu isaa, asi gadi ilaaluu isaa, yookaan immoo wanti waraabame sun kallattii ijaatiin asii olii fi asi gadi ta'uu isaa mirkaneessuun barbaachisaadha.

Kofa Isa Asii Ol: Kaameeraan kee kofti isaa asii ol taanaan wanta barbaadame sana ilaaltuu ijaatiin asii gadi waraabamuu isaa si hubachiisa. Kunis kan agarsiisu yeroo kaameraan ija nama kaameraa kaasuu olittii dhaabatuudha.

d) **Tiraakingittii Faayadamani Kaasu**: Adeemsi kun kan innii gaggeefamu wayita kaameraan gara fulduura fi duubattii akkasuumas bitaa fi mirgaatti daandii isaa kessaa sochoosuudhan waraabbin gaggeefamudha. Dabalataanis fakkiiwwan qulquullinnani fi bocni isaani sirreeffamee akka kaafamuuf kan gargaaruu fokasiin kaameraa ni jira. Kunis kan fayyaduuf fakkiin tokko xiyyeeffannoodhan karaa qulquullinnaa qabuun waraabuf gargaara. Kutaa kana keessatti namni kaameraa kaasuu suurichi haala qulquullinaa fi miidhagina qabuun kaafamuu isaa beekun barbaachisaadha. Kanaan alatti suuran sun qulquullinnaan mul'achuu hin danda'u.

B) Ruqaa Akkaataa Teessumaa Fi Qindoomina Argamaawwan Fiilmii: Adeemsi kun kan innii agarsiisu akkaata fiilmiin tokko ittii qindaa'e fi ulaagaalee ittin sadarkaan isaa kennamuuf kutaa ibsuudha. Ruuqni kun: saxaxa qoophii suursagalee, yoomessa, meeshaalee barbaachisoo, dibata, raawwii gocha taphattootaa fi ifaa waliin qindeessuu, taphattoota filachuu, dibata halluu fi uffata barbaachisoo dabalatee gosawwan warabbii kaameeraa armaan olitti xiyyeeffannoon hojjechuun barbaachisaadha.

C) Ruqaa Qindeessuu: qindeessuu jechuun adeemsa ittin wantoota fiilmii hojjachuudhaf barbaachisan tartiibessuu jechuudha.

D) **Ruqaa Halluu:** gosoota haalluuwwani yeroo fiilmiin hojjatamu filataman.

E) **Ruqaa Yoomessaa**: bakka fi yeroo waraabbin ittii gaaggeffamu filachuu.

F) **Meeshaalee Barbaachisoo**: Kunii immoo meeshaale hoojii warabbii kanaaf oolan jechuudha.

G) **Ruqaa Dibataa Halluu:** kunis yeroo taatoonnii uffaattaa fi hallun of kuulaanidha. Ruqni kun kaameeraatti fayyadamuudhaan halluu isa kamtu agarsiisa suursagaleef barbaachisa waan jedhu xinxala.

H) **Ifaa:** Gosonnii ifaa lamatu jira. Innii tokko ifaa cimaa yoo ta'u innis yeroo waraabbin keenya aduu keessatti ta'e kan fayyadamnuudha. Innii lammaffaan immoo ifaa laafaa jedhama. Yeroo iftii bakka murta'aa ta'e qofatti akka argamuu barbaannudha yookaan wayitaa ifti guutumaan guututtii hin barbaachifneedha.

I) **Ruqa Qabxii Muuziqaa Fi Sagalee Walittii Qindaa'e:** qabxiin muuziiqaa fi sagalee walittii qindaa'e kun qindessaa sagaale fi muuziqaatin kan barreefamuudha.

J) **Ruqaa Marii**: kunii immoo haasawaa taatoota jidduttii taasifamu kan ibsudha.

K) **Ruqaa Seen-Duube:** sagalee seenaa dubbatu kan ibsuudha.

L) **Ruqaa Sagalee**: sagaleewwan tapha ilaalamaa jiru keessatti argaman mul'isa.

M) **Ruqaa Suuraawwan Waraabbaman Sirreessuu:** akkamitti suurri walittii akka itti qindaa'u kan agarsiisudha.

N) **Waraabuu Ariitiin Addaan Kutuu:** kutaan kun yeroo suurrii tokko waraabne booda kan biroon itti eegaludha. Dafanii addaan kutuu fa'a of keessaatti qabata.

O) **Waraabuu Suuta Addan Kutuu**: suursagalichii baayyee akka qalbii nama hawwatu ykn bakka shakkiin ittii bay'aatuttii addaan kutuudha.

P) **Raawwii**: taatoonnii yeroo tapha taphaatan dandeetti fakkeessuu fuula isaani, qaamaa isaani fi sagalee isaani irraa muldhatuudha.

Q) **Sagalee adda addaa:** wantoota viidiyoo keenya keessatti hammataman, kanneen akka taatoonnii taphaaf filatamaan kaameraa durattii dubbaatani fi marii isaan taasisaan of keessaatti qabata.

1.3.2. Sadarkaalee Qophiin Suur-Sagalee Keessa Darbu

Fiilmiin tokko qindaa'ee waltajjii yookiin argii durattii dhiyaachuf sadarkaalee heedduu keessa darba. Sadarkaaleen kunneenis akka armaan gadittii ibsaamaniiru.

A) **Seenaa barreeffamaa**:

Qabxii kana jalatti, seenaa barreeffama filmii akkatti misoomsuun yookaan babal'isuu danda'amu hubatta. Namni tokko seenaa nama biroo yookaan waan argee, dhagahee fi ilaalcha mataa isaatin wanta hawaasa keessaa hubate gara barreeffamaatti jijjiiruu yoo barbaade, duraan dursee yaada argate sana irra deddeebi'ee gabbisuu qaba. Sababnii isaas barreeffama tokko kallattumaan barreessuun dura, itti yaaduu fi xiinxala keessa galchuu barbaachisaadha.

B) Qophii Duraa Filmii

Gama biraatiin, qophiin duraa fiilmii jechuun marsaa yookaan sadarkaa fi gulantaa hojiin suur-sagalee tokko seenaa barreessu irraa eegaluun taasifamu jechuudha. Akkasumas osoo gara waraabbiitti hin galin dura, saxaxa sagantaa barreessuun dhiyeessuu, akkasumas karoora walii galaa waraabbiin dura taasifamuudha.

Dabalataanis, kaameeraa waraabbiif qopheessuun dura yookaan gara waraabbiitti galuun dursa, adeemsawwan raawwatamuu qaban mara of keessatti hammata. Iddoo waraabbiin itti gaggeeffamu qopheessuu, filachuu, namoota waraabbichaaf barbaachisan addaan bafachuun kutaa kana jalatti wan ilaalamudha. Kutaa kana keessatti nama suursagaliicha karoorsaani fi to'atan mindeessuu danda'u.

Dabalataan kutaan kun boqonnaa itti filaanoowwaan qophiin fiilmii itti dhiiphaachaa adeemanidhaa. Qaamoota vidiyoo waraabanii fi fudhaataan waliin qindeessuu akkasumas kallatti qabsiisu ilaalata.

C) Sadarkaa Qophii

Qabxii yookaan marsaa kana jalatti qophii fiilmii jechuun wantoonni armaan olitti caqafaman erga xumuramanii booda, akkasumas iddoo waraabbii (location), sagantaa waraabbii (shooting schedule), bajata qophaa'ee fi hirmaattonnii waraabicha keessatti hirmaatan qophaa'uu isaanii erga mirkanaa'ee booda gara marsaa itti aanuun dhufudha. Asirratti dhimi walitti dhufeenya uumuu tokkon tokkoo ogeeyyii waraabichaa gidduutti uumamu murteessadha. Eenyu, eessatti, maaltuu maal akka raawwatu beekamuu qaba.

Sadarkaa kana jalattii waraabbii guyyaa guyyaadhan hojjatamaan karoorsuun barbaachisaadha. Kaayyoon isaa inni jalqaba, yeroo ka'amee fi baajaata ka'ameen ciminnaan akka xumuramu hordoofuudha, akkasuma si'aayiinna addaan hin cinneen too'aachuu gaafata. Naannoo itti fiilmiin hojjatamuu, kaampanootaa qoopheessani fi raabsiitoota waliin wali galuun wan furtuu ta'eedha.

D) Suuraa Barbaachisoo

Kana jechuun, kameeraan qopheeffanne waraabuuf qophiidha jechuudha. Qabxiin kun yookaan ruuqni fiilmii (suur-sagalee kun) sadarkaa heedduu qaala'insa qabuudha. Kana jechuun, bajanni qophaa'e, taatonni filataman, iddon waraabbii, qopheessaan, ogeeyyiin saxaxa ifaa, ogeeyyiin saxaxa waraabbii sagalee, mindaan hojjattoota hojii kana keessatti hirmaatanii hariiroo fi walitti dhufeenyi isaanii sadarkaa kamirra akka jiru erga adda bahee booda qabxii ka'umsaa kaameeraan keenya waraabuu itti eegaluudha. Waraabichis haaluma sagantaa isaaf saxaxamen raawwata. Kanaaf sadarkaa suura barbaachisoo jedhame beekama.

Dabalataan kutaan kun wayita kaameeraan keenyaa hojii jalqabuudha. Sababa miindaa taatoota, direekterootaa fi hojjatoota biroof kennamuf akkasumas baasiiwwan akka waraabbii, barruuleef bahu irraa kan ka'e boqonnan kun kutaa baayye qaalii ta'eedha. Wantoonni hangaa ammaatti eeraman hundi, kaayyoon isaanii hojii waraabbi viidiyoo hanga danda'ameen karaa itti fufiinsaa fi ga'uumsaa qabuun, fixaan akka bahu gochuudha. Wayita waraabbiin gaggeeffamuu fi fiilmiichii hojjatamu qooda fudhaattoota hundaa giddutti wal-hubannaan barbaachisadha; akkasumas galmee guutuu ta'e qabachuu, yeroo fi baajataa karoorfameen akka xummuramuuf tataafachuu gaafata.

E) Golaba Waraabbii

Ruuqa kana jalatti, sagantaa fi yeroon warraabbii (shooting time) kennameef itti fayyadamuun waraabbiin erga raawwatee booda, sagantichi ni xumrama jechuudha. Akkasuamas raawwiin waraabii seeraan dhumachuu isaa sadarkaa itti mirkaneessinuudha. Walumaagalitti, sagantaa qabanne sanaan raawwiin waraabbii keenyaa xumuramuu isaa kutaa itti mirkaneessinuudha. Sadarkaan kun akkuma waraabbin xummurameen booda hojii hojjatamudha.

Wantoonni hundii haala gariidhaan dhiyeessitootaf deebiisu, akkasumas galmeessi warabbii itti gaggeeffame hundii jiraachu qaba.

F) Dhuma Qophii Fiilmii (suur-sagalee)

Sadarkaan kun erga waraabbin walii galaa fiilmiichaa xummuramee booda kan jalqabamuudha. Garuu yeroo tokko tokko sadarkaalee kan biraa waliin wal irra ooluu ni mala. Irraa jireessi hojii kutaa kana keessatti ta'u inni duraa, fiilmiicha yookiin waraabbiwwan galma'aan gulaaluu, akkasumas viidiyoowwan walittii sassaabu fi sirreessudha. meeshaalee ifa dabalan yookiin bu'aalee argaa, muuziqaa fi dizaayinii sagalee akkatumaa barbaachisummaa isaanitti qindeessudhan hojjechuudha.

Erga fiilmiin tokko dalagamee goolabamee booda rabsamutuu isa irra jiraata. Karaa kanaan qopheessitoonnii qarshii isaanii yeroo itti deebiifatanidha, akkasumas fiilmichii karaa seera qabeessaa ta'een rabsuuf yeroo fi humna hedduu irratti baasi godhu.

Jechoonnii walii galaa hojii fiilmii keessa jiran kan akka: ergaa(dhaamsa), seecha'iinsaa barruu fi caasaa seeneessuu kunneen fiilmii tokko fooyya'aa gochuudhaf, qaama baay'ee barbaachisaadha. Akkasumas dizaayiini argaree, wanta mil'uun seenaa irraatti hojjatamee fi faayidaa suraa fi haalluu barbaachisoo beekuun dirqamadha.

Sinimaatoogiraafii, kaameraan kallaattii gara garaa irraa suuraa yookiin viidiiyyoo fudhaachuu ni danda'uu. Sana booda waraabbichii waraabamee ergaa xummuramee booda adeemsa viidiyoowwan walittii qabutu itti fufa.

1.3.3. Ruqoolee Qophii Tiyaatiraa

Aartiin tiyaatiraa kutaalee inni irrattii hojjatuu, xinxaluu fi madaalu beekuun ni danda'ama. Kanaafuu bakka sadditti qoonnee ilaaluu ni dandeenya. Isaanis:

1. Ruqoolee Barreeffamaa
2. Ruqoolee Teeknikaa
3. Ruqoolee Gochaa

Ruqoolee Barreeffama Tiyaatiraa

Barreessan beekkamaa Giriik, Aristootil, (384-322 BC) akka barreessetti ruqooleen aartii tiyaatiraa 6 akka ta'an ibsa. Isaanis akka armaan gadii kanatti tarreeffamanii jiru.

I. **Seenaa Saxaxa Barreeffamaa**: Saxaxni kun maaltu diraamicha yookaan seenicha keessatti akka raawwatame kan seenessuudha. Akkasumas gocha fi bu'uura seenaa diraamichaa kan addeessuudha.

II. **Yaada walii-galaa, Ergaa Ijoo, Yaada Guduunfaa**: Ruqaa kana jalatti, hiikaa seenaa diraamichaa tiyaatirichaa sadarkaa itti qorachuu dandeenyuudha. Gama biraatiin hiika tapha yookaan gocha diraamichaa agarsiisa. Ergaa yaada walii galaa diraamaa tokkoo yookaan tiyaatiraa, argachuudhaaf jalqabaa hanga dhumaatti, seenaa isaa dubbisuu fi gocha isaa sirnaan daawwachuun barbaachisadha. Gama biroon ergaa walii galaa sana argachuuf ogummaa saxaxa ergaa barreeffamichaa gadi fageenyaan soquu yookaan barbaaduun akka barbaachisu beekuun gaariidha.

III. **Nam-fakkiiwwan**: Namfakkii yoo jennu, seenaa barreeffamee jiru sana keessatti warra gahee mataa isaanii taphatan (role players) bifa maqaa namaatiin fakkeenyaaf Tulluu, jimaa fi k.k.f. ta'uu ni danda'u. Karaa biroo yoo ilaallemmoo nam-fakkiin meeshaa fakeenyaf Muk-tumaa yookaan kan lubbuu hin qabne

Walumaa galatti, nam-fakkiin yaada, nama, bineelda, yookaan waan biroon kan bocamu ta'ee dandeettii waa uumuu barreessaa (playwright) irratti kan hundaa'uu fi nam-fakkiiwwan sun akka seenaa diraamichaa fi gocha isaa gara fuulduraatti tarkaanfachiisaniif kan sasaxamaniidha. Namoota gahee diraamicha keessatti isaanif lafa kaawwame ni raawwatu jedhamanii barreessaa diraamichaatin uumamaniidha.

IV. **Sarara Dubbii (Dialogue):** Kun immoo barreeffama tokkoon tokkoon sarara barreessaan nuuf barreesse, jecha, hima, gaalee fi keeyyata ta'uu ni danda'a. Fkn. Ka'i. taa'i. Akkam bultan, obbo Dirribsaa fi k.k.f. Jechoonni kunneen kan namfakkaattonni sun akka dubbataniif barreessaan barressee kaa'eedha. Diraamaa keessaatti waliin dubbiin haasaa kallattidhan taatoota irraa dhagahamuu fi gochoota diraamaa keessatti hojjatamaniif kan daandii saaquudha. Waliin dubbiin taatoota diraamaa sana keessa jiran, wal wajjiin akka sochoo'an gargaara.

V. **Rukuttaa Muuziqaa**: Yeroo Baayyee muuziqaan diraamaa keessaatti adda baafamee ilaalama. Haala kana keessatti garuu yeroo taatoonnii dubbatanitti rukuttaa sagalee isaanii eegudhaaf gargaara.

VI. **Ruqoolee Saxaxaa Mul'ataa**: Ruqoonni kun rukuttaa dubbii taatoota yommuu jecha isaanii dubbatan itti fayyadamaniidha. Tiyaatira ammayyaa keessaatti warreen armaan olittii ibsaman muraasni jijjiiramaniiru. Garuu tiyaatira ammmayyaa keessaatti qaamoleen barbaachisoo ta'an yeroo tarreeffaman kan akka: taatootaa yookiin nam-fakki, jaar-goochaa, dhaamsaa, waliin dubbii, koonveekshinii (waan uumaama fi qabatama), istaayilii fi dhaggeeffatootadha. Kanaafuu ruqooleen kunneen walitti dhufeenyan akka qindeeffamaan ni taasifama. Warri jalqabaa afran isaaniis: - taatoota, seena saxaxaa barreefama, ergaa fi waliin dubbiin akkumaa duraanitti jiru, garuu kanneen armaan gadii immoo wantootaa barreessaa fi qopheessan diraamaa kaayyoo barbaadan argachuudhaf koonveekshiniin maloota barbaachisoodha jedhanii hubatu. Akkaataa gosoota diraamichaa fakeenyaf kan nama aarsu, gammachiisu, gaddisiisu, dhokataa kan ta'ee, fi seenaa ta'uu isaa agarsiisa.

Daawwatoota: dhaggeeffattoonni, dubbistoota, dhageeffattoota (raadiiyoodhaf), daawwaatota (teeleeviishinidhaaf), walumaa galaattii garee taphicha ilaalan yookiin daawwaataniidha. Og-barruu sana barreessu fi qopheessudhaaf tattaafiin taasifamu hundii dhageeffattoota gammachiisudhaaf waan ta'eef, barreessitoonni fi taatoonni hedduun dhageffattoonnii akka qaama baayyee barbaachisaatti lakkaa'u. Karaa biraatin seenaan Saxaxaa barreeffamaa caasaalee ja'a of jalaa qaba. Isaaniis:

1, Saaxilaa (kaa'umsa): Bakka seenaan saxaxaa barreeffamaa itti eegalu akkasumas bakka taatoo guddiicha jalqaba itti arginuu fi bakka yoomeessi itti ibsamuudha.

2, Taatee qophii jalqabaa: Kallattiidhaan seenaa yookiin diraama hojjatamuuf jedhu waliin wantoota walittii dhufeenya qabanii fi tarkaanfiwwan fudhatameedha.

3, Finiinsa: Iddoo itti waliitti bu'iinsi irra caalattii walxaxaa ta'aa deemudha.

4, Guut-miira: Iddoo dhiphuun itti sadarkaa olaanarra ga'uudha

5, Sigigaa (gad bu'iinsa): iddoo dhiphuun itti hir'achaa deemudha

6, Furmaata: Iddoo itti furmaanii argameedha. Dinomawuntiin jechaa hiikuu (furmaataa keennu) jedhu afaan faraansay irra kan fudhatameedha yoo ta'u bakka itti diraaman raawwatuu yookiin goolabamuudha. Dabalataan ruqoolee og-barruu tokko saaxilan seenaa taatichaa bifa jalqaba, gidduu, fi xumuraa jechuun kan agarsiisu akkasumas kan eenyuu, yoom, eessatti kan jedhu saaxila.

Waldiddaa (waldhabdee): Waldhabdeen humnoota yaadoota yookiin fedhiiwwan walfaallessan gidduutti dhiphinna olaana ta'e uumudhaan qabsoo keessaa fi alaan taasifamuudha. Akkasumas daawwatoota irratti fedhii fi gammachuu ijaarudhaf qaama nu tajaajiluudha.

Afaan Diraamaa: Diraamaa yookaan tiyaatira keessatti akkaataa ittii jechi adda ta'e ibsamu, qulquullina sagalee, mala barreeefamaa irratti bu'uurefachuudhan, amala, gosaa fi oguummaa diraamaa sana keessaa jiru kan muldhisuudha.

Soolilooksi: Meeshaa muuziqadha ta'e, adeemsaa taatoo qophaa isaa waltajjii irra jiruuf akka haasaati kan ittii gargaaramuudha.

Monoolojii: Dubbii Taatoon tokko qophaa isaa ofiin dubbatuudha. Ofiin dubbiin yookaan kopha dubbiin kan taatoon tokko fedhii keessoo isaatti dhagahame akka waan namnii isaa biraa jiruttii ofumatti dubatuudha.

1) Ruqoolee Teeknikaa

Ruqolee kana jalatti qabxiileen armaan gadiiti caqafamaniiru.

1. **Saxaxa ifaa**: Saxaxni kun ifaa gochaawwan diraamichaatif barbaachisu qopheessuu yoo ta'u, ogeessa saxaxaa kan barbaadu ta'ee ruqoolee teeknikaa keessatti ramadama.
2. **Saxaxa ijaarsa waltajjii:** Gama biraatiin, haguuggii, fi wantoota haguuggii waliin walqabatan mara saxaxuu waliin kan deemuudha. Asirratti wanti xiyyeeffannoo barbaadu, wantoonni ruqoolee kana jalatti caqafaman, ergaa fi seenaa diraamichi dabarsu waliin wal qabachuun dirqama ta'a. Saxaxni kun ijaarsa waltajjii kan of keessatti hammatu ta'ee, agarsiisawwan diraamichaa irratti bu'uureffachuudhan waltajjichi maal akka fakkaatu, bifaan, haalluudhaan babbareechuu, wantoota duuba waltajichaarratti dhaabaman, akka baanarii fi barreeffamoota ergaa adda addaa dabarsan, kan seenaa diraamichaatiif gargaaran mara dalaguu yookaan hojjachuu barbaachisa.
3. **Uffata**: Saxaxni kun uffata taatoonni uffatanis ta'ee haali saxaxa mataa isaani, seenaa, seen-duubee diraamichaa fi ulaagaa barbaachisu mara waliin walitti hidhata qabaachuu qaba. Kanaafuu, uffata waan jedhameef qofa osoo hin ta'in, ogeessi saxaxa uffataa seenaa diraamichaa erga dubbisee booda, qopheessaa diraamichaa waliin ta'uudhaan kan qophaa'uudha.
4. **Meeshaalee Barbaachisoo**: Meeshaalee seenaa diraamichaa keessatti, barreessaa diraamichaatiin barreeffaman ta'anii uffata waliin kan deeman, yookaan ergaa, yaada fi miira diraamichaa ibsuu akka danda'anitti qorannoo seenaa diraamichaarratti hundaa'uun kan bocamaniidha. Fkn. Kitaaba, kophee fi k.k.f. ta'uu ni danda'u. Gama birootiin meeshaa waltajjiirratti fayyadamnu fakkeenyaaf kan akka minjaalaa fi kan biroo ta'uu mala.

Meeshaa harkatti qabatamu, kan akka faayoolee gara garaa, qalamaa ta'uu ni danda'a.

5. **Saxaxa Ifaa**: Saxaxni kun saxaxa ogeessi ifaa/ibsaa qopheessu ta'ee, halluu ifaa, waliin kan walitti hidhatu ta'ee seenaa waltajjiirrattii taraa ykn darbaa jiru sana ruqoolee armaan olii waliin walsimsiisuudhaan akka ergaa dabarsuu danda'utti saxaxama.
6. **Saxaxa Dibataa**: Saxaxni kun dibata yookaan halluu fuulaa fi qaamaf barbaachisu saxaxuu fi qopheessuu ta'ee, dibanni sun, seenaa diraamichaa kan jabeessu, addeessu, kan ibsuu fi seenicha waliin akka deemutti kan qophaa'u ta'uu qaba.

3) Ruqoolee Gochaa

Ruqoolee gochaa jalattii, wantoonni caqafaman hedduudha. Ruqnii kun gara caalaatti kan irratti xiyyeeffatu raawwii gocha diraamaa kan waltajjiirratti taatoonni itti fayyadamaniidha. Isaanis kan akkaa fuula fayyadamuu, qaama fayyadamuu, fi sagalee taphattoonni fayyadaman kan of keessaa qabuudha. Sagaleen fayyadamnu, qaamni fayyadamnu yookaan fuulli nuti fayyadamnu, kan nam-fakkii ibsuu fi calaqqisiisu ta'uu qaba.

Raawwii jalattii ruqooleen hedduutu jiru isaan keessaa nam-fakkin isaa tokko. Innis kan ibsuu faayidaa fuula, sagalee fi sochii qaama taatootaa kan agarsiisudha. Kaka'uumsi taatootaa tokko sababoota amala nam-fakkii sana ibsuuf qaama ijoo ta'eedha. Akkasumas xinxaluu danda'uun taatootaa akkaa qaama deebi kennuf barbaachisa ta'e tokkottii aartii diraamaa sanaaf bayyee barbaachisaadha.

Adeemsa akkamiitin ruqoolee kan akka barruu diraamaa, ogummaa fi dandeetti taatuummaan fayyadan qorata. Garaa laafummaan qaama raawwii keessaa isaa tokko ta'ee feedhii nama biraa beekufi waan barbaadu guutuufi of keessati hammata.

Dandeettin raawwachisumaa karaa biraatin, haalaa itti tartiibaa dubbii eegudhaan yaada san dabarsataan of keessatti hammata. Hafuura keenna to'achuu danda'uun keenyaa haasawa keenyaaf humna kenna. Akkasumas somba fi diyaafiramii keenyaa karaa milka'aa fi ga'uumsa qabuun ittii fayyadamu keenya calaqqisiisa. Ruqoolee armaan olii kana cinaatti, adeemsi tiyaatira waltajiidhaf qopheessuu yookaan gocha diraamaa tokkoo daawwattoota biraan gahuu marsaalee gurguddoo sadi kan of keessaa qabu ta'ee, akka armaan gadiitti ibsameera.

A) Marsaa qophii-Duree

Marsaa kana jalatti: seenaa hojjachuun barbaadame, diraamaa filachuu: taphachiisoo, kofalchiisoo fi kkf., iskiriiptii barreessuu, ogeeyyoota saxaxaa qindeessuu, iskiriiptii raabsuu fi hojiilee baajata soquu (barbaaduu) of keessatti kan hammatu ta'ee adeemsa iskiriipticha shaakaluun dura raawwatamu ta'uu isaa hubachuun barbaachisaadha.

B) Marsaa Yeroo Qophii

Marsaan kun marsaa shaakalaa of keessaa qaba. Shaakaloonni kunneen:

1) **Shaakala Dubbisaa**: Kan taphattoonni geengoo uumanii waliin shaakalaniidha.

2) **Shaakala Waltajjii Irraa**: Shaakala waltajjiirratti gaggeeffamu ta'ee, akkaataa taa'umsa waltajjichaatti eessaa fi akkamitti sosocho'anii akka shaakalan kan barsiisuudha.

3) **Shaakala Teeknikaa**: shaakala ifaa, saxaxa sagalee fi dibataa waliin taasifamuudha.

4) **Shaakala Uffataa**: shaakala uffata waliin taasifamuudha.

5) **Dhiyeessuu**: guyyaa itti diraamichi daawwattootaaf dhiyaatuudha.

C) Xumura Dhiyeessa Gocha Diraamichaa

Saxaxaa kana jalatti, wanti eeramu yoo jiraate, taphattoonni erga diraamicha daawwattootaaf dhiyeessanii booda, yaada daawwattootarraa walitti funaanuu dabalatee, hanqinoota jiran sakatta'uu, cimina ofii baruu fi gara fuulduraaf of qopheessuuf yaadota ka'an qindeessuu kan of keessaa qabuudha. Akkaata sagaleen itti sagaalefamu: akkaata taatoon tokko sagalee isaa yookaan ishee fayyadamuun nam-fakkii sanaa ittiin dabarsaniidha.

Infileekshinii: Jechuun jiijiiraama olka'u fi gad bu'uu sagalee jechuudha.

Piroojekshiini: Qaama raawwii keessa isa tokko ta'e akkamitti sagaleen tokko qulquullinnaan daawwattoota bira akka ga'e adeemsa ibsuudha.

Akkaataa (style): akkaataan qaamota raawwi keessa isaa tokko ta'e taatoonni akkamitti gocha ibsaamu barbaadame san waliin wal fakkachuf karaa isaan keessa darbaniidha.

Filannoo jechaa: Qaama raawwii keessa tokko ta'e adeemsa filaannoo jechoota, akkaataa jechoonni ittiin sagaleeffamaan fi qulquullina haasawaa tokko agarsiisuf kan ooludha.

Mallaattoon waliigaluu: Qaama raawwii keessaa isa tokko ta'e sochii mataa, gateetti, irree, harkaa fi miila taatootti fayyaadamuun mallattowwaan fuulaaf hiika keennuf kan ittii gargaaramnuudha.

Raawwii qaama fi sagaale: Adeemsaa qaama fi sagalee taatoon tokko haala fi miira nam- fakkii tokkoo dabarsuuf ruqoole yeroo tiyaatirrii waltajjii irratti hojjatamu hedduuminnaan beekamaniidha. Waluuma galaatti tiyaatirrii hojii baayyee bal'aa ta'e wantoota armaan gadii keessa kan darbuudha.

Isaanis: Hojii tiyaatira dura (taphaa filaachu), yeroo shaakala fi erga hojjaatame xumuuramee (dug-deebi daawwatootaa) keessa darbuudhaan oguummaa horatamudha. Ruuqoolee armaan olittii dabalataan aartiin tiyaatirii waliigalaa ruqoolee kan akkaa taatoota (taatuu), daawwatoota, qopheessaa, barreessa, mana tiyaatira, haala dizaaynii (uffata, meeshaalee, dibata, ifaa, sagalee), barrefamoota gara hojii dhumaatti geessa.

Deebii Gilgaala 1.3

2 Sadarkaan kun erga waraabbin walii galaa fiilmiichaa xummuramee booda kan jalqabamuudha. Garuu yeroo tokko tokko sadarkaalee kan biraa waliin wal irra ooluu ni mala. Irraa jireessi hojii kutaa kana keessatti ta'u inni duraa, fiilmiicha yookiin waraabbiwwan galma'aan gulaluu, akkasumas viidiyoowwan walittii sassaabu fi sirreessudha.

3 Kaameraa, Ruqaa Qindeessuu, Ruqaa Halluu, Ruqaa Yoomessaa, ifaa , ruqaa dibataa halluu,ruqa qabxii muuziqaa fi sagalee walittii qindaa'e, ruqaa marii, ruqaa seen-duube, ruqaa sagalee, waraabuu ruqaa fotoowwan waraabbaman sirreessuu, ariitiin addan kutuu, waraabuu suuta addan kutuu, raawwii fi sagalee adda addaa

3.

- ♠ Ruqoolee Barreeffamaa,
- ♠ Ruqoolee Teeknikaa fi
- ♠ Ruqoolee Gochaa

4. Aartiin tiyaatiraa kutaalee inni irrattii hojjatuu, xinxaluu fi madaalun ni danda'ama.

Malleen baruu fi barsiisuu

- ✓ Ibsa
- ✓ Marii garee
- ✓ Gaaffii fi deebii
- ✓ Shaakala

Madaallii

- ❖ Daawwannaa
- ❖ Of ibsuu
- ❖ Ibsa garee
- ❖ battallee barrefama
- ❖ Gaaffii qomaa fi
- ❖ shaakalu

Meeshalee Baruu Fi Barsiisu

- ❖ kaameraa
- ❖ uffata aadaa ibsu
- ❖ waraqaa

Deebii Gilgaala xumuraa boqonnaa 1

I.

1. Dhugaa
2. Dhugaa
3. Dhugaa
4. Soba
5. Soba
6. Dhugaa
7. Dhugaa

II

1) B
2) C
3) C
4) C
5) D
6) D
7) D
8) D
9) D

III.

1. Saxaxni waan dura hin baratamin yookaan hawwaasa keessa hin turin tokkoo kalaquu yookaan uumuudha. Bu'aan isaaniis karaa gara garaa uumama keessatti arguun ni danda'ama. wantoonni naannoo keenyatti arginu hundi isaani bu'aa saxaxaa waliin waan wal qabataniidha. Saxaxni jireenya guyyuu keenyaa keessatti, kallatti hedduudhan wal qabata. Saxaxni yaada maddiisisuuf, rakiina uumamaanis furmaata warawaa kennuf, hiika gutuu fi karaalee walii galtee ifa ta'e qopheessuuf faayida ol aanaa kan qabudha. Saxaxnii barumsa waa kalaquu(uumu)ti. Sababni, isaas rakkina uumamuuf dursanii deebin irrattii kennamu waan hin jirreef.
2. Bocni qaama wanta kallattii sadii qabu tokko bakka kan bu'uudha. Qaamoonnii daayimeshinii sadii jedhamanis ruqaa kan akka dheerinnaa, dalgee fi olee kan of keessatti qabateedha. Bocni guutumaan guututti wanta ijaan argamuu kan bakka bu'uudha.

Gafiilee 3ffa fi 4ffa baratoonnii daree keessatti gareedhan akka dhiyeessaniif addan isaan qoodii hojjeechisi.

BOQONNAA 2

MIIRAA KALAQAAN IBSUU

Wayitii boqonnaa kana keessatti barataman: (Wayitii 12)

Xumura barnoota boqonnaa kana booda barattoonni:

- ✓ Ergaawwan ijoo, currisa, yaada karaa muuziqaatiin, tiyaatiraa, suur-sagalee fi suuraalee haalaan ni xiinxalu.
- ✓ Nootaalee fayyadamuun mallattoo agarsiisa yeroo ( ) soolfee-jootti garagaramuun ni beeku.
- ✓ Dandeettii qindoomina walaloo muuziqaa barreessuu, Akkees-

Seensa

Kutaan kun, fiilmii yookiin viidiyoo hiikudhaaf, yaadota uumuudhaan, tiyaatiraa fi viidiyoo keessatti, hubannoo kalaqaa ni ibsa. Kutaa 7 keessatti waa'ee hordooffii sagalee yaadannoo fi Baatii barattee jirta. Kutaa kana keessatti Intaloo fi Ambaasal, shubbisa Aadaa, tiyaatiraaf, suur-sagaleedhaf, akkasummas dibiinsa fi maxxansaaf yaadota barreessuun, soolfeejoodhaan Kan hojjetamuu, akka ittii miiran kalaqnii ibsamu baratta.

Boqonnaan Kun kutaa afur qaba. Kutaan Jalqabaa soolfeejoon, Wallisa muuziqaa

Itoophiyaa keessatti dubbata. Kutaan lammaaffa waa'ee shubbisa aadaa dubbata. Kutaan sadaffaan waa'ee qophii tiyaatiraa fi suur-sagaale/viidiyoo/ (Seenaa Sababa kalaquu fi barreessuu akkasumaas, hiikuu) yaadota barbaachisaan dubbata. Kutaan arfaffaan immoo waa'ee maxxaansa hojjechuu fi bobboocuu (hojii suphee fi waraqaa bukeessuu) dubbata. Kanatti ansuudhaan soolfeejoo agarsiisa yeroo 6/8, 2/2, fi 2/4 keessatti akkamitti akka sirbamuu ilaalta.

Qabiyyeewwan Gurguddoo Boqonnichaa

2.1 Wallisa Muuziqaa Itoophiyaa (Intaloo fi Ambaasal) Soolfeejoodhaan (wayitii 3)

2.2 Shubbisa Aadaa (wayitii 4)

2.3 Qophii fiilmii/suur-sagalee/ fi Tiyaatira qopheessuu seenaa gabaabaa barreessuu fi hiikuu. (Wayitii 4)

2.4 Maxxansa Hojjechuu fi Bobboca (Hojii suphee fi waraqaa qopheessuu/paper mache) (wayitii 4)

2.1. Wallisa Muuziqaa Itoophiyaa (Intaloo fi A mbaasal) Soolfeejoodhaan(Wayitii 3)

Xumura qabiyyee kanaa booda barattoonni:

- ✓ agarsiisa yeroo (6/8, 2/2, 2/4) fayyadamuudhaan soolfeejoo karaa gara garaatiin ni ibsu.
- ✓ Wallisa muuziqaa biyya keenyaa (Intaloo fi ambaassal) tti fayyadamuudhaan, yaa'insa sagalee, rukuttaawwanii fi bakka itti aara galfatan ni shaakalu.
- ✓ Akkaataa Dhufaatii Soolfeejoo ni addeessu.

Deebii gocha 2.1

- ✓ **1.**rukuttaa 6/8 keessatti nootaa nuusaa walakkaa keessattii rukkutta jahatu jira jechuudha.


Soolfeejoo: jechi soolfeejoo jedhu sirba gochaan rawwatamuu (sight singing) barsiisuf kan gargaarudha. Faayidaan guddaan inni kenuu keessaa nama isatti fayyadamuuf dandeetii karaalee barumsi ittiin kennamu heeddu of keessa qabachuu isaati. Innis bal'inaan hojii irraa akka oolu kan isaa taasise, namoota isa barachuu barbaadaniif karaale isaan ittin baratuu danda'an heddu waan of jalatti hammateefi. Kana jechuun tokko tokkon iskeelii nootaatiif qubeewwan bakka isaani buusee jira. Akasumas warra gurran dhaga'uu hin dandeenyef mallatto harkaatin akka baratuu danda'an tasiifameera.

Barumsa muuziqaa keessatti soolfeejooti bal'inaan akka ittii fayyadamaan kan taasiise zooltaan koodaalidha. Jarraa 20ffaa keessa zooltaan koodaalii soolfeejoo mallattoo harkaatin bakka buuse jira. Isaanis akka armaan gaditti ibsamaniru.


DO: inni iskeeli nootaa isaa jalqabati. Innis mallatto harkaatin kan agarsiifamu, qubbeen harkaa keeti gara walakka harkaa keetti dachasuudhani.



Re: iskeelii nootaa **Do** olitti argamuudha. Mallatton kun xiqqoo Do irraa ol ka'ee argama.



Mi: inni immoo Re tti aanee sadarkaa tokko ol ka'ee kan argamuudha. Kunis kan inni mulisu xiqqo Re irra ol ka'ee argamuu isaati.



Fa:Mi gara Fa sadarkaa walakka lakka'udhaani. Mallatto harkaa isaa kan Mi diriirsudhan, quba Ab-guddoo gara gaditti akeekun kan agarsiifamuudha. Akkasumas gubbaan harkaa keenya kan sadarka Mi irraa ol ka'ee argamaa.






So (sol): inni iskeelii sadarkaa 5ffaa irraa jiruudha. Iskeeli sadarkaa "Fa "irraa tokko ol ka'ee argaama. Yeroo kana haalli taa'umsa harkaa keenyaa sadarkaa areeda kennatin taa'u qaba.

La: Inni kun immoo "So" irraa sadarkaa tokko ol ka'ee argama. Inni kun mallattoo harkaan agarsifamu keessa isa guddaadha. Innis ka agarsiifamu qubbeen harkaa hundaa gara gaditti qabuun fi akkasuma qubaa sadden quba agarsistu jalaatti tarreessuni.

Wanti guddan as irratti barbaachisu, gubbaan harkaa kenyaa mallattolee kan biroo irraa wantii adda isaa godhuu garaa gaditti dacha'u kan jalqabuu walakka harkaa kenyaa irratti.



Ti: sadarkaa tokko "La" irraa ol ka'ee argama. Innis iskeeli sadarkaa 7ffaa dha. Kunis haaluma salphaan yeroo akeeki agarsiifnuun wal fakkata. Yeroo kana teessumni harkaa kenyaa kallatti ijaa kenyaa dura ta'uu qaba.





Fakkii 2.1 Siidaa Zooltaan Koodalii

Qabiyyeewwan muuziqaa keessatti barbaachisaan

a) Rukuttaa

Yaainsa sagalee haala olkainsaa fi gad buinsaa sagalee noota waliin rukuttaa isaa eegani taphachudha.

Bal'inaa Rukuttaa: - intarvaali yaa'insaa sagalee kan agarsiisu sagalee namoonni ittin sirbaniidha. Isaanis akka armaan gadiitti kaa'amaniiru.


Soopraanoo: Sagalee olka'aa dubartoota

Aaltoo: - Sagalee gad bu'aa dubartoota

Teenor: Sagalee olka'aa dhiiraa.


Beezii: - Sagalee gad bu'aa dhiiraa.

b) Istaafi Muuziqaa



Fakkii 2.18 istaafi


Muuziqaan, Istaafi muuziqaa irrattii barraya. Istaafin sarara shani fi iddoo duwwaa afur irraa ijaarame. Istaafin walittii dabalamee yoo kaayamee yookaan baayinni istaafi Isteevi jedhama. Isteeviin yeroo hundaa hammatuun walitti qabsiifama.




Fakkii 2.1.9 Istaafi

Sarara fi Iddoo duwwaa

Nootaan sarara fi iddoo duwwaa irratti barrayuu dandaa. Nootaan sarara irratti baarrayu walakka sarara irraa taa'u qaba. Nootaan iddoo duwwaa irratti barraa'u sarara lamaan jidduu taa'u qaba.



Fakkii 2.1.10 Nootaa sarara irratti barrauu



Fakkii 2.1.11 Nootaa iddoo duwwaa irrattii

Yeroo nootaa harkaa keenyaan istaafi irratti barreesinu, nootaa walqixaa sarara irra taa'u isaa sirriti of egannoon barreessu qabna. Yoo walqixaa sarara irratti hin barrefamin nootan hiika hin qabu. Bifaa Kanaan barreefamu hin qabu. Nootaan armaan gadii sarara akkasuma iddoo duwwaa irratti hin barroofne, kaanafu hiika hin qabu.




Fakki 2.1.12 adeemsa barreeffama nootaawanii

Sararoota leejeri


Sararoonni leejarii isataafi noota balisuuf kan gargaaraniidha. Sararri leejerii gubbaa isaafi fi gara jalatti istaafitti kaa'amu ni danada'a. innis yeeroo kayaamu addan fageenya istaafin sun qabuun wal qixaa tau qaba. Hamma nuu barbachisuun alatti gonkuuma sarara leejeri bal'isuun hin barbaachisu.

Yeroo nootaan garaa gubatti dabalee barreefamu sagaleen olguddacha deemu agarsiisa. Yeroo nootaan gara jalatti dabalee barrefamu gad xiqaacha deemu isaa agersiisa.



fakkii 2.1.13 leejerii


Haalaa Kanaan yoo barraa'e sirridha.



Bifaa Kanaan barrayyuu hin qabu.

Qubewwan Muuziqaa

Qubeewwan muuziqaa isaan kana A B C D E F G dha. Qubeewwaan kunneen sarara fi iddoo duwwaa istaafi irratti haala sirri ta'een barreefamu. Taratiiba qubeewwanitiin gara duraa yoo deemnu sagaleen ol ka'aa deema.



Fakkii 2.1.14 qubeewwan muuziqa istaafa irratti

2.1.1 Mallattoo Agarsiisa Yeroo Muuziqaa Keessatti Ibsuu.

Gochaa 2.1: waa'ee agarsiisa yeroo barattoonni daree keessatti akka waliin marii'ataniif jajjaabessi.

Agarsiistun yeroo muuziqaa biyyoota lixaa keessatti nootaawwan muuziqaa safartuu tokko tokkoo keessatti rukuttaan hagam akka jiru fi nootaa isa kamiif rukuttaan tokko kenname kan jedhuu ibsuudhaf kan ooludha. Muuziqaa keessatti mallattoo safartuu agarsiisuuf fayyadu, yeroo baayyee bifa firaakshiinidhaan barreeffama. Lakkoofsii inni jalaa gosa nootaa agarsiisuf kan oolu yoo ta'uu, inni olii immoo rukuttaan meeqa safartuu sana keessa akka jiru agarsiisa.

Agarsiistun yeroo yookiin safartuun yeroo, saxaxa irra deddeebii rukuttaa cimaa fi laafaa akka ta'etti hiikamuu danda'a. Yeroon saxaxa irra deddeebii kunis, safartuu yookiin agarsiistuu yerootiin, wayita jalqaba saxaxni kun walitti makamu adda baafnee baranna. Fakkeenyaf, 6/8 jechuun tokkon tokkoo safartuu noota saddeettaffaa rukuttaa jaha qaba jechuudha, 4/4: tokkon tokkoo safartuu noota arfaffaa rukuttaa afur qaba jechuudha.

Kutaan kun sadarkaa yeroo keessatti, akkamitti mallattoon qubee muuziqaa akka itti hordofamu yookiin dubbifamu si barsiisuudhaf kan kaayyeffateedha. Dubbisni sadarkaa maloota nootaawwan muuziqaa dhuunfaa dhuunfadhaan hiikuu of keessatti qabatan ibsa. Ogeessi ogummaa muuziqaadan leenji'e tokko sadarkaa dubbisaa sirrii ta'eetti guddachuu qaba.

Nootaawwan hiikuudhaaf, osoo Addaan hin kutiin dubbisuu danda'u qaba. Akkasumas, hiika mallattoolee qube muuziqaa bifa salphaadhan yaadachuu danda'u fi haaluma kanaan meeshaa muuziqaa taphachuu fi qindeessuu danda'uttii guddachuun barbaachisaadha.

Agarsiistun yeroo wantoota ijoo lama agarsiisuu qabu: inni jalqaba yeroo turtii baarii (safartuu) (lakkoofsa rukuttaa baarii keessaa jiru) fi inni lammataa yeroo turtii tokko tokkoo rukuttaa. Agarsiistuun yeroo wantoota armaan gadii fakkachuu danda'a.;

Mallattoo Agarsiisa Yeroo6/8	
6	Safartuu tokkottii rukutta 6 jechuudha
8	Tokkon tokkoo rukuttaa kessaatti nootaa 8ttu jira jechuudha.

Chaartii 2.1.1. Agarsiisa Yeroo nootaa saddeettaffaa rukuttaa jaha Saddeet

Lakkoofsi inni gara jalaa jiru, yeroo turtii yookiin gatii rukuttaa kan bakka bu'uu ta'uu isa beekuun barbaachisaadha. Kana jechuun, nootaan ati akka rukuttaati fayyadamuuf filatte, deebi'ee gatii nootaa gabatee armaan duratti ibsame keessaa tokko ta'a. Kiroocheetin gatii rukuttaa (beat value) baayyee beekamaa ta'eedha. Ku'aaveerii fi miinimiin ammo gatii rukuttaa beekamoo wal duraa duuban itti aananiidha.

Lakkoofsa isaa jalaa	Maqaa isaa Afaan Ingiliizitin	Gatii Rukuttaa (Beat Value)
2	Miinimii	
4	Kiirocheetii	
8	Ku'aaveerii	
16	Walakkaa Ku'aaveerii	

Chaartii 2.1.2 Maqaa Fi Gatii Rukuttaa

Lakkoofsii inni gubbaa irra jiru safara rukuttaa barbaadeetti fayyadamuudhaf akkaatuma filannoo keetin baay'ina kamiiyyuu ta'uu danda'a. Akkuma beekamu agarsiistun yeroo kan bu'aan isaanii dhageettii gurraatti hiika hin qabne ni jiru. Yeroo kamiyyuu gama ogummaadhan yoo ilaallu, agarsiistuu yeroo barbaanne filannee ittiin dhimma bahu ni dandeenya: garuu safartuun rukuttaa hiika quubsa kennu hin danda'an. Gabateen armaan gadii hiika safartuu rukuttaa yeroo, lakkoofsa guutuu dubbisnuu sitti agarsiisa.

2 2	Safartuu tokkotti rukuttaa miniimi lama, Qaama durii keessatti wan baratameedha, garuu muuziqaa ammayyaa keessatti bay'inaan beekama miti.

Chaartii 2.1.3. Agarsiistuu Yeroo Lakkoofsa Guutuu

Qajeelfamni agersiistu yeroo chaartii armaan olii keessati ibsaame kuni agarsuustuwwan yeroo kan biroof illee halumaa wal fakkatun hojjeta. Agarsiistu yeroo 2/2, 4/4, fi 6/8 keessatti gaati tokko tokkoo fi gamtaadhan qaban akka armaan gaditti ilaalu ni dandeessa.

Yeroo	Gatii tokko tokkoo isaanii	Gatii gurmuudhan
4/4		
2/2		
6/8		

Chaartii 2.1.4. Fakkeenyoota Kartaa Agarsiistuu Yeroo


Akkaataa Dhufaatii Soolfeejoo

Soolfeejoo kan inni jalqabe waggoota kuma tokkoon asitti. Lammii Itaalii nama Giidoo Di'aareez molooksee tokko Lattiiniidhan "**Uut Kiiwiinti Laaksiis**" keessattii tokko tokkoo jalqabni gaalee, Kan inni jalqabu tokkon tokkoo iskeelii walitti aananii jiran irraa akka ta'e hubatan. Yaa'insa sagalee jalqabaa tokko tokko gaalee irratti hunda'udhaan, iskeelii abba nootaa ja'a asii ol adeemu qopheessaniiru. Dhuma irratti jechaamnii jalqaba "Ut" gara "doo" jijjiirameera. Namnii tokko bakka maqoolee nootaa, jechama yookiin qubeewwan kunneen fayyadamuun faaruu isa faarfachuu ni danda'a.

Piiyaanoo yookiin Kiiboordiidhaan shaakalii.

Doo-Ree-Mee-Faa-Sool-Laa-sii-Doo wayita faarfattuu, furtuu C keessatti iskeelii meejarii taphachu. Iskeelii asii olii fi gaafii faarfadhu. Altakka iskeelicha mataa keen (gargaarsa meeshaa muuziqaa malee) waliin faarfachuu erga dandeessee booda, sochii karaa sadarkaa sadarkaadhan, naannoo iskeelii socho'uu yaali. Fakkeenyaf,**Doo-Ree-Doo-Ree-Mii-Faa-Sool-Faa-Mii-Faa-Sool-Laa-Tii-Laa-Tii-Doo** f.k.k.f.

Karaa kanaan saffiisaa mataa keettiin, gilgaaloota shaakaluu ni dandeessa. Jalqaba irratti suuta jettee akka ati deemtu sii gaafachuu mala, kunis gaariidha.




Fakkii 2.1.5. Iskeelii Diiyaatooniikii Furtuu C Piiyaanoo Fookiin Kiiboordii Irratti

Furtuu (clef): Rukkutta nootaawan barreeffamanii agarsiisudhaf kan oolu mallaattoo muuziqaadha. Jalqaba tuuta sararoota walmaddii shaanan muuziqaa irrattii maqaa fi rukkutta nootaawanii sarariicha irrattii agarsiisuuf oola.

Furtuu tireebiil: Yeroo muuziqaa barreessiinu, nootaawwan sarara walmaddii shanan muuziqaa (stave) walakkaa furtuu Ctti oolitti jirachuu isaanii mallaattoo agarsiisudha.

Stafii (Staff): Sarara dalgaa walmadii shanan, furtuu wajjiin ta'uudha, rukkutta nootaawwan muuziqaaa agarsiisuuf kan gargaarudha.

Furtuun tireebiil soolfeejoo dhan yeroo ibsamu, sararii inni jala jiru, nootaa G dhan bakka bu'a.




Fakkii 2.1.6 Furtuu Tireebiilidhan Soolfeejoo Dhan Yeroo Ibsamu.

Nootaawan olka'oo sagalee fi meeshaa milkeessuu danda'aniin dhan taphatamee tokko argachuu mallaattoo sararaa muuziqaa irraatti barreeffamu

Amma qubeewwan muuziqaa keessatti nootaawwan torba ta'anitu jira. Isaaniis A, B, C, D, E, F, fi G dha. Akkumaa gubbaa irraa jiruun naannoo nootaa G, dura duubaan Yoo Isaan keenye, kanneen armaan gadii arganna.

Sagalee fi meeshaadhan nootaawwan weelliifaman yookiin taphataman agarsiisudhaf mallaattoo sarara muuziqaa irrattii kawwaamudha. Faakeenyaaf tireebiil kiliifiin mallaattoo muuziqa, muuziqaa piyanoo irrattii kan kawwaamu yoo ta'ee, nootaawwan kuneen dirqama harkaa mirgaa nama piyaanoo taphaatuun taphatamuu qabu.




Fakkii 2.1.7. Qubeewwan Muuziqaa

Paatarnii rukuttaa

Akkaatan rukuttan gara sagaleetii qoqqoodamu patarnii rukutta jedhama.

Paatarniin rukuttaa jechan yookan qubee jechaan bakka bu'aama.



Fakkii 2.1.8 maqaa mi'aa (Pitch) fi lakkofsa


6/8 akkamitti akka lakka'amu

barii 6/8 keessatti karaa lamaan lakka'u ni dandeenya. Yeroo 6/8 lakkoofnu itti cinqamuu hin qabnu haluuma salphaan lakkaa'u dandeenya.

Innis akka armaan gadiitti karaale lamaan lakkaa'u ni dandeenya.


- 6 rukuttaa nootaa jaha saddetaffa: 1,2,3,4,5,6 or
- 2 rukuttaa nootaa tuqaa lama afrafaa: 1… 2…

6/8 nootaa jaha sadeetaffaa jedhama




Fakkii 2.1.9

6/8 Rukuttaa nootaa nuusa tuqaa lama



2/2 yeroo

Inni kun A “C” jedhaama, sarara dhabbata allaa biireevi innis 2/2 mallattoo agarsiiftuu yeroo.



Fakkii2.1.11 allaa biireevi

Mallattoo yeroo abbaa 2/2 baarii tokkoo keessa nootaa walakkaa lamatuu jiraa jechuudha. Akkasumas nootaawwan kunneen baarii keessatti rukuttaa tokko tokko qabatuu jechuudha.

Rukuttaan jalqaaba rukuttaa ciima yoo argatu, rukuttan lammaffa immoo laafaa



Safartuu yeroo “2/4” keessatti, Tokkoo tokkoo nootaa nuusaa keessa rukuttaa lamatuu jira jechuudha.


Safartuu dachaa (double meter) yeroo rukuttaan goostii lama baarii tokkoo keessattii qindaa'udha.



2.1.2 Iskeeloota Peentaatooniikii Itoophiyaa Yookiin Hordooffii Sagalee Intaloo fi Ambaasal

Shaakala-1 Iskeelootaa Ambaasal armaan gadii sirritti taphadhu.

Yaa'insa Sagalee Iskeelii Ambaasal Keessattii



Iskeelii Biyya Keenyaa Hordooffii Sagalee Intaloo Faaruu



Deebii Gilgaala 2.1

I

1. Rukutta 6 abbaa nootaa 8
2. Rukutta 4 abba nootaa 4
3. Rukutta 2 abba noota 4

II

1. F clef: G, A, B, C, D, E, F, G, A
2. G clef: E, F, G, A, B, C, D, E, F

Malleen baruu fi barsiisuu

- ✓ Ibsa
- ✓ Marii garee
- ✓ Gaaffii fi deebii
- ✓ Shaakala

Meeshaalee barnoota gargaaran

- ❖ Meeshaalee sagalee/suur-sagalee/,
- ❖ rukuttaa qaamaa, yookan meeshaalee rukuttaan ittin shaakalamu
- ❖ gabatee yookaan chaarti noota agarsiisu…

Madaallii

- ❖ daawwannaa
- ❖ Shakala of-ibsuu
- ❖ Ibsa garee
- ❖ kuusaa ragaa /Portifolio

2.2. Shubbisa Aadaa (Wayitii 3)

Deebi gocha 2.2

1.Shubbisa Shawaa fi Hararge

Xumura Qabiyyee Kanan Booda barattoonni:

- Shubbisa aadaa ni ibsu
- Akkaataa shubbisa aadaa ittii shubbifamu ni agarsiisu
- Uffata yeroo shubbisa aadaa uffatamu addaan tarreessu.

Shubbisnii fi muuziqaan Itoophiyaa keessattii jabeessaanii wantoota baayyee walittii qabsiifamaniidha. Naannoo biyyoota dhihaatti, akka inni waantoota gara garaa lama ta'etti yaadu, garuu biyyaa keenyaa keessattii lamaan isaanii tokkodha. kanaafuu Shubbisni agarsiistuu aadaa fi duudhaa kan yeroo darbee fi ammaa addeessuf gargaara.

Tokkon tokkoo shubbisnii aadaa Itoophiyaa adda kan ta'e sochii qaamaa fi sadarkaa qabu. Akkasumas, akaakuu uffataa gara garaa ni fayyadamu. Gareen saboota tokko tokkoo, yeroo shubbisaan akkaata itti isaan qaama isaanii isa olii kan fayyadaman yoo ta'u, gosoonnii shubbisa kan biro ammo qaama isaanii isa gadii hirmaachisuudhan shubbisu. Fakkeenyaaf raganni gosa shubbisa qaamaa olii fayyadamuun gageeffamuu yoo ta'u, sochii gateettii hedduu kan hirmaachisuudha.

Shaakala 1: Shubbisni aadaa ummata Oromoo mataa naannessuu fi michiiruudhan beekamu, keessattuu Oromoonni Shaawaa, Arsii, Baalee, Wallagga, f.k.k.f

Oromiyaa: shubbisni naannoo Oromiyaa bakkaa bakkatti gara garummaa qabu. Shubbisnii Oromoo Shawaa fi Oromoo Haraarii gosoota shubbisa baayyee beekamoo ta'aniidha. Keessattuu Oromoo Shawaan aadaa uffataa adda ta'e qabu. Dubartoonii isaanii callee garagaraadhan kan faayaman huuccuu gogaa irra hojjatame uffatu. Dhiironni immoo mataa isaanii irratti wanta rifeensa leenca irra hojjetame godhatanii, ulee immoo harkattii qabachuun sirbu. Shubbisa kana keessattii wantii baayyee nama dinqiisisuu, sochii baayyee saffisaa dubartoonnii godhaniidha. Altakka erga ilaaltee, shubbisa kana yoomiyyuu hin dagattu.



Fakkii 2.2.1 Shubbisa Aadaa Oromoo

Muuziqaan amaariiffaa baayyee muuziqaa jaalatamaadha. Afaan amaariffaan kan sirbamaan yeroo baayyee akka muuziqaa Itoophiyaattii lakkaa'amuu. Kiristaanootaa, musliimootan, fi uummata yiihuudotaan kan uumaman muuziqaan amantii illee akkasuma ni jiru.







Fakkii 2.2.2 Ragada Hojjechuu

Ragannii hirmachiisa kan ta'e shubbisa aadaa ummataati. Ragada hojjechuudhaf, ragada shubbisuudhan, gateettii kee sirritti sochoosuu danda'u qabda.

Raganni dhiirani fi dubartootan kan hojjetamu, shubbisa aadaa Itoophiyaa dha. shubbisichii sochii gateettii jabaata ta'e irratti xiiyyeeffannoo addaa kennuun beekama. gateettii ofi naanneessuu fi darbachuu akkasumas laphee kee sochoosudhaan addatti beekama.

Shaakala 3 Sochii shubbisa aadaa walaayittaa tokko fudhachuun agarsiisaa.

Walaayittaan- ummata kibba Itoophiyaa jiraatan keessuuma sochii shubbisa mudhiidhan beekamu. Shubbistoota kanneen akka Amaaraa kutaa kaaba biyyaa keenyaa waliin waliin yeroo madaalamuu caalmaatti qamaa olii (fakkeenyaaf morma, gateettii fi laphee yookiin qooma) kan barbaaduu yoo ta'e, naamoonni dabalatan gara kibba Itoophiyaa ni deemu. sochiin qaama gadii caalmattii cimaa adeema.



Fakkii 2.2.3 Shubbisa Aadaa Walaayittaa.

Deebii gilgaala 2.2

1. Warreen dubartoota uffata iddoo lamatti qoodamee sararaan muramee kan bareechametti fayyadamu. Akkasuuma warrii dhiira googaa bineensoota akka leenca dhiira mataa isaani irra kawwatani ulee harkattii qabaatani shubbisu.
2. Warreen dubartoota mataa isaani fi morma isaani daddaffiin raasuuni fi micciirudhaani.
3. Shubbisni aadaadha, shubbisni gosa afaanidha, yeroo baayyee bashaannanaaf, agarsiistuu aadaa kan yeroo darbee fi ammaadha.

Malleen baruu fi barsiisuu

- ✓ Ibsa
- ✓ Marii garee
- ✓ Gaaffii fi deebii
- ✓ Shaakala

Meeshaalee baruubarsiisuu

- ✓ Meeshaalee muuziqaa Aadaa naannootti argaman
- ✓ uffata/custome/ fi qabannaawwan (props)

Madaallii

- ❖ daawwannaa
- ❖ Shaakala of-ibsuu
- ❖ Ibsa garee
- ❖ kuusaa ragaa /Portifolio

2.3. Qophii Tiiyaatiiraa fi Suur-Sagalee (Viidiyoo) Yookiin Yadaa Kalaaquu fi Barressu Akkasumas Hiiku (wayitii 3)

Xumura qabiyyee kana:

- ✓ Karaa tiyaatiiran akka ittii yaada kalaquun danda'amuu ni shaakalu.
- ✓ Barruu diiraama barreessuuf tarkaanfiiwwan barbachiisoo ni ibsu.
- ✓ Ruqoolee wixinee diraamaa barreessuf barbaachiisaan ni addeessu.

Deebii gocha 2.3

1. Barruu baarreessuun duraa, sirrumaa caasaa taphiicha fi qamootaa akkamii seenaa san keessattii hammatamuu akka qabu hubachuun gaaridha.

2.

- ✓ Kakauumsa taphaa qabaachu
- ✓ Ergaa taphichaa filachuu
- ✓ Akaaku barruu addaa baafachu
- ✓ Dagaagina taato
- ✓ Jargochaa kalaquu

Yeroo barruun taphaa barra'uu, yoomeessaa, waliin dubbii, fi gochaa guutuumma taphiicha keessattii raawwataman, barreessaan hammachuu qaba. Barruun akkasii, yoomeessa waltajjii, kanneen akka uffataa waltaajjii duuban rarraaffamuu ibsa. Akkasumas, meeshaalee muuziqaa barbaachisoo yoomii fi akkamittii, maaltu akka dubbatamuu yookiin kan hin hojjetamnee ibsa. Diraamaan, koomeedii, fi qophiiwwan muuziqaa, waltajjii irrattii kallattiidhan ilaalaman agarsiisa.

2.3.1. Akkamittii Barruu Taphaa Barreessuu,

Diiraamaaf barruu barreessuun dura, sirruummaa caasaa taphiicha fi qaamota akkamii seenaa san keessattii hammatamuu akka qabu hubachuun gariidha. Kanaafuu barruu taphaa barreessuuf tarkanfiiwwaan armaan gadii hordofi.

1), Kaka'uumsa Qabaadhu

Tarkaanfiin jalqabaa barruulee dubbisuudha. Dabalataan immoo, hanga sif danda'ametti barruulee baayyee ilaaluu fi daawwachuudha. Yeroo dubbistu, daawwattu, fi qorattu, yaadannoo qabadhu. Akkasumas, barreessitoonni biro tuqaawwan barbaachisoo isaan barreessan hundaa barreessii. Wanta sii gammachiisuu yookiin kallattiiwwan waltajjii faayidaa qabeeyyii ta'anii fi mariiwwan ilaalatan erga hubattee booda, barruu taphaa keetin isaan fakkaachuuf yaadi. Jalqaba tapha dubbiisuu fi san booda gocha taphichaa ilaaluun, barruun tokko maaltu jijjiiramuu akka danda'uu beekuuf karaa gaaridha. Kanaafuu tapha mataa keetii hojjechuu keen dura, taphicha dubbisuu fi ilaaluu yaali.

2), Ergaa Taphichaa Filadhu

Taphichaaf ergaa tokko filachuu qabda. Daawwattoonnii akka sii argatan, akkasumaas si gargaaran yookiin daawwatotaa kanneen akka dubbistootaa, dhaggeeffattootaa, fi ilaaltoonnii kee seenaa akkamii tilmaamuu akka danda'an akka ati barreessiituuf si gargaara.

3), Akaakuu Barruu

Akaakuun barruu barrichii ulfaataa, gaddisisaa, yookiin kofalchiisaa, ta'u fi dhiisuu akkaata sagalee fi erga taphichaa maal akka ta'e eera.

4), **Dagaagina Taatoo:** Taatoonnii kee walii gala taphichaa irratti akkamiin akka guddatan agarsiisa.

5), **Barumsaa, fi ergaa daawwatootaan fudhatamu:** kana keessattii, dhuma taphichaa irratti barnoota yookiin naamusa daawwattoonni barataniidha.

6) **Adeemsa Gochaa Kalaquu**

Adeemsa gochaa/ jaargochi adeemsa walduraa duuba dhufaatii gochaa fi yaadotni seenaan tokko ittiin ibsamuuti/dhihaatuudha. Gochoonni/ta'iinsonni seenaa tokko keessatti raawwataman walitti dhufeenya qabaachuun walqabatanii hiika kennu. Akka hayyoonni ibsanitti, adeemsi gocha/jaargochi bu'uura yookaan

wixinee gocha seenaa tokkoo ta'ee tartiiba ta'iinsota seenichaati. Xiyyeeffannaan guddaan adeemsa gochaa sababaa fi fidumsa ta'iinsota seenichaa keessatti raawwatamaniiti. Kana jechuun gochi kun maaliif ta'e/ godhame jedhamee gaaffii gaafatamuuf deebiin kan argamu adeemsa gochichi raawwataa dhufe irratti hundaa'uun ta'a. Kun immoo, akkaataa walitti dhufeenya qooddattoota gidduu jiruu, waan isaan raawwatan/ godhanii fi yaadaniin babal'achaa deema.

Jaargochii yookiin adeemsii gocha barruu keeti taatee raawwatamanii fi seenaa walii galaa hooggana. Yoo taphnii kankee haala gaariin akkaa hoogganamuu barbaadde, kana jechuun seenichii nam-fakkii argaa irraa gara argaatti akka ofittii nama hawwatu gochuu, yookaan nam-fakkii irratti xiyyeeffannoon akka kennamu taasisuuf yeroo gochii nam-fakkii seenicha ibsuu murteessuu qabda. Yoo barbaadde lamaan isaani filaachuu ni dandeessa. Karaa biraatiin, barreessan barruu jaar-goocha nam-fakkii dagaagsuu danda'uu. Jaar-gochaa kee wayita kalaqxu, ruqooleen ijoo armaan gadii baayyee barbaachisoodha.

a) **Taatoota yookiin qooddattoota:** Taatoo ijoo taphaa kee eenyuu akka ta'e murteessi. Isaanis, gara namaa amaanamottii guddiisuf yaadi. Akkasumas taatoota isaan deeggaran yookiin danqaan itti dabaluu dandeessa. Seenaa gootumma aadaa yoo barbaadde, taatootaaf diinaa kalaqu qabda. Taatootaa kee hundumaa giddutti keessummaa tokko tokkoo isaanii waliin wal dhabdee warra qaban hariiroo isaanii ilaali. Wal dhabdeen jirachuun, taphicha keessa dhiphinnii ol-aanaan akka uumamu taasisa. Kun immoo daawwaatoonni kee carraa qooddataa isa guddaaf fedhii akka qabaatan godha.

b) **Yoomeessa**: Taphichii eessatti hojjatama? Kunis akkamittii seenichatti dabalama? Yoomeessichi, tokkoo tokkoo taatoota irratti dhiibbaa inni qabu fi ergichaaf galuumsa kennuu danda'u murteessa. Lakkoofsa yoomeessaa gara garaa daangessuun, taphichii bu'uuraa akka qabaatu godha. Akkasumas hir'ifamummas ni fooyyeessa. Taatoonni yoommeessa tokko saffisaan gara kan birootti akkamitti akka ceesisan yaada keessa galchadhu. Yoommeessa haaraa kalaquun suur-sagalee fi teleevizhiinii caalaa waltajjii irratti baayyee wal-xaxaadha.

c) **Yeroo:** Taphichi kee yoom hojjetama? Kanas karaa seeneessudhan, karaa uffatattiin, yookiin waliin dubbiidhan, daawwaatootaf karaa ittin dabarfamuu barbaadachuu qabda.

d) **Seenaa:** Seenaaan tapha keeti, naannoo taateewwani, adeemsa gocha taatootaa jiraniin deebii fi miira irratti xiyyeeffata.

e) **Caasaa Seenaa:** Taphnii baayyee caasaa ka'umsaa, ol ka'uu fi furmaatadha.

f) **Ka'uumsa:** Jalqaba taphiichaa irrattii, jaar-gochoonnii kee, eenyuu, maal, eessaatti, yoom, fi maliif kanneen jedhaman hundeessuu si gaafata. Taphicha keessatti wal dhabdeen cimaa yoo qabatte, kana agarsiisuudhaf yeroon isa amma ta'u mala.

g) **Ol Ka'uumsa:** Walakkaa taphaa kee irratti, gufuu yookiin rakkoon baayyee ni uumamu. Fiixee taphicha hanga ga'utti wal dhabdeen bal'achuu danda'a. Kunis wayita taatoonni wal dhabdicha guutumaan guututtii beeksiisanii fi yeroo baayyee yaaddeessaa ta'ee dha.

h) **Furmaata:** Erga diraamaa kee fiixee isa bira ga'amee booda, dhiphinni taphichaa ni hir'ata. Yeroo furmaataatti, qooddattoonni kee wal dhabdee isaanii nii injiifatuu yookiin wal dhabdee waliin jiraachuu baratu. Xumurri kee gaddisiisa yoo ta'eyyuu, barnoota ijoo baratamee of keessati hammachu qabda.

i) **Caasaa Filadhu:** Taphni gochoota irraa bocama. tokkon tokkoo taatee keessa agarsiisa heddutu jira. Yeroo taphicha barreessiitu, gosa caasaa barbaaddu sana murteessuu qabda. Akka nama barreessa haaraa ta'e tokkoottii, caasaa salphaa ta'e irraa kan akka diraamaa boqonnaa tokko qabu irraa jalqabuu ni dandeessa. Kunis caasaa taphaa baayyee beekamaa fi baratameedha.

j) **Diraamaa Boqoonnaa Tokko:** Taphichi gidduu seentummaa tokko malee kallattii hundumaan adeema. Caasaa seenaa ammaa illee ni barbaada. Garuu yoommeessa fi agarsiisa muraasa ta'e qofa qabda.

k) **Diraamaa Boqonnaa Lamaa:** Taphoonnii ammayyaa'oo baayyeen isaanii tapha taatee lama fayyadamu. Taphni taatee giddutti yeroo addaan cituu wajjiin qaama lama qaba. Wayitii addaan cituu, taatoonnii

kee, agarsiisa haaraa qopheessu wan danda'aniif, caalaatti garee sana walxaxaa akka ta'aniif ni eyyama. Daawwattoonni addaan cituu isa baayyee ajaa'ibsiifatu, kanaafuu hiixachuu, mana fincaanii deemuu fi taatee jalqaba irratti wali wajjiin marii'achuu danda'u.

l) **Diraamaa Boqonnaa Sadii:** Kun barreessuudhaf, caasaa taphaa baayyee walxaxaa ta'eedha. yoo tapha taatee sadii irrattii murteessite, tokko tokkoo taatee giddutti addaan dhaabuun si gaafataa ta'a. sababa addaan cituu dabalataa fi dheeriina taatee sana, taphnii gosoota akkana dheeraa kan ta'an ta'u. taphaa taatee sadii baayyee keessatti, taateen tokko akka ka'uumsatti, taateen lamaa immoo akka ol ka'uumsatti, fi taateen sadaffaa immoo akka furmaatattii hojjetama.

m) **Wixina Qopheeffadhu:** Barreefamoota xixiqqoo yeroo tapha bareessuu jalqabde barreessite irraa guutuummaa taphichaa bareessun dura, wixina walii galaa tapha keetii qopheeffadhu. Warreen armaan gadii kanas wixina kee keessatti itti dabali. Gochaawwan walii galaa waltajjii, taateewwanii fi agarsiisa.

n) **Wixiina Kee Gargaaramii Barreessi:** Altokko wixinaa jabaata ta'e erga qabaatte, diraamaa kee barreessuu jalqabuu dandeessa. Barruu qabatamattii wixinicha guutuu qindeessanii tursiisuf karaa bareedadha.

Gad-fageenya barruu keeti kennuu jalqabuu yeroo barbaadduu, qabiyyee armaan gadii waliin deemuu qabda.

i. **Waliin Dubbii**: Kunii qabiyyee ijoo diraamaa kee qajelchuudha. Tokkon tokkoo qooddataa, waliin dubbii akkamii akka qabuu fi eenyuummaa isaanii akkamiitii akka dagaagsuu ilaali.

ii. **Taateewwan:** Diraamaa keessattii, tokkon tokkoo taatootaa maal raawwachaa akka jiruu hubachuu qabda. Taatoonnii wanta gochuu barbaadan gochuudhaaf hubannoo gaha qabaachuu isaanii ifaa godhi.

iii. **Ruqoolee Teekniikaa** Kunis wantoota akka jijjiirraa uffataa, meeshaalee barbaachiiso, ifaa, fi qindaa'ina barruu of keessattii qabata.

iv. **Gulaaluu Fi Irra Deebii'anii Barreessuu:** Wixina jalqabaa kee erga barreessitee booda, guutuummaa barruu diraamaa sana dubbiisuudha fi

sirreeffamoota hojjachuu jalqabuudha. Fakkeenyii kee xiiqqoo ifa yoo ta'in, irraa deebi'iiti karaa caalaatti fudhatama qabuun barreessi. Jireenyaa dhugaa keesssatti dubbii namootaa tilmaami, akkasumas, taatoon kee waa'ee ilma namaa fi miraa isaa akka itti dhagayamuu taasiisuuf yaali. Wantoonni akka addaan kutuu fi qabatama ta'an caalaattii, fudhatama akka fakkatuu gochuu danda'u.

Namnii biraan diraamaan kee isaaniif miira akka qabu akka ilaalan affeeradhu. Wantootaa bitaa itti galuu yoo jiraatee yookiin caalattii yaada dabalataa kan barbaadu ta'uu fi dhiisu isa isaan gaafadhu. Seeniichi mataa kee kessaa wan jiruuf waraqaa irratti akka yaaddee ta'u danda'a.

Deebii Gilgaala 2.3

1. Diiraamaaf barruu barreessuun dura, sirruummaa caasaa taphiicha fi qaamota akkamii seenaa san keessatti hammata-muu akka qabu hubachuun gariidha.
2.
   - ♠ Kaka'uumsa Qabaachu
   - ♠ Ergaa Taphichaa Filachu
   - ♠ Akaakuu Barruu adda basuu

Malleen baruu fi barsiisuu

- ✓ Ibsa
- ✓ Marii garee
- ✓ Gaafii fi deebii
- ✓ Shaakala

Meeshaalee baruubarsiisuu

- ❖ Meeshaalee waraabbii Sagalee/suur-sagalee
- ❖ Meeshaalee barnoota

Madaallii

-daawwannaa
-of-ibsuu
-Ibsa garee
- kuusaa ragaa /Portifolio/

- Gaafii qomaa

2.4. Maxxaansa Hojjeechuu fi Bobboca (Hojii Suphee fi Waraqaa Qopheessuu) (wayitii 3)

xumura qabiyyee kana booda barattoonni:

- Maxxaansan akka itti hojjeetamuu ni shaakalu.
- Suuphee fi waraaqa fayyadamuun bobboca ni shaakalu.
- Akaakuwwan maxxaansa addaan bassani ni tarreessu.

Deebii Gochaa 2.4

1. Maxxaansa hojjachuun gosa Og -aartii saahnii dibame fayyadamuun fakkii maxxansuuf adeemsa ooludha. Kaayyoon maxxaansaa fakkii wal fakkaatan baay'isee hojjechuudha.

2.4.1. Adeemsa maxxaansa hojjachu hubachuu.

Maxxaansa hojjachuun gosa Og -aartii saahnii dibame fayyadamuun fakkii maxxansuuf adeemsa ooludha. Kaayyoon maxxaansaa fakkii wal fakkaatan baay'isee hojjechuudha. Akaakuu adeemsa maxxaansa

1) Silkii Iskiiriinii
2) Litoogiraafii
3) Maxxaansa Sibiila Irrattii


4) Maxxaansa Akaakuu Tokko
5) Maxxaansa Waan Diriira Irratti Gaggeefamu

1. Uffata Kirrii Arrii (Raammoo) Irrattii Maxxaansuu

Maqaanii mukaa irrattii hodhaa kirrii raammoo diriirsudhaan halluun akka keessa bahuu gochuun fakkii uumamuudha.

Adeemsa yeroo uffata kirrii arrii irrattii maxxaansituu hordoftu:

- ❖ Fakkii dhangala'aa haphee fayyadamuun akka hin dhangalaanee gochuu
- ❖ Dhangala'aan naannoo hin qaqaabne irrattii halluu dibuu
- ❖ Halliicha karaa argii wayyaa/waraqaa/uffataa irrattii cuunfi.





Fakkii 2.4.1 Maxxaansa Uffata Kirrii Arrii Irrattii

2. liitoogiraafii


Litoogiraafiin dirraa dhakaa irratti fakkii kaasuudhan maxxaansa hojjetamuudha. Dibannii zaayitii dhakaa nooraa lallaafa ta'e irrattii dibama. Ergasii Dhakichii ni caccabsama, asiidiin immoo qulqulleessudhaaf itii dhangalaafama. Bishaaniis dhakiichatti ni nam'aa, san booda halluun zaayita irraa hojjetamee irratti dhangalaafama.

Adeemsawwan hordofaman

- ✓ Halluun kireenii waliin duuwwaa wal qabata, bishaan waliini miti.
- ✓ Waraqatnii irra keessa kan tessiifamu yoo ta'u, mashiiniin liitoogirafii qalama
- ✓ waraqaa keessa dabaarsuudhaf dhiibbaa guddaadhan gadii isa dhiiba.




Fakkii 2.4.2 Maashiinii Liitoogirafii



Fakkii 2.4.3. Adeemsa Liitoogiraafii

1. Maxxaansa sibiila irrattii

Ogummaan sibiila irratti fakkii kaasuu keessatti, fuula sibiila diriiraa jalaan fakkii maxxaansamuudhan hojjetamuudha. Adeemsa kana keessatti, fuula sibiila diriraa irratti naayitiiriik asiidi fayyadamuudhan erga fakkiin ka'e booda sararichii halluu sibiilaa gara boolla isaattii haxaawamuu jalqaba. Erga adeemsi kun raawwateen booda dirrii isaa ni qulquulleeffama. Erga hojjanee booda gara saanii sibiilaa lallafaa ta'eetti halluu sibiilattin bochamee gara boolla isaanitti haxaawaamu. Akkasumas, dirrii isa ni qulquulleeffama. Waraqannii jiidhan meeshaa maxxaansaa cimaa ta'een gara keessa boolla halliichaattii akka seenu tasiifama.




Fakkii 2.4.4 maxxaansa intaajiloo

2. Maxxansa Akaakuu Tokko

Maxxaansa akaaku tokkoo keessatti, yeroo tokkof dirraa yookiin fuula lallaafaa, kan hin xuxnee irrattii fakkii maxxaansudhan hojjetamudha.

- Fakkichii ni kaafama
- Waraqatichii fakkicha irrattii gadii dhiibama, suuriicha akka dabarsuuf.

Wanti maxxaansa akaakuu tokko adda isa godhuu yoo jiraate, saahniin isaa baayachuu hin danda'u.



Fakkii 2.4.5 Maxxansa Akaakuu Tokko

3. Maxxaansa Waan Diriira Irratti Gaggeefamu

Maxxaansa waan diriiraa irratti gaggeefamu keessattii, fuulaa yookiin dirra ol jedhee jiru irra fakkii maxxansudhaan, fakkii hojjetamuudha.

- Bakkii gadii bu'an hin maxxaanfamu- halluun waraqaaticha ni tura.
- halluu bifa tokko.
- Fakkeenyaaf-kanneen muka kutan, kanneen liinoleemii kutan, ashaara quba.



Fakkii 2.4.6 Maxxaansa Waan Diriira Irratti Gaggeefamu

2.4.2. Suphee fi Waraqataan Bobboca Qopheessuu

waraqaa qopheessun bobbocuun aartiistoota hundaa biratti adeemsa bobbocuu bakka hundatti beekamadha. Keessuuma da'iimmaan bobboca salphaadhumatti akka baraniif karaa beekamadha, akkasumas muuziiyeemoota fi siidaawwan gara garaa hojjechuu keessatti beekamaadha.

Tarkaanfiwwaan ijoo waraqata bukeessuun bobboca qopheessuu

1. Wanta hojjechuu barbaadu kan fakkaatu qodaa barbaadadhuu qopheessii
2. Suphee waraqaa qopheessuu muraasa waliin maki
3. . Suphee Waraqaa qoheessuuf oluu san qodaa kee sanatii qabsiisi.

4. Waraqaan qopheeffame sun hanga dhumaatti amma goguutti egii.
5. Dhuma irraatti waraqaa qopheessitee xumurame sana halluu akriiliki jedhamuun dibudha.

Tarkaanfii 1: qaama hojjetamuuf yaadamee kan fakkaatuu qaama bobbocaa qopheeffadhu.

Suphee waraqataan qofa bukessuun boca barbaaddee sif kennuu hin danda'uu. Kanaafuu qaama wanta kaasuudhaf barbaadde fakkaatuu sibilaas ta'ee wan barbaadde irraa jalqabaa hojjechuu qabda. Kuniis boca barbaaddu sana argachuudhaaf kutaa shoraa ol aanaa taphatuudha. sababaa kanaaf yeroo kee dheera kutaa kana irratti aarsaa gochuu qabda.



Fakkii 2.4.7 Daayinooseerii Bobbocan Hojjetame.



Fakkii 2.4.8 Urunguu Akkaata Adeemsa Bobbocaan Hojjetamte.

Bobboocnii waraaqa yeroo baayyee qodaa yookiin Meeshaa mana keessattii itti dhimma banuutti gargaraamuun kan bocamuudha. Salphaadhumatti manattii hojjeechuuf saayiinii mana keessattii itti gargaramtuu fayyadamuu ni dandeessa bifa armaan gadiitti fakkii ibsameen.



Fakki 2.4.9 Suphee waraaqa halluu garaa qodaa yookiin saayiinii keenyaatti harkaan gadi dhiibii.



Fakkii 2.4.10 Boca xumurame

Tarkaanfii 2: Makaa waraqaa suphee qopheessuu

Waraqa bukeessun Bobboca Qopheessuu

Bobboca waraqaa irra hojjechuuf waraqaa keemikaalota giluu fi zaayitoota gara garaan bishaan ho'aa waliin wal nyaachistee waliin maktaa. Keemikaalonnii kunis makaan kun akka jabaatu fi dafee akka goguuf gargaaru.

Suphee Irraa Bobboca Qopheessuu

Supheerraa bobboca hojjechuun adeemsa wal fakkaata yeroo waraqaa irra qopheessinuu gargaaramna. Kutaa kana keessatti wantii adda ta'uu yoo jiratee qodaa waraqaa biyyoo suphee fi keemikaalotaa salphatti dafaanii bobbocnii sun akka goguu gochuu danda'an fayyadamuudhani.

Namoonni baayyeen yeroo hedduu waa'ee qaama bobboocaa (mold) hojjeetaniituu isaan yadeessaa. Sababnii isaas waraqaan buka'ee erga raawwatameen booda ariittin waan hin gogneefi. Haa ta'u malee qaamnii boca bishaaniin alatti hojjetamuu hin danda'u, kanaafuu bobbocni kee akka dafee goguu gochuu qabda akkasumas vaarnishidhaan akka inni qilleensa keessaa bishaan hin xuxneef dibuu qabda.

Tarkaanfii 3: Eergaa waraqata kee qopheeffattee Meeshaa qopheeffateetti qabsiisu qabda.

Albeedhan makaa waraqataa keeti guutumaan meeshaa yookiin qodaa keetin walin geessa, hanga boca barbaduu argatutti.



Fakkii 2.4.11 Roobii Cuquulisa Gibtsootaa Waraqaa Suphee Irraa Tolfamee.

Tarkaanfii 4: Waraqaan qopheeffamee sun hanga dhumaatti amma goguutti eguu

Dogoggorrii guddaan namoonii bobbocan yeroo bocan raawwatan inni duraa, hanga waraqaan isaanii goguutti eguu dhabuudha. Osoo bobbocnii kee hin gogiin yoo dibdee, keessaa boca sana keessatti jiidhinsii jiruu guddachaa deemuudhan wanti akka tuqaa gurraachaa fakkaatu keessa bociicha irratti mul'achuu jalqaba. Sana booda meeshaan kun bifuuma salphaadhan carraan cabuu isa guddaadha. Kanaafuu boca bareeda argachuudhaaf obsaan gogsuun barbaachisadha.

Tarkaanfii 5: Erga Gogee Booda Dibuudha.

Jeessoo akriilii bobbocnii kee bareedaa fi dirraa mijataa akka ta'u waan godhuuf itti gargaaramuu qabda. Jeessoon dirqamaa miti sababnii isaas filannoo kee irratti hunda'a. Dhuma irratti vaarnishii dhan dibamuu qaba.



Fakkii 2.4.12 Saree keemikaala Akriilikiidhan Dibamtee

Deebii Gilgaala 2.4

1.

- ✓ Silkii Iskiiriinii
- ✓ Litoogiraafii
- ✓ Maxxaansa Sibiila Irrattii
- ✓ Maxxaansa Akaakuu Tokko
- ✓ Maxxaansa Waan Diriira Irratti Gaggeefamu

2.

Litoogiraafiin dirraa dhakaa irratti fakkii kaasuudhan maxxaansa hojjetamuudha. Dibannii zaayitii dhakaa nooraa lallaafa ta'e irrattii dibama. Ergasii Dhakichii ni caccabsama, asiidiin immoo qulqulleessudhaaf itii dhangalaafama.

3.

- ♠ Waanta hojjeechuu barbaaduu kan fakkaatuu qodaa barbaadadhuu qopheessii
- ♠ Suphee waraaqa qopheessuu muraasa waliin maki
- ♠ . Suphee Waraaqa qoheessuuf oluu san qodaakee sanatii qabsiisii yookiin qabsiisi
- ♠ Waraaqaan qopheeffamee sun hanga dhumaatti amma goguutti egii.
- ♠ Dhuma irraatti waraaqa qopheessitee xumuraame sana halluu akriiliki jedhamuun dibudha.

Mala baruu barsiisuu

- Maxxansa hojjechuu fi
- Ogummaa bobbocaa (hojii suphee fi waraqaa bukeessuu/paper mache/) qopheessuu
- Bobboca shakaalsiisuu

Meeshaalee deeggarsa barnootaa

- Waraqaa
- haphee,
- suphee
- wixinee/sketch/ fi meeshaalee naannootti argaman

Mala madaallii

- ♠ daawwannaa
- ♠ Shakala of-ibsuu
- ♠ Ibsa garee
- ♠ kuusaa aga /Portifolio

Deebii Gilgaala xumuraa

I

1. Dhugaa
2. Soba
3. Dhugaa
4. Dhugaa
5. dhugaa

II

1. D
2. A
3. D
4. C
5. A

III

1. Taatoota yookiin qooddatoota
2. Yoomeessa
3. Yeroo
4. Seenaa
5. Caasaa Seenaa
6. Ka'uumsa

IV

1. Shubbisa fi muuziqaa
2. Lamaa
3. Sahnii dibamee
4. Garaagarummaa
5. Maxxaansa Akaakuu Tokko

BOQOONNAA 3

AADAA FI SEENAA (wayitii 12)

Xumura barnoota boqonnaa kana booda barattoonni:

- Hojii muuziqaa ni dinqisifatta, akkasumas karaa hojii muuziqaa xabboo itti qopheessan ni beeku.
- Hojii shubbisa muuziqaa fi karaa hojii shubbisa muuziqaa xabboo ittiin qopheessan ni hubatu.
- Hojii tiyaatiraa suur-sagalee/fiilmii akkasumas karaa hojii tiyaatiraa suur-sagalee xabboo itti qopheessan ni xiinxalu.
- Hojii ogummaa agartii (visual art) akasumas karaa hojii oguummaa aartii xabboo itti qopheessan ni hubatu.

Seensa

Mataa duree boqoonnaa kana jala jiruun wal qabsiiftee, yemmuu aadaa fi seenaa barsiiftuu, Og-aartiin Itoophiyaa ergaawwan karaa amantaatiin darbaniin baayyee kan beekamu, baroota hedduudhaf suuta suuta guddachaa fi madaqfamaa akkaa turee barattootaa kankee sirrittii ittii himii. Muuziqaan aadaa biyyaa keenya heedduun seenaa fi maalummaa biyyi keenya qabdu sirriti agarsiisu akka danda'u barattota qayabachisuu qabdu. Aadaalee Itoophiyaa bay'inaan lakka'aman keessaa, hojiilee harkaa gara garaa, muuziqaa fi aartiileen kanneen biroo hambaa og-aartii isaan irraa eegamu gahumsa bahataa turaniiru. Aadaalee bal'aa kana keessaa baayyee kan mul'atan ogummaan uffata hodhuu fi saaphana hojjechuu isaan tokkoodha. Isaan kunis dhaaba dibdoo fakkii fi bocaawwan wal xaxaa ta'e kan agarsiisaniidha.

Barsiisaa barattoonnii keessaan seenaa biyyaa keenyaa kan duraanii akka addaan baafataniif, waa'ee seenaa fi aadaa biyyaa keenyaa akka sirritti hubatan taasisaa.

Barattoota kankee beekumsa bu'uuraa qabsiisuf teknoolojitti fayyadamtee seenaa fi aadaa biyyaa keenyaa sakata'u qabda.

Qabiyyeewwan Gurguddoo Boqonnichaa

3.1 Agarsiiftuu Muuziqaa Aadaa, Meeshaalee Aadaa fi Shubbisaa (wayitii 4)

3.2 Bobboca (Siidaawwan), hojii harkaa fi ogummaa qabatamaa bara durii (wayitii 4)

3.1 Seenaa Aadaa Naannoo Tiyaatira fi Fiilmii/Suur-sagalee (wayitii 4)

3.1 Agarsiiftuu Muuziqaa Aadaa, Meeshaalee Aadaa Fi Shubbisaa (wayitii 4)

Xumura qabiyyee kana booda barattoonni: -

- Seenaa muuziqaa xabboo ni agarsiisu.
- Og-aartii muuziqaa xabboo ni addeessu.
- Shubbisa aadaa Itoophiyaa ni ibsu

Deebi Gocha 3.1

1. Muuziqaan miira keessa namaa kan akka: Gammachuu, aarii, jibbiinsa, diddaa, mormii fi k.k.f, ibsuuf ni tajaajila.
2. Faaruu warroomii; Aadaa gaa'elaa ykn warroommii keessatti mararoon gaa'elaa shamarran Oromoo biratti baay'ee kan jaalatamuudha. Xiyyeeffannaan weedduu isaaniis tokko soddaa arrabsuu ykn ceepha'uudha.

Itoophiyaan bakka argama dhala namaa qofa osoo hin taane, dachee muuziqaan, sirboonni, ogummaan barreeffamaa fi ibsituu aadaatiin kan badhaatedha. Biyyoonni lixaa bara giloobaalayizeeshinii kanatti muuziqaa aadaa Itoophiyaa baduuf jiruu irraa wantoota hedduu ergifataaniruu.

Afoollii Itoophiyaa, safuu, amantaa, aadaa, siirboota, muuziqaa, mammaaksotaa fi jechamoota garagaraan biyya dagaagdeedha.

Itoophiyaan bakka argama dhala namaa wan taatef, Sirboonni muuziqaa aadaa biyya keenyaa, aadaa muuziqaa xabboo Afrikaa keessatti shora ol aanaa taphachuu danda'eera. Aadaa muuziqaa xabboo jechoonni ibsaan, galmeen kitaabilee seenaa amantaa hedduun ni jiru.

Jiruufi jireenya dhala namaa keessatti dhalii namaa muuziqaadhan addaan bahee jiraachuu hin danda' u. Kanaafuu hawaasni muuziqaa hin qabne hin jiru jechuudha. Hawasni kamiyyuu muuziqaa mataa isaa uummatee qaba. Kanaafuu muuziqan nama malee namnis muuziqaa malee jiraachuu waan hin dandeenyeef muuziqaafii dhala namaa jidduu hidhata cimaatu jira jechuudha. Muuziqaan hubannoo dhala namaa kan qajeelchuufi qaama bu"uuraa jireenya dhala namaati. Muuziqaa uumuun, dhimmoota hawaasummaa birootii kan fayyadu dhimma hawaasummaa addaati.

3.1.1 Muuziqaa fi Aadaa

Muuziqaan calaqqee aadaa dhala namaa qofa osoo hin ta'in dandeettii dhala namaati. Muuziqaan waantota dhala namaa kallattii sirrii qabsiisan keessaa isa ol'aanaa fi waantota bu'uuraa kanneen jireenya namaatif barbaachisaan keessaa isa tokkoodha. Muuziqaan dhaloota barsiisun akka seena hawaasa isaani beekan taasisa. Namoonni hubannoo muuziqaa irraa argataniin haala jiruu fi jireenyaa, miira, ilaalcha, seera fi heera ittiin bulmaata hawaasa isaanii dubbachuu ni danda'u.

Muuziqaan amaala aartii qabachuu isaa wantoonii ittin hubannu kanneen akka, qindaa'anii walin hojjachuu, shubbisuu fi waldhageefachuu of keessatti qabata. Kana jechuun, muuziqaan qindaa'ina hin qabne akka waca shimbirroo kan hiikni itti hin kennamnee ta'a jechuudha. Sababni isaas karaan muuziqaan ittiin uumamee, dandeetti nama dammaqsuu danda'uu qabachu fi qindaawaa ta'uu isaati.

Muuziqaan dhala namaa biratti kan dhaggeeffatamu, qindaa'ina yeedaloo, rukuttaa, kiilolummaa fi k.k.f yoo qabaateedha. Muuziqaa fi aartiin muuziqaa akkaa idila addunyatti, waliigaltee kan qabani fi aadaa uumata isaanii karaa ifa ta'een kan ibsaniidha. Walii galteen kunis muuziqaa aartii qabuu fi muuziqaa aartii hin qabne jechuudhan bakka lamatti qooda. Muuziqaan itti yaadamee dhiyaatuu qaba. Kana jechuun muuziqaan qindaa'ina yaa'insa sagalee fi rukuttaa qabaachu qaba jechuudha. Akkasumas yeedaloo fi hollannaa sagalee kan qabu ta'ee haala kamiyyuu keessatti dhagefatamu danda'uu qaba.

3.1.2 Faayidaa Muuziqaa

Muuziqaan eenyummaa ibsachuuf, Gaddaa fi Gammachuu ibsuuf, Qabsoo ittiin kakaasuf, faaruu faarfachuuf, gabrummaa diduuf, abbaa irrummaa mormuu fi k.k.f. Keessatti tajaajila guddaa ni kenna. Kanaafuu muuziqaan mul"istuu fi lafee dugdaa aartii miidhaginaati. Muuziqaan miira keessa namaa kan akka: Gammachuu, aarii, jibbiinsa, diddaa, mormii fi k.k.f, ibsuuf ni tajaajila. Muuziqaan namoota walitti dhiyeessuuf, dhimma hawaasummaa ibsuuf, guddina afaan hawaasaatiif, aadaafii eenyummaa namaa ibsuuf, aadaa nama biraa irratti hirmaachuuf, xiyyeeffannoo argachuuf sirbuun, dhiichisuun sirna adda addaa keessatti tajaajila ni kenna.

Dabalataanis muuziqaan bifa adda addaatiin hawaasa isaa tajaajila. Muuziqaan hawaasa isaa barsiisuuf fi dammaqsuuf ga"ee guddaa taphata. Akkuma armaan olitti faayidaan muuziqaa ibsametti, muuziqaan Baandii Afran Qalloos muuziqaa Oromoo barreessuu dhaan haala ammayyaaween qindeessee; mi"eessee dhiyeessuudhaan hawwatamummaa addaa itti uumee afaan Oromoo dubbattootaafi dhaggeeffatoota heddu akka horatuu godhee jira. Akkasumas muuziqaan namoota afaan Oromoo hin beekne illee afaanicha barachuun, toora afaanota biroo akka hiriiru gochuu danda'eera. Muuziqaan Baandii Arfan Qalloo Uummanni Oromoo: Aadaa, Afaan fi Aartii Oromoo guddisuu bira darbee eenyummaa isaatiif akka falmatu taasiseera. Dabalataanis muuziqaa Afaan Oromoo ammayyeesuun haala yeroo wajjin akka deemu godheera. Haalli kun ammoo milkaa"ina guddina Afaan Oromoofii Aartii Oromoo har'aatif bu'uura

ta'eera. Muuziqaan ummanni akka barnootaf ka'u gochaa tureera.

Fakkeenyaaf

A, B, jennee kaanaa

Kanumaan jalqabnaa

Afaanuma keenyaan

Katabnee dubbifinaa

Barachaa Barsiisfina Qubeedhaan jalqabnaa

Dabalataanis

Barnoota barnoota, ammas barnootaa

Kana ta'uu qaba, kaayyoon oromootaa.

Barnootni dhugaadhaa, ofirraa eegalaa

Aadaa hubachiisee, seenaa nixinxaalaa

Of-tuffii balleessee, hamilee kufte kaasaa

Ija jaame bane, sammuu bilisoomsaa

Jechaa baandiin kun muuziqaadhan ummataa isaa iittin tajajiila tureera.

Weelluuwwan aadaa durii ummata tokkoomsuu fi onnachiisuuf, gahee guddaa taphata turaniru. Weelluuwwan aadaa ummata keenyaa biratti fudhatamuumma qaban muraasa isanii akka armaan gadii sif dhiyateera.

Afoolaa Fi Muuziqaa

A) Geraarsa

Geerarsi gosa afoolaa ta›ee jecha mana rukutu kan nama onnachiisuun jiruu fi jireenya, gaddaa fi gammachuu, obsaa fi hamilee kan ittiin ibsataniidha. Geerarsa yeroo baayyee warra dhiiratu gootummaa agarsiisuf geerara. Jireenya ummata Oromoo keessatti ergaa dabarsuuf tajaajila. Oromoon gerarsaan goota isaa faarfatee dhaadata.

Geerarsii akaakuu lama qaba. Isaaniis**:**

Geerarsa qondaalaa fi geerarsa gurguddoo jedhama. Geerarsi qondaalaa kan qondaalaan geeraramuudha. Qondaalaan nama duulee diina ofii ajjeesee kan mirgaan gale ykn bineensota bosona keessa jiraatan (leenca, gafarsa, arba, qe erransaa fi k.k.f) adamsee kan ajjeesedha. Isaan kun hawaasa keessa jiraatan biratti kabajaa fi ulfina qabu. Yeroo sirna ykn cidha tokkorratti sirbamu ykn geerarsi yeroo gahu isaantu dura geerara. Tartiiba mirga isaan ajjeesanii qabanii fi hawaasa sana biratti beekamaniin wal-duraa duuban geeraru. Yeroo geeraramu dura waaqa, dachee, midhaan, loon (saawwan) fi booka ykn daadhiitu faarfatama.

Geerarsa gurguddoo kan jedhamu nama duule hin ajjeefne ykn bineensa akka mirgaatti lakkaawu kan hin ajjeefneen geeraaramuudha. Isaan kun warra qondaalaa booda geeraru. Yeroo geeraranis hojii qabatanii jirani qonnaa fi waan kana fakkaatu irratti bobba'anirratti cimaa fi jabaa ta'uu isaanii ykn ammoo duulanii mirga dhabuu isaaniif gadda itti dhaga'ame, yaalii fi tattaaffii godhan, kanaafis ragaa qaban himachuun balasiin(diina) komachuun geeraru. Akkasumas jireenya isaanii keessatti karaa adda addaa dhiphuu fi roorroo isaan mudate haala adda addaan ibsatu.

Yeroo qondaalli ykn gurguddoonn geeraru, kanneen taa'anii dhaggeeffatan **ishoo gurbaa** jechuun jala cooqa ykn soosisa kan jedhamuun harkaa fuudhanii gargaaru. Kunis geeraraan sun akka afuura fudhatuu fi akka onnatuufi. Yookaan ammoo warra geerarsa beeku ykn qondaaltotaa fi gurguddootu wal harkaa fuudhee dabareedhaan geeraru jechuudha.

Geerarsi dhaadannoo namoonni dhaadatan, akeeka jiruufi jireenyaaf qaban kan ittiin agarsiisan, gootummaa hojii isaaniirratti qaban kan ittiin beeksifatan, hawwii fuuladuraa kan ittiin ibsatanii fi malleen ittiin walgeedaraniidha. Geeraraan geerarsaan eenyummaa, fedhii, hawwii, komii, gaddaafi gammachuu isaa ittiin ibsata. Haaluma kanaan geerarsi armaan gadii kun ergaafi qabiyyee garaagaraa kan of keessatti qabatudha. Fakkeenyaaf akkaata armaan gadiitti yaada fi erga isanii geerarsan dabarfatu.

Takkaa Bookkisuu laataa

Narraan fokkisuu laataa

Takkaa barooduu laataa

Narraan bareeduu laataa Weenniin lagarra bulee

Eegeen bissii fakkaataa

Dura geeraran malee

Booddee machii fakkaataa

Takkan irra didichaa

Akka baasaa dinnichaa

Takkaan irraa wakgodhaa

Akka baasaa goommanaa

Akka goommana birraa

Geerarsi bara dhufaa darbaa kan hawaasni haala jiruufi jireenyaa isaa, gaddaafi gammachuu isaa, obsaa fi hamilee isaa ittiin ibsatuudha.

B) Marartee Gaa'eelaa Yookiin Waarroommii

Aadaa gaa'elaa ykn warroommii keessatti mararoon gaa'elaa shamarran Oromoo biratti baay'ee kan jaalatamuudha. Xiyyeeffannaan weedduu isaaniis tokko soddaa arrabsuu ykn ceepha'uudha. Kan biroo immoo mararoo ykn seenaa dhaamuudha. Durbi Oromoo heeruma irratti boohaa kan mararoo dhaaman sababii maatii fi qomoo isaani irraa adda bahuu waan jibbaniif qofaa miti. Fedhii malee heerumuun, umurii malee heerumuu fi k.k.f. Sababii biroo ta'uu ni malu. Fakkeenyaaf durbi takka fedhii ishee malee heerumuu ishii walaloo mararootiin yoo ibsattu akkas jechuun Jechaa komii qabdu walaloodhaan ibsuu eegalti. Keessattuu gurbaan itti heerumtu baay'ee fokkisaa yoo ta'e akka itti aanutti weeddifti.

Hennaan haama yaa kaloo,

Hin afinii ajjeerradhuu;

Seenaan dhaama yaa haadha koo;

Hin rafiin dhaggeeffadhu;

Yoo rafteef qalbeeffadhu.

C) Faaruu Daa'immaannii

Faaruun kun yeroo daa'imni tokko akka raftuu fi calliftu yoo barbaanne, kan itti gargaaramnuudha. Innis akka armaan gadii kanatti weeddifama:

Ururuu yaa mucayyoo,
Mucayyoo yaa xinnayyoo,
Atis ni taata nama;
Sirraa haa qabu hamaa;
Afaan kee haa ta'u damma;

Ururuu yaa mucayyoo,
Aannaan feetu dhugi;
Qoraasee sii naqeera;
Hiirriba jettu rafi;
Haxaayee sii afeera;
Haati kees ni gammadde;
Erga mucaa argatte;

Waaqni si haa guddisu;
Inni hunda mul'isu;
Inni xinnaa guddisu;
Inni duudaa dubbisu;
Inni qallaa furdisu;
Ururuu jennaan rafi;
Ka'i jennaan dammaqi.

D) **Faaruu Ayyaanaa**

Yaa sinaara moggaadhaa (2x)
Nagaan olchii nugaalchi;
Yaa ayyaana waggaadhaa.

Mee sinaara calleechi (2x)
Adbaarii yaa ulfoo too
Mee safuu nuu qajeelchi;

Adaamii yaa kurfoo too (2x)
Bobaa kee jala seene;
Adbaarii yaa ulfoo too;

Faaruu jaalalaa

biqiltuu baala nyaatu;
Naa ergi baala waleensuu;
Magaaltittii nyaara kuullee;
Naa ergi waan na jabeessu;
Muree mureen mana ijaara;
Yoo Sokorruun mana taate;
Dhufee dhufeen si ilala;
Yoo jaalalti qoricha taate.

E) Faaruu loonii

Faaruu ummatni Oromoo kabajaaafi jaalala loonii fi sangaaf qaban kan itti ibsataniidha. Faaruun loonii yeroo loon bobbaasani, galchani, oofanii fa'a kan farfatamuudha. Sangootaa fi meeshaalee ayidaa walirraa ergifachuun faayiddaa sangoonni namaaf kennu tarreessuun, fakkeenyaaf kotteen sangootaa waancaa ta'uu isaa, erbeen itillee ta'uu kan irra bulamu, foon irbaata ta'uu kan ittiin bulamu fi kan kana fakkaatu yoo ta'u abdii gara fulduraa itti mul'isuun akkan jedhanii faarsu, callaan gootaraatti galee, makar7ri gahuu gahee, margaan sigahuu gahee jechuudhaan abdii jiru sangootaaf faarsu.Faaruun armaan olii kun ammoo hawaassummaa, abdii jiru fi diinagdee namoota gidduu garaagarummaa jiru kan agarsiisu ta'ee sangoonni si'aa'inaa fi damaqinnaan akka ayidan taasisa.

F) Sirbaa Ateete Arsii keessatti

Ateeten yeroo jalqabatif naannoo oromiyaa arsii keessatti mirga dubbartoota kabachiisuf akka seeratti kan tumameedha. Sirbii kun sababni inni jalqabeef inni guddaan rakkinni yeroo dubartoota irra ga'e rakkinna isaani ibsachuufi itti fayyadamu. Yeroo baayyee naannoo arsii keessatti warroonni dhiraa dubartoota akkuma barbaadanitti mirgaa isaani akka sarbaa turan ni dubbatama. Dubartoonnis miidhaa kana of irraa ittisuf sirbaa aadaa ateete jedhamuu hundeefatan: haa ta'u malee yeroo weerarsii lafa naannoo irratti uumamee fi hawaasa irraa miidhan ga'u rakkina hawaasa isaani ibsaachuuf dubartoonni arsii ateetetti dhimma ba'u. Ateeten faaruu duurii yookan muuziqaa xabboo jeechun ni danda'ama.



Fakkii 3.1.1 yeroo dubartoonni waa'ee dubartii rukutamtee irratti mari'atani

Haala Ateeteen Ittiin Sirbamu:

Akkuma mataa duree irratti ibsamuuf yaalametti ateeten kan sirbamuu, yeroo dubartoonni warraa dhiiratiin reebaman yookaan doorsifamaniidha. Ateeten sirnaa ittin sirbamu qaba. Dubartiin dhiiraan reebamtee sun garaa haadha siinqe akka abban warraa ishee yookan nama isheerran rakko gae san maqaa dhayaa sirbaa ateete sirba gara mana hadhaa sinqee ol seentii.

Haatii siinqee fi duubartiin rakkon ishee irra gae sibaa ateeten waliigalu. Isheenis sirba ateetetin rakkoo ishee irra ga'e tokoo tokkon itti himatti. Haatii siinqee rakkoo ishee erga hubatteen booda dubartoota naannoo walitti qabdee rakkoo uumame irratti akka mari'atan tasifti. Haati siinqee hoggantuu dubartoota naannoo sana waan taatef namnii waan isheen jette diidu hin jiru. Dubartoonnis erga rakkoo dhageffataniin booda, haadha sinqeetin durfamuun sirba ateete sirbaa gara mana dubartii rakkon irra gayeesanitti adeemu. Haati siinqee baayyee kabajamtuu waan taatef qaxamuruun hin danda'amu.

Warrii dhiiraa osoo karaa deema jiraan yoo itti dhufan hamma isheen dabartuu ni dhaabatu. Sababni isaas haadha siinqee qaxxaamuruun hin danda'amu waan ta'eef. yoo itti dhufee jaalatti kufee na ofkolchaa jedhee bira darba. Dubartoonni haadhaa siinqeen durfaman erga mana dubartii reebamte ga'an booda, sirbaa ateete isaani taphachuu itti fufu. Jaarsooliin naannoo, dubartoota ateete taphatan yeroo argan rakkoo maaltu akka isaan muudate beekuf nama tokko gamaa isaaniti ergu. Namichi ergames rakkoo isaani ni gaafata.

Haati siinqee rakkoo ishee irra ga'e tokko tokkoon itti himti. Innis rakkoo isaani erga hubateen booda gama warra jarsoolii deemudhaan rakkoo jiru hundaa isaanitti hima. Warri jaarsootas namicha rakko uumee ni barbaanna jedhanii nama isaa barbaadu bakka buufatu. Namichi rakkoo uumes barbaadamee gara jaarsolii ni geeffama. Isaanis maalif rakkoo kana akka uumee fi haatii siinqee akka isa himatte itti himu. Namichaa rakko maalif akka uume erga gaafataniin booda akka inni deeme haadha ateete dhiifama gaafatee adabbi itti kennamu akka fudhatu itti himu.

Namichi rakkoo uumes akkuma jaarsooliin naannoo itti himanitti garaa haadha siinqee deemun wantii inni hojjate kan isaa saalfachiise fi yeroo biraa itti deebi'ee rakkoo hin uumu jechuun murtee isaan itti kennan fudhatuuf heyama- maa akka ta'e haadha siinqeetti hima. Haatii sinqee illee rakkina uumeef waan barabaadde adabdii. Mallaqa yoo barbaadan yookaan dubartiin miidhan irra ga'e yoo baayyee kan miidhamtu taate akka hoorin qalamus ni taasifti. Namichi erga adabameen booda haati siinqee gara fuula duraatti namichi akka itti deebi'ee rakkoo kana hin uumne ni akeekachiisti. Dhuma irratti jaarsolii gandaa galatefachuun sirnii ateete ni xumurama.

Walumaa galattii ateeten kabajaa fi ulfinna dubartootaa kabachisiisuf kan ooludha. Yeroo amma kana bay'inaan jiraatuu baatus arsii naannoo tokko tokkootti dubartooni dhimma itti ba'u.



Fakkii 3.1.2 yeroo dubartoonni arsii geengoo uumanii ateete sirban agarsiisu

Sirba ateete akkana jechaa sirbu

Nuyi, dubartoonni;
Waaqa kadhaachuun;
Aadaa Oromooti;
mirgaa dubartoota kabajuun;
seeraa aadaa keenyati;
dubarttiin kabajaa duubartii kabaji;

aadaa dubartootaa;
aadaa keenyaa;
Waaqa waamachuuf;
Illiilli taphachuf;
Faaruu farsi nama;
abbaa irraa itti dhufnee
araraa naa araramii
ateetee sittii dhufne, rabbi si jala kufne

Siinqee tiyyaa looti galmuumaa,
Kadhuu mootiin rabbumaa,
Siinqee tiyyaa looti galmuumaa,
Kadhuu mootiin rabbumaa.

G) Faaruuwwan Shanan Xabboo

Yaareed albamoota faaruu shan barreessee ture. Isaanis duggaa fi tsoomee duggaa, miiraaf, zimaarii'ee, fi qidaaseedha. Qindoominnii xabboo isaa hundi ramaddii muuziqaa sadii (iskeelii) hordofu. Tokkon tokkoo isaanii dabalataan iskeelii muuziqaa qabaachu danda'an hundaa waliin iskeeloota muuziqaa sadii jalattii qoqqoodamu. Qabxiiwwan weedduu sadan simbiroota sadii irraa akka argate amanama, isaaniis akka armaan gadiitti mogaaseera.

A) Gi'izii

Gi'iziin nootaa jalqaba fi qajeelaa bakka bu'a. Akkaataa muuziqaa keessatti jabaata fi dhiibbaa fiduu danda'uttii ibsama. Haayyoonnii yeroo baayyee weedduun gogaa fi faaruu mi'aawaa hin qabnee, nootaa jalqaba fi qajeelaa bakka buusuu. Beektoonnii faaruu gogaa fi dhandhaama hin qabne jedhanii waamu.

B) Iziili

Iziiliin nootaa weedduu, damboobaa fi mi'aawaa bakka bu'a. Innis yeroo baayyee Gi'izii booda kan faarfatamuudha.

C) Araraay

Araraayiin yeroo baayyee kan akka waqtii soomaa fi sirna awwaalchaa wantoota yeroo gabaabaa keessatti nootaa weedduu weeddifamuu fi melaanolikii bakka bu'a.

Ogeessa Aartii Muuziqaa Xabboo

Muuziqaa Itoophiyaa keessattii namoota gurra qaban baayyee kan akka Alii Birraa, Tilahuun Gassasaa, Haacaaluu Hundeessaa, Bashaa Taklemariyaam, D.r Mulaatu Astaateeq, Tasfaaye Lamma, fi kanneen biroo baayyeen ni jiru. Hojiin kun hundi yeroo akka kana gabaabaa keessatti dubbatamee xumurun hin danda'amu.

3.1.3 Meeshaa Muuziqaa Aadaa

Meeshaaleen muuziqaa adaaa meeshaa muuziqaa hammayyaatiif bu'uura ta'uun isaan kan nama wal gaafachiisu miti. Meeshaaleen muuziqaa aadaa barbaachisummaan isaanii guddaa akkuma ta'an tajaajila isaan kennaniin boodatti hafoodha. Kunis, yeroo rakkoo ittiin waliif dirmachuu, yeroo gaddaa ittiin waliif ergaa dabarsuu, yeroo gammachuu ittiin wal onnachiisuu keessatti har'allee hawaasa kana waliin umrii dheeraa jiru. Meeshaaleen muuziqaa aadaa lakkoofsaan muraasa ta'an kan hawaasa keessatti argaman keessaa Dibbee, ulullee, Faaggaa, Xuruumbaa, Kiraara fi Masiinqoodha. Meeshaaleen eeraman kunneenis akkaataa kalaqama isaaniin yoomessa keessatti tajaajilan akka armaan gadiitti ibsamaniiru.

Dibbee: - Dibbeen meeshaa muuziqaa hawwasni tajaajilamu keessaa isa tokko ta'ee sirba tokko midhagsuufi namoota sirba keessatti qooda fudhatan miira kan kakaasuudha. Dibbeen meeshaa aadaa dhimma muuziqaatiin kan walqabatu ta'ee sirboota aadaa biratti isa baratamaadha. Itti fayyadamni dibbee yeroo cidhaa mana gurbaafi mana hintalaatti haruuzni gaggeeffamu akkasumas yeroo gara manaa 25 gurbaatti deeman haawwan wal bohaarsu. Dibbeen sirboota akka hellee fi shaggooyyee akkasumas sirboota adda addaatti gargaaramuun ta'a. Haalli meeshaa muuziqaa kun itti hojjetamanis bakkarraa bakkatti kan wal fakkaatuudha. Dibbeen muka, gogaa loonii, gogaa re'ee akkaasumas gogaa kurupheerraa kan hojjatamudha.

Muka waddeessa yookiin harbuu muruun keessa isaa hanqooquun erga bocame booda gogaa dhisuun booda muka keessisaa hanqooqame kana keessa itti haguuguun gogicha sirriitti dhisanii hodhuun akka qooruuf aduutti baasu; booda tajaajila akka kennu godhuun hojiirra oola. Dibbeen ulee ittiin rukutamu muka jabaataa dhimma kanaaf filatamaa ta'e qophaa'een hawaasni itti fayyadama.

Ulullee: Meeshaa muuziqaa aadaa ta'ee afaaniin afuufuun kan sagalee miidhagaa nama bohaarsu itti dhageessisaniidha. Meeshaan aadaa kunis gosa muka leemana ykn gobeensa dheerinni isaa tilmaamaan seenitimeetira 40 hanga 50 ta'u irraa qinqimamee erga qophaa'ee booda sibiila diimessuun bakka afur uramee namoota

dandeettii isaa qabaniin kan hafuufamu fi qubaan taphachuun itti dhimma bahama. Dargaggoonni yeroo birraa asheeta nyaachaa galgala galgala waliin haasa'aa goojjoo yeroo bulan hanga halkanitti ululee hafuufuun yeroo isaanii kan ittiin wal bohaarsan akka ta'e ibsu. Meeshaan kun yeroo gadda ibsachuuf, bara beelaa fi gadadoo akkasumas yeroo weerarri biyyarratti haggaamame hawaasa ittiin dammaqsuuf meeshaa aadaa gargaarudha.



3.21. Fakkii Meeshaa ululee

Deebii gigaala 3.1

1.

- Geraarsa
- Marartee Gaa'eelaa Yookiin Waarroommii
- Faaruu Daa'immaannii
- Faaruu Ayyaanaa
- Faaruu jaalalaa

2. Ateeten yeroo jalqabatif naannoo oromiyaa arsii keessatti mirga dubbartoota kabachiisuf akka seeratti kan tumameedha. Sirbii kun sababni inni jalqabeef inni guddaan rakkinni yeroo dubartoota irra ga'e rakkinna isaani ibsachuufi itti fayyadamu. Yeroo baayyee naannoo arsii keessatti warroonni dhiraa dubartoota akkuma barbaadanitti mirgaa isaani akka sarbaa turan ni dubbatama.
3. **Dibbee**: - Dibbeen meeshaa muuziqaa hawwasni tajaajilamu keessaa isa tokko ta'ee sirba tokko midhagsuufi namoota sirba keessatti qooda fudhatan miira kan kakaasuudha. **Ulullee:** Meeshaa muuziqaa aadaa ta'ee afaaniin afuufuun kan sagalee miidhagaa nama bohaarsu itti dhageessisanidha.

Malleen baruu fi barsiisuu

- ✓ Ibsa
- ✓ Marii garee
- ✓ Gaafii fi deebii
- ✓ Shaakala

Meeshaalee baruubarsiisuu

- ❖ Meeshaalee waraabbii Sagalee/suur-sagalee
- ❖ Meeshaalee barnoota

Madaallii

-daawwannaa
-of-ibsuu
-Ibsa garee
- kuusaa ragaa /Portifolio/

- Gaafii qomaa

3.2 Bobboca (Siidaawwan), Hojii Harkaa fi Ogummaa Qabatamaa Bara Durii (wayitii 4)

Xumura qabiiyyee Kana booda barattoonni:

- ❖ Akkaataa dhufaatii seenaa fi aadaa bobboca ni ibsu.
- ❖ Seen-duubee seenaa fi aadaa hojii ogummaa harkaa ni xinxalu.
- ❖ Hiika fi kaayyoo siidaawwan seenaa biyya keenya keessa jiranii ni tarreessu.
- ❖ Maloota gara garaa ittiin siidaawwani fi hojiin ogummaa irra hojjetaman ni addeessu.

Seenaa durii guutummaa addunyaa keessatti bobboca fi hojii ogummaa harkaa gara garaa hojjetamaniiru. Bobbocnii fi hojiin ogummaa harkaa kunis guddina og-aartii seenaa fi aadaa keessatti kaayyoo hiika qabeessa qaba. Qabiyyee kana keessatti qaroomina dhala namatti fayyadamuun kaayyoo bobbocaa fi hojii ogummaa harkaa ni madalta.

Barsiisa barattoonni akka seenaa biyyaa isaani barreessanifi beekan gochuu qabdu. akkasumas yoo naannoo keessanitti bobbocni jiraate deemani akka laalan gochuu qabdu. dabalataanis iddoowwan seenaa qabeessa naannoo isaani akka daawwatan taasisaa.

3.2.1 Bobboca

Bobbocni kallattii sadiin kan ibsamu, damee ogummaa argaa yoo ta'u, hammaa fi qabee kan qabuudha. Akkasumas bobbocni wanta qaqqabatamuudha, namni tokko harkaa isaatin qabatee laalu fi tuquu ni danda'a. Dabalataan yommuu harkaan tutuqu bocaa fi qindoominni adda adda harkaa isaatti dhagayamuu mala. Akkasumas bobboca ilaalun sochii jijjiiramaadha.

Dameen og-aartii kun maloota garagaraa fayyadamuun hojjetamuu ni danda'a. Adeemsoota bobboca karaa baayyee bu'a qabeessa ta'een hojjechuf nu gargaaran keessaa tokko meeshaalee irraa baasuu (carving) fi meeshaalee itti dabaluu (modeling) dha. Bobbocni (siidaan) meeshaalee garagaraa kan akka dhagaa, sibiilaa, seeraamikii, pilaastikii fi k.k.k.f irraa hojjetamu ni danda'a. Biyya keenya keessatti dhagaa guddaa irraa wantoota hin barbaachisne kaasun, siidaan guddaan kan akka Aksuumii fi Laalibalaa hojjetamuu danda'amaniiru.



Fakkii *3.2.1* Siidaa Aksuum





Fakkii 3.2.2 Laalibalaa

Afrikaa keessatti seenaa bobboca jalqaba irratti yeroo ilaalu addunyaa irratti beekamoo kan ta'an bobboca durii Gibtsoota arganna. Gibtsoonnii bobboca jaafoo Fara'oonii fi dirreewwan dhidhimaniin beekamti. Bobbocni kunniin balbala mana mootummaa Gibts durii duratti argamu. Akkasumas, bobbocni isaaniis ulfina qaroominna isaanii bakka bu'a. bobbocni biyyoota Afrikaa lixaa keessattis baayyee wanta baratameedha. Fakkeenyaf jaafoo caalaa bifa haguuggitiin hojjetamaniiru. Haguuggin kunniin yeroo sanatti sirna amantaadhaf hojjetamu ture.







Fakkii 3.2.3 Siidaawwan Gibtsi Durii









Fakkii 3.2.4 Siidaawwan Biyyoota Lixa Afrikaa

Ammallee Eeshiyaa fi Awurooppaa keessatti bobbocni fi siidaan qaama seenaa durii isaanii ibsaan ni jiru. Biyyoota Eeshiyaa keessatti bobbocni fi siidaan haala amantaa isaanii irratti hunda'uun kan hojjetaman turan. Hammi bobboca

isaaniis guddaa ture. Karaa biraatin bobbocni fi siidaan biyyoota Awurooppaa kan biyyoota Eeshiyaa irraa amaloota gara garaa qabu. Xiyyeeffannoon ijoon bobbocni Awurooppaa qabu, yaada bareedina sirritti barsiisuu fi guddisuudha. Bobboca Awurooppaa baayyee keessatti bal'inaan qabiiyyeewwan afoola argina.







Fakkii 3.2.5 Bobboca Jaafoo Biyyoota Eeshiyaa







Fakkii 3.2.6 Bobboca Biyyoota Awurooppaa

3.2.2 Hojii Ogummaa Harkaa

Hojiin ogummaa harkaa kanneen akka meeshaa yookiin hojii aartii, keessumaa meeshaa fedhii arkii'ooloojii irraa kan ka'e, boca hojjetaman yookiin kennaman jechuudha. Namoonnii seena duraani akkasumas aadaa fi qaroomina irratti yeroo qu'annoo gaggeessan odeeffannoo guddaa isaanif kennuuf hojiin ogummaa harkaa

ga'ee guddaa taphateera. Akkasumas hojiin ogummaa harkaa waa'ee qaroomina badanii agarsiistuu kennuudhaf gargaaru. Dabalataan agarsiistoonnii yoo hin jiraanne ta'e ragaa barbaachisu argachuuf akka qabeenya guddatti ilaalamu.

Hojiin ogummaa harkaa bifa gara garaa baayyeen jiraachuu danda'a. Fakkeenyaaf meeshaalee dhagaa, meeshaalee suphee, meeshaalee sibiilaa kan akka meeshaalee waraanaa, saanitima fi meeshaalee dhuunfaa kanneen akka faayaa fi uffataa of keessatti ni qabatu.

Itoophiyaan biyyoota qaroomina durii qaban keessaa tokkoodha. Itoophiyaa keessatti seenaawwan durii baayyeen argamaniiru. Meeshaaleen kunneenis meeshaa saantimoota fi adamoo of keessatti hammata.



Fakkii 3.2.7 Saantima yeroo Mootuumma Aksuum



Fakkii 3.2.8 Saantima Mootuummaa Izaanaa Irraa

Deebii Gilgaala 3.2

1. meeshaalee dhagaa, meeshaalee suphee, meeshaalee sibiilaa kan akka meeshaalee waraanaa, saanitimaa fi meeshaalee dhuunfaa kan-neen akka faaya fi uffataa keessatti ni argamu.
2. Gibtsi
3. Bobbocni wanta qaqqabatamuudha, namni tokko harkaa isaatin tuqee kan ilaalu fi tuquudhan bocaa isaa kan addan baasu dandeenyudha.

3.3 Seenaa Aadaa Naannoo Tiyaatira Fi Fiilmii/Suur-Sagalee (wayitii 4)

xumura qabiiyyee kana booda barattoonni:

- ❖ Beekumsa xabboo tiyaatiraa fi fiilmii/suur-sagalee keessatti akka itti ibsamu ni tarreessu.
- ❖ Qooda aadaan biyya keenya waldhabdee furuu fi hiikuuf qaban ni addeessu.
- ❖ Mammaksoota biyya keenyaa keessattu kan ummaata oromoo haalan ni shaakalu.

Tiyaatira yookiin fiilmii/suur-sagalee keessatti beekumsa biyya keessaa yookiin aadaa ibsuudhaf, namuusa tiyaatirri tokko barbaaduu beekuun barbaachisaadha. Kunis aadaalee fi duudhaa biyyaa keessaa waliitti makuudhan, tiyaatira fi suur-sagalee hawwataa ta'e akkamitti hojjetamuu akka danda'u ilaaluu qabna. Akkaataan agarsiisa tiyaatiraa, fiilmii irraa addaa ba'uu hin dandeenyee jiraachu qaba. Kunis ummanni keenya karaa tiyaatira fi fiilmiidhan akka isaan wal baraan gochuudhaf gargaara. Akkasumas, karaa agarsiisa aadaa wali waliin isaani waa'ee jireenya guyyaa guyyaa akka ibsataniif isaan gargaara.

Beekumsa biyya keessaa tiyaatira fi fiilmii keessaatti ibsuudhaf, seenaa aadaa naannoo sirriitti itti fayyadamuun karaa tokkodha. Seenaan naannoo beekumsa aadaa waan akka salphaa fi qabatamaattii ni fayyadama. Biyyoonnii akka Itoophiyaa, hawaasa biyyaa keessaa jiraatu tokko godhuuf yookaan ummata walii galaani akka jiraatan taasisuuf aadaan naannoo ni jira. Seenaan naannoo, naannoo wajjiin walii galuun, haala qabatamaa hawaasaa ifa basuun akkasumas, rakkinoota yookiin walitti bu'iinsa namootaf furmaata qabatamaa ta'e kennuu danda'u. Akka lammii Itoophiyaatti karaalee itti walitti bu'iinsi furamuu danda'u kanneen akka: sirnaa Abba Gadaa, Zeewelde, Jaarsummaa, Irreecha, Fichee Chambalaalaa fi k.k.k.f fa'a. Sirnoonnii seenaa aadaa naannoo biyya keessaa kunneen barattoota tiyaatiraa fi hojjetoota fiilmii, sodaa seenaan aadaa biyyaa keenyaa baduu danda'a jedhuu ibsuudhaf baayyee gargaara.

Ummanni Itoophiyaa seenaa aadaa naannoo, aadaale baayyee, amaantii, seenaa durduubee, fi qooqa afaanii gara garaa wajjiin ummata saban adda addaa ta'eedha. Hawaasnii Itoophiyaa, jechama mammaaksa jedhamuun karaa salphaa fi qabatamaa ta'een, daa'imman isaanii adabuuf, jajjaabeessuf, taphachiisuf fi gorsuuf seenaa aadaa naannoo isaanitti dhimma ni bahu. Mammaaksii hiima gabaabaa yeroo baayyee ummataan caqafamuudha. Sababnii isaas mammaaksii gorsa sii kenna yookiin waa'ee jireenyaa waa ta'e sitti hima. Dabalataaniis mammaaksii aadaa, sirnaa amantii, siyaasaa fi falaasama hawaasaa keessatti baayyee kan beekamuudha. Hawaasni biyya keenyaa, gammachuu fi gaddaa, qufaa fi dhabiinsa, kabaja fi kabaja kennuu dhabuu isaanii ibsachuuf, ogummaa kana jaarraa hedduudhaf itti fayyadamaa turaniiru.

Mammaaksi Itoophiyaa karaa jechama qaroo ta'een, dhalotaa dhaloottatti daddarbaa kan ture ogummaa gati qabeessadha. Yeroo amma illee jireenya keenya guyya guyyaa keessatti isaanitti gargaaramna. Waa'ee amaantii, jireenyaa, hojii dhimmaa daldalaa, jibbaa, haloo bahu, jaalala, gargaarsa, walta'iinsa, biliisummaa, yaada burqisiisuu, wanta haaraa kalaquuf, fi k.k.f. gorsuudhaf, akkasumas dubbii namoota biroo wajjiin dubbannu jalqabuufis ta'ee xumuruudhaf mammaaksaa akka jecha ogummatti itti fayyadamna.

Akka ummatatti waliin jiraachudhaaf, meeshaa beekumsaa aadaa biyya keenyaa, dubbii guyyaa guyyaan dubbannu keessaatti hawaasa garaa hawaasaatti daddarbaa tureera. Akkasumas hawaasa keenyaf madda beekumsa biyya keessadha.

Waa'ee yaadoota tiyaatiira fi fiilmii keessaatti, barreessaan diraama, daayireekterrii, taatoonnii, qopheessa fi qaamoonni qooda fudhattoonni hundii, beekumsa aadaa Itoophiyaa, hojii aartii isaanii keessatti, fayidaa mammaaksaa akka beeksiisanii fi addessaan ni gorfamu.

Hubachiisa: - barsiisa barattoonni keessan akkaa fiilmii fi aartii barreessan taasisaa. Kunis akka barattoonni beekumsaa fiilmii fi aartii irratti qaban gabbifataniif gargaara.

Deebii gilgaala 3.3

1.Dhugaa

2.Soba

3.Soba

4.Dhugaa

5.Dhugaa

Malleen baruu fi barsiisuu

- barattoonnii garee uumun akkaa shubbisan taasisuu
- daree keessattii mari'achiisu
- -yaadannoo gabaabaa keennufi
- dirree irratti shaakalsiisu

Madaallii

- Ibsaa garee
- Qormaata dirree irraati
- Hojii manaa
- Qormaata qomaa

Meeshaalee baruu barsiisuu

- Kitaabotaa seena biyyaa keenya dubbatan
- Meeshaale muuziqa naannoo kenyaatti argaman
- Iddoowwaan seena qabeessa naannoo isaani jiraan

Deebii Gilgaala Xumura.

I

1.Dhugaa

2.Dhugaa

3.Dhugaa

4.Dhugaa

5.Dhugaa

II

1.D

2.A

3.B

4.D

III

1. Amantaatin

2. Aksuum

3. Araraayiin

BOQONNAA 4

BU'AA MIIDHAGINAA

Wayitii Barnoota Boqonnaa Kana Kenname (12)

Xumura barnoota boqonnaa kanaa booda barattoonni:

- Bu'aa Aartii Sochii qaamaa Hojjechuun qabu ni hubatu.
- Hojii Aartii sochii qaamaa (muuziqaa, shubbisa, Tiyaatira, suursagalee) walbira qabuun madaaluun wal fakeenyaa fi garaagaruumma isaan qaban ni xiinxalu.
- Ergaawwan Meeshaalee hojii harkaa, Ogummaawwan qabatamoo fi Siidaalee biyyaa keenyaa qaban ni dinqisiifatu

Seensa

Boqonnaa darbee keessatti, waa'ee seena siidawwani fi bobboca barannee turre. Boqonnaa kana keessatti immoo ergaa isaani fi meeshaale siidawwani irraa jiran mal akka mul'isan ilaalla. Siidaawwani fi siidaawwan yaadannoo, faayida isaani waliin ibsina. Biftii fi guddinni qaama siidaawwani waan fedhee yoo ta'eeyyuu siidaawwan seenaa barbaachisoo fi qaama siidan ijaarameef san yaadachuuf kan hojjetamaniidha. Siidaawwan kana irratti yeroo tokko tokko mallattoo ifa ta'ee fi ifa hin taane ni argina. Bobbocni qaroomina durii fi seenaa mul'isa. Bobbocni meeshaalee adda addaa irraa kan hojjetamaniidha. Irraa caalan meeshaalee kana baayyee qaalii fi kan hin argamneedha. Mallattooleen bobboca garagaraa irra jiran, bobboca baayyee keessati argamuu ni danda'u.

Wanti miidhagaan ilaalcha ija keenyatti ni tola. Waa'een bareedinaa yeroo dubbatamu, wantii uumama caala bareedu hin jiru jedhamee yaadama. Garuu, harkii ilmaa nama bocaa fi siidaawwan garagaraa bareechee hojjechu danda'eera. Kunis hojii aartii agaree waliin wal fakkaatadha.

Aartiin agaree gosa Aartii ijaan ilaalamaniidha. Aartii agareen ala jiraatun baayyee ulfaatadha. Addunyaa Aartii agareen alattii yoo kan yaannu ta'e, keessa jiraatudhaaf baayyee namatti ulfaata yookaan namatti hin tolu. Aartii agaree mataan isaatu jireenya. Kana jechuun addunyaan teenyaa fi akkaatan nuu itti waa dinqisiifannu aartii keessatti hammatama jechuudha. Aartii sirna kabaja, Aartii seenessa, Aartii meeshaale qabatamaa, Aartii ibsa bareeduma fi Aartii beeksisuu faayidalee shanan aartiin agaree kennudha. Qorannoon aartii agaree faayidaalee fi bu'aawwan garagaraa qabu. Aartiin agaree yaada fi odeeffannoo naannoowwan garagaraa keessa jiru akka guddifannuuf nu gargaara. Kutaa kana keessatti bu'aa miidhaginaa aartii agaree qabu karaalee garagaraan ilaaluu yaala.

Qabiyyee Gurguddoo Boqonniicha

4.1 Bu'aa Aartii Sochii qaamaa Hojjechuu (wayiti 4)

4.2 Hojii Aartii sochii qaamaa (muuziqaa, shubbisa, Tiyaatira, suursagalee) walbira qabuun madaaluu (wayitii 4)

4.3 Ergaawwanii fi Meeshaalee hojii harkaa Ogummaawwan qabatamoo fi Siidaalee (wayitii 4)

4.1 Bu'aa Aartii Sochii qaamaa Hojjechuu (wayitii 4)

Xumura qabiyyee kana booda barattoonni:

- Bu'aa Aartiiin sochii qaama qabu ni addeessu.
- Hiika bareedinaa ni ibsu.
- Ga'ee aartiin jireenya hawaasumma keessatti qabu ni xiinxalu.
- Bu'aa Aartiin agaree uumama naannoo keessatti qabu tokko tokkoon isaani ni tarreessu.

Deebii gocha 4.1

- ❖ miidhagina uumamaa naannoo keenyatti argaman kanneen akka teessuma lafaa naannoo keenya, bobboca uumamaa naannoo keenya, laggeewwan, haraawwan fi wantoota miidhagaa naannoo keenyatti argamu hundaa kaasuu ni dandeessu.

Aartiin akkaa aartii sochii qaamatti yeroo heddu fudhatamu shubbisa. Shubbisni amallii inni ittin beekamu, qaama sochoosuun, shubbifaama. Akka sadarkaa biyyaa keenyattis, shubbisni naannoolee itoophiyaa hedduu keessatti ni shubbifama. Keessattu naannoo oroomiya, Amaara, Tigraay fi ummatoota naannoo kiibbatti baay'innan beekama. Shubisni naannoo kana keessatti shubbifaamu garagaruumma qaba. Fakkenyaaf shuubbisnii naannoo oroomiyaa keessattii shubbifaamu, mataa isaani saaffisaan sochoosuufi moorma isaani miciruun kan shubbifamudha. Keessattu shubbifni shagooyyee jedhamu kan kutaalee harargee keessatti shuubifamuu bayyee bareeda fi kan nama hawaatudha. Shagoyyen amallii inni ittin beekamu keessaa tokko gaamtaan kan shubmuudha. Naannoo arsitti kan jiruu immoo shubbisa miidhagaa fi haala salphan baratamuu qabu. Keessattu warraa dhiratiif hamma tokko rukuttaa sagalee eegatee ol utaalu gaafata. Shubbisonni arsii keessatti beekaman tirrii fi ashoodha. Naannoo shawaatti immoo shubbisni bareedan yeroo baayyee artistoonni oroomo itti fayyadamaan dhichisa jedhama. Naannoo wallagatti immo kan beekamu gelloo jedhama.



Fakkii 4.1.1 Shubbisa Arsii Oromoo



Fakkii 4.1.2 Shubbisa Shawaa



Fakkii 4.1.3 Shubbisa Harargee

Naannoo Amaarattii keessattu goondar fi bahardaaritti kan beekamu shubbisa iskistaa jedhamuudha. Shubbisni kun iskistaa jedhaamuun beekama. Sochii mormaa, gurmuu fi laphee sochosuu gaafata.



Fakkii 1.1.4 shubbisa naannoo Amaara

Naanno ummatoota kibba keessattu waalayita shubbisa sochii qaama sirritti gaafatu ta'ee baayyee ol utaaluun kan shubbifamudha.



Fakkii 4.1.5 Shubbisa Naannoo Walaayitaa

Naannoo Tigrayitis shubbisni beekamu kan naannoo Amaara jiruun bayyee kan wal fakkatu gosa iskistaati.



Fakkii 4.1.6 shubbisa naannoo Tigray

4.1.1 Miidhagina

Jechii miidhagina jedhu jecha giriik ‘’Aisthetikos’’ jedhamu irraa dhufe. Hiikni isaas hawwataa jechuudha. Akkaataa hiikaa galmee hiikaa jechootaa oksifoorditiin miidhagina jechuun bareedina uumamaati. Innis akkaataa bareedumsii ittin ilaalamu fi dinqisiifatamuun wal qabata. Miidhaginnii damee filoosoofii waa’ee gaafii bareedinaa fi mi’aa bareedinaa waliin wal qabata. Filoosoofiin Aartii kallattiidhan miidhagina waliin walitti dhufeenya qaba. Miidhaginnii Aartii gaafilee kanneen ni gaafatu. Aartiin maalinni? hojiin Aartii maalinni? Aartii tokkoo Aartii gaarii kan isa taasisu maalinni?

4.1.2 Bu’aa Artii Agaree

Akkumaa seensa keessati ibsuuf yaalletti, bu’aan aartii agaree kallattiiwwan hedduu irraa ilaalamu ni danda’a. bu’aan miidhaginaa faayidaa bu’uuraa aartiin agaree qabu keessaa isa tokkoodha. Aartiin agaree dandeettii miira gaarii fi miira gaarii hin ta’in agarsiisuu ni danda’a. mee amma faayidawwan yookaan bu’aa shanan aartii agaree haa ilaalu.

1. **Aartii Sirna Kabaja**: - Aartiin kun yeroo sirna kabajaa garagaraa fi yaadannoo keessattii sirnichii haala gaarin akkaa kabajaamu fi miidhagina akka qabuu taasisuuf gae guddaa qaba. Dabalataanis seenaa ummata sirna irratti hirmaatu dhalaa itti aanuuf bifa suuran yookan barreeffaman ka'e dabarsuuf fayyada.





Fakkii 4.1.7 Aartii Sirna Kabajaa

2. **Aartii Seenessaa**: - Aartiin seenessuu waa'ee seena dubbata yookaan qaabxilee seena kaa'a. ummannii tokko tokko seena naannoo isaani jiru ageersisuf seena gamoowwanii fi siidaawwanitti dhimma ba'u. Aartiin seenessuu seena ni ibsa,seena ni dubbata,akkasumas kitaabota seena ni qopheessa. Hallii kun immoo aartii seenessaa jedhama.



Fakkii 4.1.8Aartii seenaa Oromoo durii agarsiisu

3.**Aartii Bareedina Ibsu**: - Aartiin kun uumama, bareeduma ibsuu akkasumas waa'ee miraa dhuunfa artiisti fi ibsaa ittin walii galaan irrattii xiyyeefata. Aartiin kun keessatu uumama bareeda naannoo keenya mul'isuf ga'e gudda qaba. Dabalataanis, haala teessuma lafa ibsuuf yeroo baayyee namoota Aartii Kanaan badhaadhan itti fayyadamu.



Fakkii 4.1.9 Aartii Bareedinaa Ibsu

4.**Aartii qophii yookan oomisha beeksiisu**: - Aartiin oomishaa keenyaa gara gabayattii ittin beeksiifannu Aartii qophii jedhama. Keessattu gamaa miidiyaatin, yeroo oomishaa kenyaa beeksiisu barbaannu Aartii kanatti dhimmaa baana. yaada ibsuu irratti hojjata akkasumas kaayyoo yookaan karoora beeksisuuf, gabaaya, olola fi ergaawwan yaadaa dabarsuufi k.k.f kunneen kutaa kana jalatti hammatamu.



Fakkii 4.1.10 Aartii Qoophii Yookaan Oomishaa Beeksisuu

5.**Aartii Meeshaalee Qabatamaa irraa hojjataman: -** Aartiin meeshaalee qabatamaa hojjatamani yookaan bu'aa kennani aartii qabatamaa meeshaalee jireenyaa keenya guuyyaa guuyyatti ittii fayyadamnu barachuuf kan barbaadamuudha. Isaanis kanneen akkaa hojii suphee, uffata halkanii, meeshaalee mana, meeshaale bareedina, meeshaalee faayaa fi k.k.f of keessatti qabatuu ni danda'a. Aartiin kun meeshaalee namoonni-duur itti fayadaman bocee dhala itti aanuuf dabarsuu keessatti ga'ee gudda kan qabuudha.





Fakkii 4.1.11 Aartii Meeshaalee Qabataamaa Irraa Hojjataman

Hubachiisa Barsiisa Aartii agaree naannoo keessanittii yookaan mana baruumsa keessan keessa yoo jiraate, barattoonni akka ilaalan taasisa. Akkasumas barattoonni Aartii garagaraa harkaa isaaniin akkaa shakalaan yoo gargaartan ogummaa barattootaa aartii irratti qabaan haluuma salphaan guddisuu ni dandeessu.

Barsiisa Aartiwwaan armaan olitti ibsaman kana, barattonni bifa dawwitin ilaalani waa'ee Aartii ilaalani san barreeffamaan akka dhiyeessan taasisaa.

Deebi Gilgaala 4.1

1. Jechii miidhagina jedhu jecha giriik ''Aisthetikos'' jedhamu irraa dhufe. Hiikni isaas hawwataa jechuudha. Akkaataa hiikaa galmee hiikaa jechootaa oksifoorditiin miidhagina jechuun bareedina uumamaati. innis akkaataa bareedumsii ittin ilaalamu fi dinqisiifatamuun wal qabata. Miidhaginnii damee filoosoofii waa'ee gaafii bareedinaa fi mi'aa bareedinaa waliin wal qabata.
2. bu'aan miidhaginaa faayidaa bu'uuraa aartiin agaree qabu keessaa isa tokkoodha. Aartiin agaree dandeettii miira gaarii fi miira gaarii hin ta'in agarsiisuu ni danda'a.

Malleen baruu fi barsiisuu

- Daawwannaa
- Marii
- of-ibsuu/calaqqee shaakalaa
- Ibsa garee
- duub- deebii/yaad-deebii
- kuusaa ragaa /Portifolio/
- Gaaffii qomaa
- Battallee

Madaallii

- Gaaffii qomaa
- Shaakalaa dirree irrattii

Battallee barreeffama

Meeshaalee barnoota gargaaran

- Halluuwwan fakkiin dibamaan
- Qubeessaa
- Waraqaa fakkiin garagaraa irrattii kaafamu

4.2 Hojii Aartii Sochii Qaamaa (Muuziqaa, Shubbisa, Tiyaatira, Suursagalee) Wal Bira Qabuun Madaaluu (Wayitii 4)

Xumura qabiyyee kana booda barattoonni:

- Miidhagina tiyaatira keessatti faayidaa inni qabu ni agarsiisu.
- Faayida miidhagini suursagalee keessatti qabu ni ibsu.
- Bu'aa miidhagina tokko tokkon ni tarreessu.

SHUBBISA

Shubbisni muuxxannoo sochii keessa jirudha. Shubbisni, muuziqaa, sagalee, yookiin callissan yoo wallessameyyu, qabatamaan garuu shubbisni sochii qaama barbaachisoo bakka bu'a. baroota hedduudhaaf hawwaasni gara garaa miira fi gammaachuu isaani ibsachuudhaaf akkasumas namummaa isaani kabajuuf shubbisattii dhimmaa bahaniru.

shubbisnii, of too'achuu, hubannaa, dadacha'uummaa, fi ritimii eegudhaan kophadhanis ta'ee, gareedhan wal dubbisudhan sochii gaggeeffamudha. Namni tokko waan dubbachuun isaatti ulfate tokko qaama isaa sochoosudhaan, yaada isa dabarfachuu danda'a. Sochiin yeroo too'atamu, bocamuu, fi babal'atu shubbisa uuma. Shubbisnii wantoota kan akka yeroo, bakka fi humna yookiin anniisaa hundaa of keessatti qabata.



Fakkii 4.2.1 qindoomina shubbisa

MUUZIQAA

Muuziqaan wal ta'insa muuxannoo dhalli nama bara jiratee keessatti goonfatu keessa qaama isa olaanadha. Yeroo ayyaanoota gara garaa, Sirnaa waqeeffana fi jiuuf jireenyaa guyyaa nama tokko keessatti, gadii fageenyaa fi dheerinna miira kan akka gammachu fi gadda isaa addeessuuf muuziqaan shora guddaa taphateera.

Fayidaan guddaan muuziqaa walii galaa keessa tokko amaloota isaa barruudhaan, guutumaan guututtii jireenya akka hubannu fi gammannu, ni taasiisa. Muuziqaan dandeettii waa kalaquu fi of ibsuu danda'uu akka qabatuuf sii gargaara.

Dandeettii muuziqaa keessatti, yaadoonnii fi miironni kee salpaadhumatti karaa muuziqaa osoo atii hin dubbatin sif dabarsuu danda'a.



Fakkii 4.2.2 Aartistii kabaja Dr Alii birraa

TIYAATIRA

Ka'umsii tiyaatiraa, naannoo fi uumama sirri hubachuu, hariiroo fi walitti dhufeenya namoota biroo waliin qabnu, ogummaa mataa keenyaa waliin qinda'ee Aartii mul'atudha. Karaa afoolaan ummanni baayyeen lammiilee isaanii umuriidhan qodudhan bifaa tiyaatiraan, waa'ee aadaa fi dudhaa isaanii barsiisaa hubachiisa turaniiru.

Yeroo amma kana immoo tiyaatirrii kabajaa ayyana fi diraamoonnii aadaa beeksiisuuf sagalee ta'u danda'era. Kanaafuu jireenya keenya karaa afaanii tuqudhaf, tiyaatira uumu yookiin kalaaqun dirqama. Tiyaatirrii; saba tokko gochuudhaf, beekumsa barbaachisoo dabarsuudhaaf, duudhaa fi aadaa ummataa calaqqisisuudhaaf, taateewwan adda addaa ibsuuf akkasumas yaadachiisuf, hirmaannaa bakka hin bu'amnee qaba. Dhimmoota aadaa, rakkina, fi milka'ina nama tokko calaqqisiisudhaaf, humna cimaa qaba.

Qophiin tiyaatiraa sirriitti qinda'e keessatti, haala yeroo qabannaa, rakkinoota furuu, gareedhan hojjechuu, fi dandeettii gaggeessummaa, gadi fageenyaan akka ati beektuf si gargaara. Aartii keessatti si'ayiinan hirmachuun, hubannoo mataa kee fi kan biroo, namoota biroof gara laafummaa qabachuu fi ofitti amantummaa akka atii argatuuf si gargaaraa.



Fakkii 4.2.3 tiyaatira fakkidhan.

Hubaachisaa: yeroo baayyee waa'een aartii yoo duubatamuu kan sammuu keenyaa keessa dhuufu: tiyaatira, muuziqa, suur-sagalee, ogummaa kaameera kaasuu fi diiraamaa qofaa akkaa aartitti ilaala. Garuu yeroo baay'ee og-barruu akkaa Aartiitti osoo hin taane akka ogummaa biratti fudhatama ture. Boqonnaa kana keessatti aartii dinqisifachun qabiyyee caaccabee as keessatti argaamu waan ta'eef waa'ee og-barruu akka dinqisifannuf qabiyyeen kun nu gargaara.

Og- Barruu

Aartiin Oromoo akkuma kan biyyoota bira bara hedduu dura jalqabuutiin, dheerina umrii kan warra Awurooppaa gadii kan qabu miti. Adda addummaan Aartii Awurooppaa fi Oromoo, kan fi barreeffamaan yookaan bakka bu'aa yaadaatiin dhihaachaa turuusaati. Kan Oromoo ammoo afaaniin yookaan afoolaan daddarbaa dhufuu isaati. Oromoon saba jireenyasaa aartiin wal simsiisee jiraatudha. Aartii muuziqaa, aartii walaloo, aartii bobbocaafi aartii argaati. Qarooma sirna Gadaa irraa kaasee, meeshaalee Aadaa Oromoon itti fayyadami hedduun isaa kanneen aartiidhaan bocamanidha. Sirboota garaagaraatti maqaa baasuudhaa, Mararoo, Geerersa, Mirriga jechuun aartii walaloo guddaa saba qabudha.

Shubbisa /dalaga/ irrattilee dha'aa garaagaraa 20 ol ta'u saba qabudha. Gelloo, Kumkummee, Washabaa, Ragada, Dhiichisa, Shobotee, Shaggooyyee, Gadtumee, Tirrii, Sidaamee, Hammisafi Shubbisa saba qabudha. Gama aartii Asoosamaatiin illee, Afoolota garaagaraa bifa adda addaatiin, Sheekkoo, Oduu durii, Mammaaksafi Raagamtaa jedhee qoodee qaba.

Aartii ammayyaa keessattis, Tiyaatira 1957 Mata duree 'Barumsa' Barreessaan Maammoo Mazammir 'Bara Birraan Bari'e' Haayilee Fidaa, bara 1973. Gama Asoosamaatiin, 'Bu'aa Caafuu Beekuu' Asteer Gannoo bara 1896 Kuusaa Gadoo, Gaaddisaa Birruutiin 1983. 'Hursaa' Luba Dafaa Jamoo 1966 Godaannisa, 1984, Dhaabaa Wayyeessaa Hawwii, 1995 Isaayyas Hordofaa Walalootiin Biliqa 1972 Abdii Xa'aa, Anaaniyaa Asafaa Jaallataa Gama Aartii bobbocaatiin, Jaarraa hedduu dura, Siidaa Piraamedootaa, Aaksum, Laalibalaafi kkf bocuun beekama.

Iddowwan aartiin taajaajila ittii keennu akka armaan gaditti haa ilaallu.

1. Yeroo hojii **daboo** ummanni baayyatanii sirbaan(darassii) wal mirqaansaa hojii akka qonnaa, aramaa, haamaa, dhahiinsa(tumaa midhaanii), mana ijaaruu fi k.k.f osoo hin dadhabne yeroo gabaabaa keessatti xumuruudhaaf itti fayyadaman.

2. Gammachuuwwan akka fuudhaa fi heerumaa keessatti orommon sirbatti fayyadama. Fkn kanneen akka hellee fi dhiichisaa fa'a kaasuun ni danda'ama.

3. Sirba goota, lammii fi biyya faarsu fi k.k.f of keessatti hammata. Sirbootni

kunniinis: shubbisa, ragada, dhiichisa, geerarsa, geelloo, mirrisa, hellee fi k.k.f fa'a of keessaa qaba.

4. Kana malees taphni ijoolle iddoo hundatti bal'inaan taphatama. Yeroo biraa hundaa ga'u ijolleen sirbaa sirbu.

Aartiwwan armaan olitti ilaallee kun aartiiwwwan baayyee beekamoodha. Garuu, namoonnii yeroo heddu og barruu akkaa aartiitti hin ilaalan. Kunis hubannoo dogoggora ummata keenya keessa jiruudha. Karuu og barrun biyyaa keenyaaf buuraa aartii qaroomina tae argaama. Seenaa biyyaa bifaa bareefaman kan ibsuu og barrun ogummaa aartii keessaa isaa tokko tae dandeetti baarreessufi dubbisu akka guddifanuf kan nuu gargaruudha.

Hiika Ogbarruu

Ogbarruun beekumsa/dandeettii ilmi namaa qabu keessaa isa tokkodha. Umrii dheeraa qabachuu, dhimmoota mara waliin kan walqabatu ta'uufi keessa jiraachuun kan hubatamu ta'uun isaa ogbarruun hiikaa fi ilaalcha addaa addaa akka qabatu taasisee jira. Umriin ogbarruu umrii afaan ilma namaatin walqixa jedhameeti tilmaamama. Akkuma wantootaa ilaalcha namoonni ogbarruurratti qabus yeroo gara yerootti, bara gara baraatti, jaarraa gara jaarraatti jijjiiramaa kan ture ta'uu hubachuun ni danda'ama. Kana malees, dhimma ogbarruun hin tuqne waan hinjirreef namoonni dirree beekumsaa addaa addaa jiran hundi akka dhimma isaaniitti waan fudhataniif kallattii beekumsa isanitiin hiika itti kennuu yaalu. kanarraa kan ka'e ogbarruun hiikaafi ilaalcha addaa addaa qabachuu danda'e. ilaalchawwan gurguddoo ogbarrurratti uumamannis kanneen walfaallessan lamatu ture. isaanis"

i. Ogbarruu akka waan barreeffame maraatti
ii. Ogbarruu akka waan barreeffame muraasaatti

Akka ilaalcha isa lammaffaatti barreeffamni tokko ogbarruu jedhamuuf ulaagaalee guutuu qabutu jira. isaanis

- hojii kalqaa ta'uu
- dhugaa tokko akkuma jirutti kan ibsu otoo hin ta'iin bocudhaan jechuun itti dabaluun yookaan irraa hir'isuun mijeessee dhiheessa.
- jechoota ciccimootiin kan barreeffame ta'uu jechoota muraasatti gargaaramuun ergaa bal'aa dabarsa.
- Jechoota miira keenyatti dhiyeenya qabaniin kan guutame ta'uu

Akka ibsa armaan oliirraa hubachuun danda'amutti ulaagaalee armaan olii kan guutu waan barreeffamaan jiru qofa miti. Ogafaan/afoolli caalaatti miira namaa tuqa, jechoota muraasaan ergaa bal'aa dabarsa. Kanaaf adeemsa keessa ogafaan/afoollis akka damee ogbarruu tokkootti ilaalamaa dhufee jira.


Akka waliigalaatti ogbarruun kanadha jechudhaan kaa'uun hindanda'amu. Hubannoo kee gabbiffachudhaaf mee hiika namoota addaa addaatiin kennaman muraasa ilaalli. Ogbarruun (literature)n dhimmoota hedduufi yaada bal'aa qabata. Akkuma hiika isaa dameewwan ogbarruurrattis waliigalteen badaa hinjiru. Yaadni inni caalaatti irratti waliigalamu garuu bakka gurguddoo lamatti isaanis ogbarruubarreeffamaa fi ogafaan/afooladha.

1. Ogafaan/Afoola

Afoolli gosa ogbarruu ta'ee himamsa afaaniitiin dhalootarraa dhalootatti kan darbu

- Afoolli barsiisa, aadaafi seenaa saba tokkooti.
- Afaan kamiiyyuu dubbatamuun eegala. Kanaafuu, bu'uurri afaan barreeffamaa afaan dubbiiti. Kun ammoo afoola.
- Afaaniin waan darbuuf bakkaa bakkatti garaagarummaa, yeroodhaa yerootti ammoo jijjiirama agarsiisuu danda'a.

Og barruu afaani: kanneen akka afoola, fiilmii, doii fi walaloodha



2. Og barruu barreefama


Afoolli hojiiwwan ogbarruu biroo waliin ramadamuu danda'uufi dhiisuusaa, akkasumas hojii ogummaa ta'ee lakkaawwamuu qabaachuu fi dhiisuusaa ilaalchisee gaaffileen jedhaniifi kanniin biroo yeroo addaddaatti ka'aa turanii jiru. Ka'umsa gaaffilee kanneeniitiif ilaalchota armaan gadiitirraa madda.

- Barreeffamaafi Ogbarruu wal qabsiisu
- Afoola Barreebarrefamaa dhaabuu isaatin daanqu
- Afoola gadaa darbee qofatti dangeessu

Bu'aa Og barruun biyyaa keenyaaf gumaache

Og barrun biyyaa keenya keessatti bu'aa guddaa gumachee jira. Garuu ilaalchi nuti og barru qabnu gad bu'a waan ta'eef waa'ee og barru beeku irratti fedhiin kenya gadi bu'e argameera. Keessattu biyya keenya keessatti Ogbarrun akkuma ogummatiti sadarkaa hin ilaalamne irra ga'ee jira. Waan kana ta'eef mee Aartistii beekamaa ta'e biyya keenya qofa osoo hin taane Sadarkaa idila addunyatti kan beekame haa ilalu. Kana beekun keenyas ilaalcha nuti ogbarru qabnu jijjiiruu ni danda'a. Aartiistiin kun Roobaa Qawweessaa/Looreet Tsaggaayee G/Madin jedhama. Akkuuma warkiin ormaa nama hin bareechu jedhamee mee nutis kan biyyaa keenyaa qofaa osoo hin ta'in addunyaan beeka jettee raga baatef aartistii kabajaa kana seena isaa fi gumaata inni biyya keenyaaf oole haa ilaallu.

Roobaa Qawweessaa /Looreet Tsaggaayee G/Madin



Fakkii 2.4.4 Roobaa Qawweessaa

Looreet Tsaggaayeen bara 1928 Shawaa Lixaa naannoo Ambootti dhalatan. Barreeffama og-barruutiif jaalala qabaachuu kan agarsiisan mana barnootaa sadarkaa 1ffaatti jedhama.

Umrii isaanii waggaa 16'n mana barumsaa Jeneraal Wiinget kan Ingiliizin deeggaramu erga galanii ammoo dandeettii aartii isaanii haalaan guddifachuu jalqaban.

Bara 1959 ammoo Ameerikaa., Kutaa Biyyaa Chikaagoo, Yuunivarsiitii Blackstone School of Law'tti carraa barnootaa argachuun deeman.

Booda gara biyyaatti deebi'uun Tiyaatira Biyyaalessaa dursuun hojii isaanii itti fufan.

Bara mootummaa Dargiis itti aanaa Ministira Aadaa fi Turizimii tahuun yeroo gabaabaaf kan hojjetan yoo tahu, hundeeffama muummee Tiyaatiraa Yuunivarsiitii Finfinnee keessattis shoora olaanaa bahataniiru jedha odeeffannon waa'ee isaanii himu.

Looreet Tsaggayeen hamma du'aan bara 1998 boqatanitti hojiilee gurguddoo biyya keessaa fi alatti isaan beeksise hojjetaniiru.

Og-barruu Itoophiyaa keessatti kabajaa Looreetummaa isaan gonfachiise; hayyuu argachuu danda'anidha.

Looreet Tsaggaayee Gabramadihin walaloo, tiyaatira, taphoota gaggabaaboo fi dhedheeraa, diraamaa fi daayireektarummaan hayyuu haalaan beekaman turan.

Waa'ee ateetee, sirna Gadaa, qaroomina ilmaan Kuush, galma Abbaa Gadaa, Awash, Markaatoo, Tewodroos IIffaa, Abuna Pheexroos, Odaa, hojiilee Sheekispiir (Haamleetii fi Oteelloo), hojiilee jireenya ilma namaa, jibba, jaalala, gadda fi gammachuufi kaanis barreessaniiru.

Looreet Tsaggaayen walaloowwan isaanii afaan Amaaraa fi afaan Ingiliziin barreessuun maxxansiisaniiru.

Haa tahu malee innumtiyyuu ofii isaa icciitii ogummaan maramee dhalootni isa leellisu dha, jechuun maqaaTsaggaayee Gabiramadihiin kan ukukkubsan warreen dhiyootti isa beekan qofa miti; warreen hojiiwwan isaa jaalalaan dubbisanii, jaalalaan mi'eefatan malee.

Kitaaba walaloo beekamaa 'Isaat way Ababa,' dabalatee hojiiwwan tiyaatiraa 'Haa Huu Be Sidist War...' Innaat Alam Xannuu yoo barreessu Haamleetii fi Maakbeez immoo barreessaa beekamaa Wiiliyaam Sheekspiir irraa gara Afaan Amaaraatti hiikeera.

Hojiiwwan isaa hog-barruu kunneen Tsaggaayeen Ijjennoo inni jaalala biyyaa, sabboonummaa fi eenyummaa waan himan qabu. Ogeessa kanaaf Itoophiyummaa fi Oromummaan maal walii turan laata? Obbo Miikaa'eel Shifarraaw ogummaan isaa Arkiteektii yoo tahu ''Tsaggaayee jaalalaan dinqisiifadha'' jedha, kitaaba hojii og-barruu Tseggaayee keessaa isa tokko xiinxaluun kitaaba maxxanseera.

Kitaabichi 'Mistirenyaaw Baale Qinee' jedhama.

Tsaggaayeen sookoo fi soorgoon yookiin fakkeenyaan barreessa gatii taheef namni waan inni jedhu hubataa hin turre jedha Mikaa'el.

''Tsaggaayeen waa'ee dhimma tokkoo mirkanaan hin dubbatu, akka gareettis hin yaadu. Dhugaa sabboonummaa Itoophiyummaa fi Oromummaa keessaa baheetu dhugaa isa caalu nutti agarsiisu yaala.'' Jedha Mikaa'el.

Tiyaatira inni xiinxale keessatti namoonni lama harkaa fi miilli isaanii walitti guduunfameetu jalqaba. Kun 'ilmaan haadha tokkoo' tahuusaanii mallattoon haa agarsiisuyyuu malee, yerooma sana immoo deebi'anii wal-loluu jalqabu jedha. ''Wal hin ilaaltanii, wal hin dhaggeeffattani malee dhugaan iddoo tokko qofa hin jirtu jedhee warreen bara sana Ijjennoo siyaasaa isaaniif wal lolanitti hima ture'' jedha.

Haa ta'u malee Tsaggaayeen ''kuni miidheera, sun miidhameera jechuun furmaata kennuuf hin yaalu,'' jedha. Inumaayyuu Tsaggaayeen uummata kanaaf furmaata jedhee kan yaadu, ''dammaquu, ilaaluu baruu dha.'' jedha. Gareen inni tokko waa'ee isa kaanii baruu, qorachuu yoo yaale ifa keessatti wal argu,'' dammaquu jechuun Tsaggaayeedhaaf seenaa keenya baruu, of beekuufi beekumsi bareerra jennu hir'uu akka tahe baruu dha jedha.

Tseggaayeen magaalaa Amboo, bakka Boodaa jedhamutti dhalatee yeroo weerara Xaaliyaanii haati isaa baqataniitu gara iddoo Goromtii jedhamtutti abbaa isaa waliin deeman jedha Mikaa'el kitaaba yoo barreessu waan qo'aterraa. Abbaan isaa Oromoo Maccaa yoo tahan, haati isaa immoo Amaara naannoo Ankoobar dha. ''Haadha isaa Aadde Ballaxach Taayyee Abbaan isaa Finfinneerraa Amboo fudhatee, achi yoo jiraattu jaalalaan jiraatti ture,'' jedha Mikaa'el. Obboleettii Abbaasaa Aadde Argattuu waliin immoo michooma cimaa qabu ture. Aadde Ballaxach mucaa dhiiraa argachuuf bataskaana Aabboof 'silata' galchitee yoo Waaqa kadhattu, Aadde Argattuun amantiinshee Waaqeffannaa tahus waliin Waaqa kadhatti ture, jedhu Obbo Mikaa'el.

Tsaggaayyeen Afaan Oromootiin afaan hiike. Boodammoo yeroo weerara Xaaliyaanii obboloota haadhasaa baqatanii Goromtii dhufanirraa 'Gi'iizii' barate. Abbaan isaa immoo mana barnootaa idilee isa galchan, boodarra mana barnootaa Generaal Wiingeetitti Afaan Ingiliizii isa barreessaan beekamaa Wiliyaam Sheekispiir dubbatu qara'e. ''Abbaansaa muudama haatisaa immoo mucaa wareegaa gatii taheef lubummaa hawwuufi ture."

Kanaaf eenyummaan nama kanaa sadarkaa biyyaatti takkaa wal-jaalachaa, takkaa wal-morkachaati yoo jiraatan ni argina jedha barreessichi. Hawwii haadhasaa guutuuf nama amantii tahuuf yoo yaalu luboota waliin oola, achii dhiisee immoo, qondaalota bira dhaqee achumaan badee hin badu; waan itti mul'ate deebi'ee gaafa barreessu ni hidhamaa, hojiin isaas jalaa ugguramaa ture jedhu Obbo Mikaa'el.


Dhugaa waa'ee biyyaa baruu barbaadus, alaa otoo hin taane Tsaggaayeen of keessaati argachuuf dhama'a ture jedha. ''Itoophiyaa gargar qooduun dhiiga kan koo dhangalaasuu dha," jedha ture jedha Mikaa'el. ''Namni kun Itoophiyummaan ol fagaatee haa deemuyyuu malee, lammii addunyaa hojiiwwan Wiiliyaam Sheekispiir Afaan Ingilizii ulfaataafi wal-xaxaan barreefaman hiikus, Itoophiyummaa isaa qorachaa jiraate.

Oromummaan isaafi Amaarummaan isaa walitti bu'ee isa hin burjaajessu ture; inumaayyuu gara ogummaa fi qorannootti geeddara malee jedha. Haata'u malee loogii fi haqni jallachuu calluma jedhee bira hin darbu ture jedha Mikaa'el. ''Fakkeenyaaf hojiin isaa 'obboleewwan kiyya kan na beeknef haa dhaqqabu ' jedhu waa'ee cunqursaa sab-lammiiwwaniiti odeessa ture.

Kitaaba walaloo 'Isaat way Ababaa' jedhu keessatti, ''Ateetee dubra Oromoo, anaa fi si gidduu qaroomina hin taane jira qomoo...,"walaloon kun ergaa 'namoonni baranne baranne jedhanii of jijjiran, attamiin of gananiifi uummata cunqursan ibsa,' jedha Tafariin.

Karaa Tiyaatira isaallee qonnaan bulaan abbaa lafaatiin miidhamaa ture gad-fageenyaan agarsiiseera. Baay'inaan Afaan Oromootiin hin barreessine jechuun 'sabboonaa miti' jechuu miti jedha. Sababiin isaa immoo yaadni inni akkatti Oromoon addunyaatti beeksifamuu qabu jedhee yaadutu sabboonaa isa taasisa jedha Tafariin.

Fakkeenyaaf tiyaatirri isaa afaan Ingiliiziin barreefame 'Oda Oak Oracale' jedhu yeroo sanatti mallattoo uummata Oromoo Odaa fayyadamuunsaa sabboonummaa isaa agarsiisa jedha.



Fakkii 2.4.5 Kitaaba Roobaa Qawweessaa

''Bara inni jiraate keessa mootoliin nuti sanyii Solomoon irraa dhufne yoo jedhanillee inni nama gurraachummaatti ciche ture,'' jedha Dr Tafariin. Hojiiwwan isaa Adwaa, Tewoodiroos jedhanillee daawwiitii gurraachumaatiin kan faarfamani dha jedha barsiisaa Tafariin. Kanaaf Tsaggaayeen aartii ogummaaf qofa osoo hin taane aadaa uummataa calaqqisiisuuf itti fayyadameera jedha. ''Namoonni tokko tokko sabbonummaa Oromoo jechuun Itoophiyaa jibbuu itti fakkaachuu danda'a.

Tsaggaayeen garuu Oromummaasaa jaalachuun sabboonaa isa taasisa,'' jedha.

Tseggaayee Gabiramadihiin bara 1998tti isaaf lammii Itoophiyaa tahuun maal jechuu akka tahe barruulee 'Ethiopian Review' irratti akkas jedhee ture. ''Itoophiyummaan anaaf nama seenaa, qaroomaa fi aadaa Afrikaa hubatu jechuu dha. Kana qofaas miti; qaroomina addunyaa, aadaa, wal-qixxummaa fi obbolummaa dhala namaa addunyaatti kan amanuudha.

Seenaan Afrikaa durii, seenaa Itoophiyaati. Ammallee kun hin geeddaramu.

Kanaaf akkuma nuti barumsaaf Ameerikaa deemnu isaanis nurraa barachuuf dhufuu qabu. Barachuudhaaf of tuulummaa isaanii dhiisanii, lasummaadhaan lafa akaakilee isaaniirra barachuu qabu,'' anaaf Itoophiyummaan kana jedheetu ture.

Miidhaginnii kan inni ibsuu, waa'ee uumama aartii akkasumas hojii aarti kan itti madalaamani fi kan itti hiikaman. Miidhaginnii falasaama aartiidha. Muuxannoon miidhagina hojiicha hubachuu fi dinqisiifachu irraa kan argamudha. yaadrimee ogumaa aartii keessatti, hojii aartii irraa xiyyeefaannoo nama harkiisu argachuun siimboo jedhamee beekama. Yeroo hiikaan isaa daawwaattoota bira gahuu fi muuxannoon miidhagina ittin argamu mirkaneeffamu ta'uun isa beekamaadha. Dimshaashumattii ogummaan bareediina hojii aartii tiyaatiraa, og-barruu, daayireekteraa, taatoota yookiin ogessaa aartiitiin dagataman hunda haguuga.

Addunyaa Aartii keessaa yookiin saniin boodaas yeroo deddebitaan wantootni isin gammachiisani hundi waa'ee bareedinaa wantii raawwaatamuu kamiiyyuu akka yaada qoraannoottii waamamuu danda'a. Asitti jechi gammachuu jedhu miira ogummaa Aartii irraa yookiin hojii Aartii kanneen akka tiyaatiraa fi viidiiyoo irraa bareedina yookiin miidhagina argamudha.

Yaadrimeen ogummaa miidhagina hojii aartii (tiyaatiraa fi fiilmii) madaaluuf gargaara. Tokkon tokko hojii aartii (tiyaatirrii fi fiilmiin) yaadrimee, kaayyoo fi yaadrimichii akkamiitti sammuu daawwattoota biraan qaqqabuu danda'u. karaalee gara garaa akka inni madaalu beekamaadha. Muurtoowwan akkanaa kaayyoo hojii artii dhiiyaatee murteessa. Akkasumas muuxannoo fakkii hojiichaa irraa argamee murteessa.

Yeroo yaadrimeewwan miidhaginaa dubbannuu gara sammuu keenyaa wantii dhufu inni jalqaba filaannoodha. Miidhagina ibsameef xiyyeeffannoo kennuun qeeqaa fi mirkaaneessa daawwattoota argachuudhaf qajeelfama bu'uuradha.

Miidhaginni ibsama jiru, ogummaa duuwwaa miti, namoota seenaa dhugaa fi taatoota fakkeessan wajjiin argaawwan ilaalaman irraa jalqabee qabatamatti hoji hojjetameedha. Hojiin akkasii fakkeessiituu yookiin bakka bu'aa taatoota jedhamee waamamu danda'a, yookiin dhugummaa (realism) jedhamuu danda'a

Miidhaginni siimboo isaa kan inni argatuu, yeroo aartii qulqullina qabu daawwattotaa biraan gahuu dandeenye duuwwadha. Akkasumas kalaqaawwan agaree (visual creativity) fi qophiin isaa daawwattootaf gammachuu qabatama kennuu miti. Garuu akkaata itti agareen sun hojjetamuu irraattii xiyyeeffannoo kenna.

Kaayyoowwan hojiin Aartii itti hojjetameef, agaree kalaquu duuwwan qulqullinnii hin mirkanaa'u jedhameeti. Miira keenya nama tokko irraa gara nama biraattii miirota daddaabarsanidha.

Fiilmiin rakkoowwan jireenya hawaasummaa keessatti mul'atan karaa ifaa ta'een hawaasicha barsiisuu danda'a. Fakkeenyaaf rakkinoota yeroo amma addunyaa irratti furmaata dhabaan kannen akka dhukkuba **Hiv, Koroona Fi Iboola** karaalee isaan ittin dadarbanii fi miidhaa isaan dhala ilmaa nama irraan ga'a jiraan karaa fiilmiin barraayee ummanni barumsa irraa fudhataa jira.

Inniis baayyee kan hammataman maaloota, teekniikoota, humna namaa, meeshaalee, akkasumas gama argii siiniima barreessuun hirmaanna jiruu fayyaadamuun tokkummaa aartii lamaan (suur-sagalee fi qoophii teeleeviizhinii) qoftii agarsiistuu guddaadha. Caasaalee barruu qopheessuu, sagantaa seenaa barreessuu, fi dabalataan fakkii socho'uu tokkoo hojechuuf dandeettii taatootaa hirmaatani, hojjettootaa, fi daareekteeroota of keessattii dabalata.

Akkuma tokkummaa utubaalee lamaan Aartii, tokkuummaan yaadrimee miidhaginaa fi suur-sagalee kan inni mul'atu fiilmoota sinimaa keessatti mul'ataan irraayi. Tajaajiila aartii gara garaa keessattii fiilmiin tokko akka kuusaa guddaa tokkootti ilaalamuu ni danda'a. Fiilmoota tarreeffaman keessaa, muraasnii isaanii sinimaa addunyaa keessatti seenaa hin irraafatamnee hojjechuu danda'aniiru.

Bareedinni fi siimboon hiikaa hojichaa kanneen murteessan bu'uura fi amaloota miidhaginaati. Akkasumas miidhaginnii tuuta dambii (qajeelfama barraaye) ta'ee Aartii keessattii waa'ee uumaama bareediina fi dinqisiifannan kan wal qabatuudha. Tiyaatirri mataan isaa wantoota kannen akka diraamaa qajeelchuu, taatuummaa, qeeqaa, wixineessuu, fi malootaa ogummaa aartii gara garaa kan of keessatti hammateedha. Karaa biraatiin: hiika ibsuudhaf, jechoota, sagaloota, sochii fi ruqoolee gochaa fi agaree (visual elements) walitti kan qindeessu bifa Aartii jedhamee beekama. Gosnii barnoota tiyaatira hojii fooyya'ee fi barraa'ee kallattiidhan darbuu qofaa miti. Miidhaginnii Aartii keessa jiruu duudhaa walii galaa hawaasa tokko calaqqisiisa. Qaamonni aadaasirritti beeksiisan kanneen akka Aartistoota, tiyaatiraa, taatootaa, qopheessitootaa, fi barreessitoota aadaa ummataa keessa jiru sirriti ibsu. Akkasumas qulqullina yaadan fedha daawwaattoota finiinsu. Ergaa dabarsuu barbaadan gabaabsuudhan wal qabate, amaloonnii aadaa tiyaatiiraa akaakuu barruulee kamirraayyuu addaadha. Akka tiyaatiiraatti raawwiin jalqaba osoo hojiin hin jalqabiin, akka gulaalamu san boodaa shakkii tokko malee taphachuuf wantoota taasiisan qabaachuu qaba. Heerri miidhaginaa fi amaloota dubbii tiyaatiraa, kan akka qulquullina miidhagina tiyaatiraa kan qaban wajjiin kalaqa tiyaatiraa hawwataa taasiisa.

Taphoonni tiyaatiraa dhugumaan dubbisuudhaf qaama og-barruu miti, sababnii isaas taphnii tokko yoo xiqqaatee safartuuwwan sadii qaba: 1) akka ilaalcha daawwattootattii ijaa keenya duratti barruu adeemuu fi dubbatamuudha. 2) ijji keenya wanta waraqataa irra jiru akka hubatuu fi nuuraan akka mallattoolee sana gara argaattii (sight), sagalee fi gochoonnii akka wal jijjiiramuuf kan yaadamee miti. Barruun taphiichaa waltajjii irratti jechaa fi qaaman gara argaa, sagalee fi gochaattii hiikuudha. 3) barruun tiyaatiraa karaa adda ta'een dubbifama.

Taphoonnii tiyaatiraa qaama qofa waan ta'eef akka wan hundaan guutuu ta'eetti osoo hin taane, akka hir'uuttii dubbifama. Tiyaatira keessatti, akka hojii og-aartii tokkootti namni tokko yookiin hirmaatootan ilaalamuu wanta danda'amuudha. Yaannii baareedina akkasumas agaree wajjiin kan wal qabate waan ta'eef bareedina hojii diraamaa guutumaan guututtii hubachuun ulfaatadha.

Tiyaatirri wantoota akka gammachuu, mukaa'uu yookiin cinqamuu miiroota miidhagina ni qorata. Kanaafuu barruun tiyaatiraa, hojii isaa yaadun kan barreeffamee, kallattii waltajjii san duubatti akka hojjetamuuf wantoota taasisan caasaalee addaa beekaman fayyadamuun caalaattii yaada amansiisudha. Sababbii kanaaf tiyaatirri uumama keessatti gosa hojii raawwii aartiidha. Jechii diraamaa jedhu hojii tiyaatiraa hojjetamu kan agarsiisu hiriiyyaa tiyaatiraadha. Hojii tokko tiyaatiraa sirrii taasisuuf bakkii itti ilaalamuu fi bakkichatti wantoonnii hojjetaman hundi diraamaadha.

Akka og-aartittii, tiyaatirrii wantii tokko yeroo ilaalamuudha. Kana jechuun, waa'ee raawwii wan tokkoo yeroo itti ifa baasuudha. Tiyaatirrii tapha garaa hojiitti, keesattuu tapha garaa hojii og-aartiittii jijjiirudha. Kanaafuu, yeroo baayyee qaamoota hirmaatan anniisaa fi yaadoota hunda ni dadaamaqsa yookiin ni jajjabeessa.

Tiyaatirrii hojii og-aartiidha. Jechii og-aartii jedhu yaadota hin qabatamne gara sammuuttii fida; isaanis kalaqa, nuuraa saammuu (imagination), siimboo, humna yookiin aangoo, walsimannaa miidhaginaa, fi sirruummaa bocaadha.

Dabalatan, hojiin og-aartii, hafuraa nama wan tokko qabuu fi qaamoota miiran tuquudhaf, garuu beekumsaa keessaattii kan hin argamnee, fi hiika jireenya dhugaa keessattii wantoota eegamaniidha.

Tiyaatira keessattii, taphichi hojii og-aartii ta'uudhaf kan bocame, fi caaseeffame kutaa jireenyadha. Innis tokkummaa caaseeffamee yeroo tokko tokkoo qeeqaa, yeroo tokko tokkoo immoo ulfinaa fi bitaa galuumma jireenyattiif boqoonna kenna. Barruu akkasumas qaama og-barruudha.

Diraamaan hojii kallattiidhan ilaalamu yoo ta'uu, haaloonnii irra deddebi'amaan tokko tokkoo miidhagina tiyaatiraa hojjechuu fi barreeffama barruu maxxanfamee keessatti qabame ta'u danda'a.

Miidhaginnii tiyaatiraa keessattii boca sadii qabata: a) ibsiitu duudhaa (normative) b) agarsiistuu (descriptive) c) qoophii (production) dha. Duudhaan miidhagina tiyaatiraa haala yeroo irrattii hunda'uun barruu qoophaaye tokko madaaludha. Agarsiistuun miidhagina (descriptive aesthetics) tiyaatiraa, gosoota tiyaatiraa, akkasumas akaakuu simannaa fi deebii tiyaatiraa ramaduudha.

Qophii miidhagina tiyaatiraa keessattii barruu taphichattuu xinxalama. Kaayyoo barreessaa fi deebii daawwaattoota yaada keessa galcha. Qophii tiyaatiraa keessatti miidhagina ibsuudhaf, safuuni fi naamuusni akkasuma yaada keessa ni galu.

Tiyaatirrii dame aartii gochaa ta'ee, miseensaa addaa gosa og-barruudha. Amalli diraamaa ijoon kan akka gabaabsanii ergaa tokkoo dabarsuu, ikoonomiidhan, ciminnaa fi dabaan karaalee hedduun ilaalamuu kan inni danda'u, dandeetti raawwachiisummaa isaa irrattii hundaa'udhani.

Karaa biraatin, akka akaakuu og-barruutti, akkasuma barruun tiyaatiraa bu'aa miidhagina kalaqoota og-barruu kan biroo wajjiin wan hedduu irratti waliin qooddatu. Kunis caalatti afaanoota keessatti hammatamee jira.

Dinqisiifannaan aartii kan inni agarsiisu, akaakuu aartii banaa ta'ee tokko, qorachuu fi xiinxaluu danda'uudha. Filannoo nama dhunfaa tokko irrattii hunda'uun dinqisiifannaan aartii yaada nama dhunfaa ta'u danda'a. Yookiin ruqoolee saxaxaa fi ogeessoota irratti hunda'uun ragaa isaa xiinxaluun ni danda'ama.

Yaadrimee suursagalee keessatti, miidhaginni haalata fi bifa fiilmii tokko agarsiisa. Haala kana keessatti, qopheessan haalata (style) fiilmii tokkoo hubachuuf walta'insa ruqoolee ni fayyaadama. Kunis daawwaattoonni nam-fakkii, haalootaa fi bakkeewwan karaa adda ta'een deebii kennuudhaf balbala bana.

Akkaatan ijaarsa fiilmii, qopheessaa tokko ergaawwan isaa akka qoratuu fi daawwattootaf dhaamsa isaa akka guddiifatuuf isa dandeesiisa. Fiilmiin tokko akkamitti akka ijaarame wayita barannutti, ruqoolee armaan gadii hubachuun bu'uraa hojiichaati.

A) Sinimaatoogiraafii (cinematography): daawwaatoota akkamitti akka itti dhimma bahan yaada keessa galchuudhaf sinimaatoogiraafiin ruqa barbaachisaadha. Sinimaatoogiraafiin aartii kaameraadha. Bakka ta'ettii akkamitti akka socho'uu fi ifu adeemsa taasifamuudha. Akkasumas qaama sochii irra jiruu akkamitti qulqullinni kaameeraa eegame suuran itti fudhatamuu ibsa.

B) Suuraa kaameraadhan waraabuu: waraabbin battala miira fi hiriyyuummaa ol'aana ta'eetiif kan qophaayedha. Waraabbin dhiyeenyan kaafamu daawwattoonni akka isaan miira isaanii wajjiin akka wal qunnaman isaanif eyyama.

Giddu galeessan warabuun kofti kaameraa agooda (torso) irraa gara mata isaattii jiran agarsiisa. Fageenya irraa warabuun dheeriinna guutuu taatoota agarsiisa. Akkasumas kophummaa isaanii agarsiisudhaf illee ni tajaajila. Fageenya baayyee fagoo ta'e irraa waraabun, yeroo baayyee iddoo hundeessudhaaf, yookiin bu'aawwan addaa agarsiisuf ni gargaara. Kofti olaanan yeroo kaameraan ol jedhee taa'u, kaameraan bakka ol jedhaa irra taa'ee, isaan gadii yeroo ilaaludha.

Kofti baayyee guddaan waraabbii daayyaa (view) ija sinbirroota jedhamee beekama. Warabbiin kofti gad aanaan yeroo kaameraan mataa abbaa kaameraati gadi ta'udha. Kaameraa bakka ol jedhaa irraa dhaabudhaan daawwattoonni bakka gadi aanaa irra ta'uun ol jedhanii akka ilaalan gochuudha. Kofti baayyee gad aanaan warabbii daayyaa ija raammoo jedhamee waamama. Warabbii tuqaa daayyaa (point of view): waraabbiin tuqaa daayyaa yeroo baayyee karaa ija taatootattiin kan waraabamuudha. daawwaattoonnii muuxannoo isaani akka qoodaniif eyyamuudhan daawwattoonni deebii taatootaa salphaadhumatti akka hubatan isaan dandeessiisa.

Walumaa galattii aartiin tiyaatira yookiin suursagalee daawwaattootaf qabiyyee fi ergaa isaa dabarsuuf karaa hawaasummaa, diinaagdee, aadaa, siyaasaa, fi aartiidhan bu'aa guddaa ni qabu.

Deebii Gilgaala 4.2

1. Yaadrimeen ogummaa miidhagina hojii aartii (tiiyaatiraa fi fiilmii) madaaluuf gargaara. Miidhaginni siimboo isaa kan inni argatuu, yeroo aartii qulquullina qabu daawwaattotaa biraan gahuu dandeenye duuwwaadha.
2. Yaadrimee suursagalee keessatti, miidhaginni haalata fi bifa fiilmii tokko agarsiisa.
3. Yeroo yaadrimeewwan miidhaginaa dubbannuu gara sammuu keenyaa wantii dhufu inni jalqaba filaannoodha. Miidhagina ibsameef xiyyeeffannoo kennuun qeeqaa fi mirkaaneessa daawwaattoota argachuudhaf qajeelfama bu'uuradha.

Malleen baruu fi barsiisuu

- Muuziqaa, shubbisaa fi Tiyaatira fiilmii/suur-sagalee/ dinqisiifachuu
- Shaakala
- Ibsa
- Daawwii
- Gaafilee gilgaala hojjachu
- Marii

- of-ibsuu/calaqqee shaakalaa
- Ibsa garee

Madaallii

- qormaata daree
- Gaaffii qomaa
- Battallee

Meeshaalee barnoota gargaaran

- meeshaalee ribuu/kirrii,
- meeshaalee Afuuraa fi meeshaalee muuziqaa naannootti argaman
- fakkiiwwan meeshaalee sagalee suur sagalee
- kuusaa raga

4.3 Ergaawwanii Fi Meeshaalee Hojii Harkaa Ogummaawwan Qabatamoo Fi Siidaalee (wayitii 4)

Xumura qabiyyee kana booda barattoonni: -

- Ergaawwan siidaa irratti barrefamaani jiraan mal akka mulisaani fi maalif akka barreffamaan ni addeessu.
- Ogummaawwan qabatamoo bu'aa maali akka hawaasaa naannoof qaban ni ibsu.
- Siidaawwan biyyaa keenya keessa jiran ni tarreessu.

4.3.1 Siidaawwan

Siidaawwan yaadannoo seenarra fi qabiyyee aadaa irraa adda baafnee ibsuun hin danda'amu. Siidaawwan seenaa fi qabiyyee aadaa, yeroo baayyee hiikaa yaadannoo of keessatti qabatu. Ammaa immoo siidaawwan magaala Finfinnee keessa jiruu fi magaalota oromiyaa keessa jiru akka armaan gadittii ilaala.

1. Siidaa Yaadannoo Guraandhala 12 (Magaala Finfinnee)
2. Siidaa Artiistii Hachaaluu Hundessa (Magaala Amboo)
3. Siidaawwan Galmaa Gidduu Gala Aadaa Oromoo (Magaala Finfinnee) keessaa jiraan

1 Siidaa Yaadannoo Gurraan Dhala 12

siidaan gurraan dhala12, guraan dhalaa 19 1937 maarshal redolfoo giraziyaani yookaan akka lakkoofsa itoophiyaatti gurraandhala 12 yaalii ajjeechan walqabsiisee gadoo xaaliyaanin baafachuf goote akka yaadannootti kan hojjetameedha. siidaan yaadannoo kun kutaa lamatti qoodamee ilaalamu ni danda'a. Namoonni gara gaditti jiran weerara xaaliyaani duraa fi miidhaa ummata san irra ga'e kan agarsiisu ta'a. Qaamni bobboca gara olii jiru ummanni hagam akkaa gammade kan agarsiisudha. Siidaan Yaadannoo kun kan irraa hojjetame dhakaa seeramikii fi nahsa irraa hojjetame.



Fakkii 4.3.1 Siidaa gurraandhala 12

2.Siidaa Artiistii Haachaaluu Hundeessa (Magaala Amboo)

Haacaaluun magaalaa qabsoo Oromoo finiinsuun maqaan ishee ka'u Ambootti, Abbaasaa Hundeessaa Boonsaafi harmeesaa Guddattuu Horaa irraa ALI Muddee 22, 1976 (ALA 1984) dhalate.

Weellisaa Haacaaluun waggoottan 10 darban keessa wallee qabiyyee quuqqaa ummataa ibsan weellisuu fi waa'ee ummataa ifatti dubbachuun gurra horate.

Umrii isaa 36'tti du'uu isaa dura albama lama kan dalage yoo ta'u albama sadaffaa mal mallisa jedhuu qopheessaa osoo jiruu du'aan boqate. Haa ta'u malee seena rirmii hin nyaattuu akkuma jedhame, albamni haacaaluu iddoo inni lubbuun hin jirreetti, akkaa idilaa addunyaatti rikardiwwan jiran cabsuun tokkoffaa baye. Uummanni Oromoo kabaja fi jaalalli haacaluu qabu yoomu kan hin moofnee ta'ee oonnee isaani keessa akka jiraatu gamaa midiyaanis ta'ee hasaawa isaani irratti ni mul'ifatu.

Walleewwan inni hojjete keessumaa mormii ummataa bulchiinsa Ministira Muummee kabajamoo dr Abiy Ahimad aangotti fide kan utubeedha.

Keessumaa hojiin isaa Maalan Jiraa jedhuu fi babal'achuu magaalaa Finfinneerratti sirbe dinqisifannaa hedduu kan argateefi kan jaallatame ture.


Kana ibsuufis, ''Muuziqaan anaaf jireenyakooti. Firan itti horadhes diina itti horadhes,'' jedhee dubbate. Hacaaluun Waxabajjii 22 bara 2012 Magaalaa Finfinnee kan ajjeefame yoo ta'u awwaalchi isaa Waxabajjii bultii 25, bara 2012 magaalaa Amboottii raawwate



Fakkii 4.3.2 Siidaa Artiistii Haacaaluu Hundeessaa bakka Awwaalcha isaatti ijaarame



Fakkii 4.3.3 Siidaa artiistii haacaaluu hundeessaa magaala amboo



Fakkii 4.3.4 Ergaa barreefama siidicharratti argamu.

3 Siidaawwan Galmaa Gidduu Gala Aadaa Oromoo Keessatti Argamaan (Magaala Finfinnee)

Maqaan Galma kanaa akkuma mata duree irraa mul'atu Jiddu Gala Galma Aadaa Oromoo magaalaa Finfinnee jedhama. Iddoon gaalmichii itti argaamu, Isteediyoomii guddicha magaalattiin qabdu fuuldura gamoowwan biraa irra ol guddatee mul'ata.

Siidaawwan galmaa keessa jiraan ilaalun dura mee waa'ee galmaa muraasa haa ilaalluu. Galmii kun siidaalee heeddu of keessaa qaba. Akkasumas naannoo lafa heektara afurii irraa dhaabbatee argama. Keessi galmichaa baayyee bareeda fi gammowwan sagal kan of keessaa qabuudha. Lakkoofsii galmiicha keessatti wantoonni ittin ibsamaan hundi shan-saddet shan-saddet ta'ani wal qabatuu. Kunis Saddeettan bara Aangoo Abbaa Gadaa fi shanan marsaa sirna Gadaa calaqqisiisuf itti yaadamee kan ta'ee dha. Galmichaa keessatti siidaawwan argaman maqaan isaanii akka armaan gaditti kaa'amaniiru.

1, Siidaa Abbaa Gadaa fi Haadha Sinqee

2, Siidaa Maatii Warra Irreessa Irreeffatanii.

3, Siidaa Abbaa Duulaawwani saglaan

4, Siidaalee haala godinoota Oromiyaa calaqqisan / cultural zone /

5, Siidaale Walta'insa Miidiyaa

Jiddu galli galma kanaa karra seensaa fi bahiinsaa 3 kan qabudha.





Fakkii 4.3.5 Siidaawwan Galmaa Gidduu Galaa Aadaa Oromoo keessa jiran

4.3.2 Bobboca

bobbocni qaroomina ummataa tokkoo kan ibsuudha. Bobboca keessatti seenaa adda addaa waa'ee qaroomina ummata keessa ture fi itti fayyadamaa turan ni argina. Harkii irraa caalan bobbocaa warqii fi dhakaa baayyee qaali ta'e irraa hojjetamu. Bobbocni kunneenis akaakuwwan adda addattu jiru, isaan keessa saantimaa, faaya adda adda fi meeshalee garagaraa ta'uu ni danda'u. Biyyaa keenya keessa qaroomina duraani irraa bobbocni garagaraa ni jiru. isaan keessa santiima fi faaya yeroo duraani fakkii armaan gadii irratti ilaalu ni dandeessu.



Fakkii 4.3.6 saantiima mooti hayilasillaasee



Fakkii 4.3.7 saantimaa yeroo aksum





Fakkii 4.3.8 faayota harkaa (gumee) yeroo duraani

Deebi gilgaala 4.3

1. siidaan guraan dhalaa12, guraan dhalaa 19 1937 maarshal redolfoo giraziyaani yookan akka lakkofsa itoophiyaatti guraandhala 12 yaalii ajjeechan walqabsiisee gadoo xaaliyaanin baafachuf goote akka yaadannootti kan hojjatamedha.

2. Maqaan Galma kanaa akkuma mataduree irraa mul'atu Jiddu gala Galma Aadaa OROMOO magaalaa Finfinnee jedhama. Steediyoomii guddicha magaalattiin qabdu fuuldura karaa Lagahaar irraan gara Magganaanyaa dhaqu irratti argama. Bakkichi dur yawattaaddarooch migib maaddaraajjaa / qindoomina / nyaata hoomaa waaraanaa jedhamees beekkama. Innis aadalee fi seenaa ummata oromoo mul'isa.

Malleen baruu fi barsiisuu

- Shaakala
- Ibsa
- Daawwii
- Gaafilee gilgaala hojjachu
- Marii
- Of ibsuu/calaqqee shaakalaa
- Ibsa garee

Madaallii

- Of ibsuu
- Ibsa garee
- kuusaa ragaa /Portifolio/
- Gaaffii qomaa

Meeshaalee barnoota gargaaran

- ❖ Meeshaalee hojii harkaa Ogummaawwan
- ❖ Siidaawwan naannoo keessanitti argaman
- ❖ Meeshaalee bobboca naannoo keessaniti argaman kan akkaa faaya fi meeshaale bareedina agarsiisanitti fayyadamuu ni dandeessu

Deebii gilgaala walii galaa

I Ajaja tokkoffaa

1.soba

2. soba

3.soba

4.dhugaa

5.soba

II Ajaja lammaffaa

1.B

2.A

3.B

4.B

5.D

III Ajaja sadaffaa

1.sinimatoograafi fi suura kaameraan warabuu

2.

- ergaa siidaa barreffaman
- meeshaalee irraa hojjatame

3.magaala Amboo muddee 22,1976 ALI

4.siidaan bobboca yaadannoo ibsuudha.

5.

- gamachuu
- mukaa'u
- cinqamuu miira
- miidhagina

BOQONNAA 5

HARIIROO

wayitii barnoota boqonnaa kanaf kenname (10)

Xummura boqonnaa kana booda barattoonni:

- ✓ Yaadrimee gocha fi agaree aartii gosa barnoota kan biroo wajjin qabu ni hubatu.
- ✓ Yaadrimee ogummaa mul'atoo muuziqaa fi tiyaatira keessatti ni beeku.
- ✓ Gumaacha aartiin addunyaaf late ni dinqisiifatu.

Seensa

Aartiin agaree gosoota barnootaa kan biroo waliin yeroo walitti makamu karaalee ijoo ta'an gosa lama ni fayyaadamna. Inni jalqabaa fakeenyaaf gosa barnoota kan biroo baarachuu cimsachuudhaf, aartiin agaree dandeettii fi beekumsaatti fayyaadamuun, fakkiiwaan herreega fi saayinsii keessa jiran kasuudhaf dandeetti fakkii kasuu kenyaatti dhimmaa ni bana. Inni lammaffaa immoo saayinsii seenaa fi hawaasummaaf hubannoo foyya'a argachuudhaf aartiin agaree faayidaa guddaa qabu. Kanaafuu boqonnaa kana keessatti aartiin gocha fi agaree saayinsii hawaasummaa waliin hariiroo qaban irraattii xiyyeeffanna.

Hojiin ogummaa harkaa aadaa, seenaa fi aadaa hawaasa tokkoo qaama ijoo ta'edha. Hojiin ogummaa harkaa seenaa fi dudhaalee hawaasa gara garaa gadii fageenyaan kan eerudha. Akkuma beekamu, qoraannoon hawaasaa gosa barnoota waa'ee seenaa fi duubdubee hawaasa tokko kan xinxaluudha. Akkuma armaan olitti ibsuudhaf yaalleettii, hojiin ogummaa harkaa kutaa yookiin qaama seenaa dhalaa namaa keessa tokkodha. Akkasumaas hojiin ogummaa harkaa hojii aartii gochaa fi agareedha.

Boqoonnaa kana keessattii kaayyoo waliitti fiduu hojii ogummaa harkaa seenaa fi aadaa akkasumas qoraannoo hojii aartii gochaa fi agaree fi hawaasa kan hubattuu ta'a.

Qabiyyee Gurguddoo Boqonniicha

5.1 Yaadota bu'uuraa Barnoota Aartii Gochaa fi Agaree fi Ogummaa mul'atoo gosa barnoota biroo waliin hojiirra oolchuu fi dhimmoota xiyyeeffannoo barbaadan

5.1. Yaadota Bu'uuraa Barnoota Aartii Gochaa Fi Agaree Fi Ogummaa Mul'atoo Gosa Barnoota Biroo Waliin Hojiirra Oolchuu fi Dhimmoota Xiyyeeffannoo Barbaadaan (10)

Xumura qabiyyee kana booda barattoonni:

- ✓ Barnoota Aartii Gochaa fi Agaree gosa barnoota biroo waliin walqabsiisani ni ibsu
- ✓ Yaadrimee ogummaa mul'atoo muuziqaa fi tiyaatira keessatti mul'atan ni addeessu.
- ✓ Hariiroo hojiirra oolmaa hojii harkaa fi ergaawwan barbaachisoo Aadaa qabatamaan ni ibsu.
- ✓ Hariiroo hojiirra oolmaa hojii harkaa fi ergaawwan barbaachisoo Aadaa qabatamaa hubachuun seena biyya keenya ni dinqisiifatu.

Deebi Gocha 5.1

Daawwatoota kallattii, taatoota kallattii (taatuu fi ta'aa), shubbistoota fi taphoota muuziqaa qabata.

Gosa barnootaa kan biroo wajjiin raawwii gocha aartii ilaaluu keenyaan dura, hariiroo tiyaatiraa fi muuziqaa gidduu jiru akka mata-duree ijoo tokkootti ilaaluun barbaachisaadha. Ogeessi muuziqaa, muuziqaatti gargaaramee miira og-aartii ykn ogummaa aartii keessa keenyaa mul'isudhaaf: jaalala dhugaa agarsiisuf, gocha isaa irratti duub-deebii kennuudhaaf, aartii muuziqaa hojii isaa keessatti

akka qophii tiyaatiraa qaama ijoo ta'uudhaan, muuziqaa fayyadamuu ni danda'a.

Karaa birootin ogeessi tiyaatiraa yeroo tamsaasa tapha diraamaa ykn qophii tiyaatiraa kallattiidhaan, daawwattoota duratti wayita hojjetu yookaan waltajjii irratti yeroo dalagu muuziqaan ogeessi sun itti fayyadamu ergaawwan kanneen armaan olitti ibsaman dabarsuu danda'uu qaba.

Tiyaatira ogummaa muuziqaa fi ogummaa tiyaatiraa walitti qindeessuudhaan hojjatamu dalaguuf, qindoomina muuziqaa karaa of keessatti qabateen hojjachuun dirqaama. Akkaataan raawwachisummaa ruqoolee ykn elementoota isaan keessa jiran, qophii tiyaatirichaa keessatti bal'innaan tiyaatira muuziqaa ibsuuf hojii irra ni oolu. Muuziqaa tiyaatira kan akka opeeraa, ballet (shubbisa tiyaatira) fi tiyaatiroota muuziqaa gosa gara garaa, pantoomeemee irraa kaasee hanga opeeretatti (tapha muuziqaa) fi waltajjii muuziqaa ammayyaa of keessatti hammata.

Tiyaatirri muuziqaa barruu keessatti dhimmoota hawaasummaa, taateewwaan fi aadaalee mul'atan ifatti baasuuf ga'ee guddaa taphata. Akkasumas tiyaatirri muuziqaa sagantaalee waltajjii irratti hojjetan irratti hubannoo hawaasummaa guddisuudhaf ruqoolee muuziqaa adda addaa ni fayyadama.

Ciminna muuziqaa tokkoo hubachuudhaaf, eenyuu irraa, maal, eessa, yoom, fi eenyuuf kanneen jedhaman wantoota daawwatoota wajjiin walqunnaamtii isaan qaban sirritti hubachiisaniidha. Tiyaatirris ta'ee suur-sagaleen lamaan isaaniyyuu karaalee seenaan ittin dabarfamuu, bifa diraamaadhaan seenaa dubbatamee dhiyeessuf fayyadu. Haala kana keessaatti namoota seenaa san dhugumaatti bakka bu'an yookaan taatoota dubbatanii fi hojjetan sirritti akka fakkaataniif seenaa haala ifaa ta'een qoopheessun bayyee barbaachisaadha.

Tiyaatirri yommuu waltajjii irrattii agarsiifamu, daawwatoota kallattii, taatoota kallattii (taatuu fi ta'aa), shubbistoota, taphoota muuziqaa yookiin opeera kallattii of keessatti qabata.

Haa ta'u malee siniimaa fi suur-sagaleen meeshaa kaameraa jedhamu fayyadamuun kan waraabaman ta'ani suur-sagaleewwaan socho'an qabu.

Karaa biraatin tiyaatirrii akkaataa caaseffama tiyaatiraa (saxaxaa qaama tiyaatira, fi caasaalee teessuuma qaamicha wajjin walitti dhufeenya qaban) hundaa agarsiisa. Tiyaatirrii fi suur-sagaleen kallattidhan waan wal fakkaatan haa fakkaatu malee, qabiyyee isaanitiin garagara. Tiyaatirrii hojii waltajjii irratti gaggeeffamu yoo ta'u, suur-sagaleen ammo hojii sagalee fi viidiyoo dhan qopheeffamuudha.

Walitti hidhannaan shubbisa fi tiyaatira bakka tokkootti qabamuudhan, seenaa barbaadamee san ibsuudhaf: sochii qaama taatootatti fayyadamuun tiyaatira qaamaa (tiyaatira shubbisa) jedhamee beekamuu hojjetu. Yaada kana keessaatti shubbisnii waltajjii irraatti wayita hojjetamu, akka sochii rukuttaatti ta'ee tajaajila.

Karaa biraatin, tiyaatirrii shubbisaa (tiyaatirrii qaama) yeroo diraamaan hojjatamu shubbifaman seenaa tokko guutuu bakka ni bu'a.

Barnoonnii lammuummaa fi amala gaarii Lammiilee naamusa qaban ijaaruudhaaf, mirgaa fi dirqama isaanii akka beekan godhuuf, duudhaa hawaasummaadhan akka qajeelfamanii fi hirmaannaa gaarii jajjaabeessuu akka baratan isaan gargaara. Barnoonnii lammuummaa fi amala gaarii nama dhunfaa fi biyyaa tokko gidduu hariiroo jiru cimsuudhaf akkasumas lammii nama tokko lammii namoota biroo wajjiin fi gareewwaan hawaasaa wajjiin walitti dhufeenya jiru too'achuudhaaf baayyee gargaara. Barnoonni lammuummaa fi amala gaarii akka maloota walitti bu'iinsa furanitti ta'ee tajaajiluu ni danda'a. waa'ee walitti bu'iinsaa diraamaa yookiin taphaa qopheessuun tiyaatira keessatti jechoota fiiziiksii wajjiin wal fudhachiisuu ni dandeenya. Bakka kanatti walittii bu'iinsa hubachuun barbaachisaadha.

Akka hawaasattii nuyi muuxxannoo gara garaa qabna. Akkasumas adduunyaa ilaalcha gara garaa qaban, kan akka sirnaa amaantii, sanyii, dudhaa hawaasummaa fi aadaa keessa jiraanna. Addaa addummaan kunneen guutuumaan guutuutti taateewwaan uumamaati.

Nullee garagarumma kana guutuuman guutuutti dhabamsiisuu yookiin balleessuu hin dandeenyu.

Namoonni lama yookiin sanii olittii, qaamni biraan wanta isaan barbaadan argachuuf: gufuu nutti ta'a jedhanii yoo amaanan, gara garummaan uumamaa armaan olii bu'uura yookiin ka'uumsa walitti bu'iinsaa ta'u ni danda'u. Nuti namoonni akkamitti gara waldhabdeetti akka seenan, seeniicha ni kalaqna. Dabalataanis san booda diraamaa keessatti isaan hojjechuu ni dandeenya.

Walitti bu'iinsii walfalmii dhuunfaa irraa kaasee hanga waraana bal'attii bifoota gara garaa baayyee qabaata. Waliitti bu'iinsii diina gidduutti akkasumas hiriiyyoota fi maatii gidduuttii ni argama. Sababnii walitti bu'iinsaa kunis wantoota nama aarsan yookiin miira keessa nama galchaan irraa ta'uu ni danda'a. kanaafu, akaakuu gara garaa qabaachuu malu. Wal dhabdeen walii galuu dadhabuun gara jeequmsatti yeroo jijjiiramuudha. Waldhabdeen hawaasa, biyya fi hariiroo hawaasa jidduu jiru balleessuu ni danda'a. walitti bu'iinsii namnii dhunfaan mataa isaa waliin, hawaasa waliin, garee waliin, akkasumas naannoo fi waaqa giddutti, walitti bu'iinsii uumamuu danda'uudha.

Walitti bu'iinsi faayidaa mataa isaa baayyee ni qaba. Jireenyaa keenya guyya guyyaa yeroo ilaallu jijjiiramnii hawaasummaa kamiyyuu bu'a walitti bu'iinsadha. Karaa biraadhan immoo walitti bu'iinsa malee hawaasni keenya jijjiirama argamsiisuu hin danda'an. Walitti bu'iinsii, guddinna, marii, walii galtee fooyya'aa fi caalaadhumattii akka wal amannuu fi walitti dhiyaannuf karaa banuu danda'a.

Akkaatan nuti waldhabdee kanaaf deebii itti kenniinu gara garumma nagaa fi waraana, hawaasa fi jeequmsa gidduu jiru bakka bu'a. Diraamaa yookiin tapha keessatti waldhabdeen namoota gidduu jiru hiikudhaaf barnoota tiyaatira fi namuusaa walitti makuu ni dandeenya.

Namoonni naannoo keenyaa jiran hundii filannoo kana ni qabu. Kanaafuu, yeroo baayyee bu'aan walitti bu'iinsaa akka injiifachuu fi moo'amuu qofaadha jennee yaanna. Garuu dhugumaan filaannoo ni qabna.

Wal dhabdicha balleessu yookiin jijjiiruu ni dandeenya. Kanaafu filannoo mataa keeti ni qabda.

Tiyaatirri hawaasni akka walitti qabamu, walitti bu'iinsa mata mataa isaanii dhugaa bahu fi yaadoota furmaataa akka isaan itti yaadaniif hawaasiicha ni gargaara. Tiyaatirri daawwattonnii (hirmaattoonni) walitti bu'iinsan ala dhaabbatanii, hojii diina tokko tokko akka madaalani fi lammii tokko tokko akka garaa laafaniif caarraa isaaniif kenna.

Keessuumma tiyaatiraa hirmaachisu keessattii, daawwattoonni gocha waltajjii irra jiru qajeelchudhaaf gochicha keessattii ni hirmaatu. Tiyaatira hirmaachisuu keessatti, daawwattoonni adeemsa rakkinoota kana wali wajjiin falmuu keessattii carraa namoota sirrii ta'anitti dhugaa bahamuu ni qabaatu. Kanaafuu, miseensii daawwattoota waldhabdee ijoo taphichaa kanneen kakaasan feedhii sirrii ta'ee wajjiin wal arguu danda'u.

Tiyaatirrii adeemsa itti dhiyachuu "kan waliini "(common ground): teekniikoota fi sirnoota bu'uuraa ijoo baayyee kan qabaate yoo ta'u, hubannoo gadii fagoo ta'een waldhabdee hiikuuf caalmaattii furmaanni bu'a qabeessaa akka kennaamu ni jajjaabessa. Tiyaatira hirmaachiisun ergaa kana fiixan baasuuf baayyee bu'aa qabeessadha.

Daawwatoonni taatootaa waldhabdee keessa jiran wajjiin akka addaan bahan jajjaabessuu qofaa miti, san boodas miseensii daawwatootaa gara waltajjii deemuun bakka nam-fakkotaa sana akka uwwiisuu ni gaafatama. Hawaasni asoosama fi furmaata sirrii ta'e argachuudhaf yeroo yaalanitti hojii gara laafuummaan tarkaanfii tokko gara fuulduraattii deema.

Hojii Ogummaa Harkaa Gibtsootaa

Faayoota
























Fakkii 5.1.1 fakkiwwaan ogummaa harkaa agarsiisan

Hojii Ogummaa Harkaa Itoophiyaa Durii





Faayalee







Fakkii 5.1.2 ogummaa duraani kan mul'isu

5.1.1. Hariiroo Aartiin Saayinsii fi Teeknolojii Waliin Qabu

Namichi painter paatrik jedhamu Aartii akkanattii ibsee: Aartiin akkaataa namoonni itti addunyaa ilaalaniin ibsama jedhe. Jechi inni jedhe, dhiibba naannoo irraa, Aartistoota irraa ga'u dhugoomse. Hamma bara 1950 tti hojiin Aartii dijitaalan deeggaramu waan hin dhufiniif dhiibban hedduu artistoota irraa ga'aa turan. Garuu artistoonni addunyaa kanaaf gummacha guddaa oolaaniru. Haa ta'u malee, dhiibban akkamitti Aartistoonni gama saayinsii irratti yaada keennan jedhu, hawaasa irraa dhufu yeroo baayye Aartistoota qeeqaa tureera.

Dhumaa irratti Aartiin guddinaa saayinsiif bu'uura ta'u isaa hojiin Aartiistoonni hojjatan, dhallii ilmaa namaa gumaata Aartistoonni addunyaa kanaf taasisan irraaa ka'uun raga guddaa ba'uu fi danda'aniiru.

1 Hariiroo Aartiin Saayinsii Waliin Qabu

Akkaata yaada Albert Instaayin kaayetti, wantii aartii fi saayinsii tokko godhu, waan hin baratamiin yookaan hin beekamiin hawaasa keessaatti uumufi kannen dur hojataman irratti qorannoo dhugaa taasisuudhan seena haarawaa addunyaaf gumaachu danda'aniru. Kara biraatin aartii fi saayinsiin rakkina dhala nama keessa jiru furmaata barbaaduu irratti hojjetu. Fakkeenyaaf Albert Instaayin yaadaa waa kalaquu yookaan waa uumuu irratti baayyee nama haalan addunyaa kana irratti beekameedha. Yeroo haaromsaa (renaissance period), siirnii aartii fi saayinsii yeroo baay'ee adda bayee ilaalama ture. Kunis falaasfaan Giriik tokko akka mul'atu taasiseera. Innis hariiroon aartii fi Saayinsii gidduu jiru akka sirreefamu yaada dhiyeesse jira. Falaasfaan kun hoojin loonardo daavinchii (1452-1519) gamaa Aartiin, Injinaaringiin, Falaasfaaman, Arkitekchariin fi Astroonomiin gumaacha qaban kitaaba isaa irratti hundaa'un yaanni Aartii fi Saayinsii addaan baasu akka jijjiiramu taasiseera. Fakkeenyii haaromsaa (renaissance)lammaffaan Galiiliyoo Galileedha. Innis jireenya isaa keessatti muuziqaa, akkasumas yaada qorannoo fakki keessatti ramadamee, beekumsa guddaa nama goonfateedha. Kunii immoo dabalataan, qorannoo Herreegaa, Fiiziksii fi Astroonomiitin akka beekamu taasiseera. Argannon isaa, jaarraa 17ffaa, astroonomii, maayikroskooppi fi qoraannoo optiikaala irratti ta'e: guddina leensii fi fuulletif bu'uura ta'e jira. Kunis Aartistoonni fi saayintistoonni yaada haarawaa kana akka fudhatan taasisee jira.


2. Ga'ee Aartiin Suuraa Kaasuu Saayinsii Fiiziksii Keessatti Qabu

Saayinsiin ammayyaa Aartii keessatti, suuraa kaasuun addunyaaf hiika haarawaa uumeera. waggota muurasa keessatti karaa falaasama fi teeknikaatinis ta'ee hubannooo aartii irra jiruu jijjiree jira. Aartiistiin edwaard maaybriij (1830-1904) sochii guluffii faarda yookaan

Aaritii fardaa irratti qoratee yaada bay'ee jijjiruu irraa darbee saayinsiif bu'uura qorannoo ta'ee jira. Aartiistin Eadward maaybriij ogeessa kaameera cimaa yoo ta'u, akkamitti qaama sochii Aariiti ciima irra jiruu suuraa isaa fudhachuu dandeenya jechuun qorannoo jalqabe. Innis qorannoo kana kan taasiseef saayinsii argachuuf osoo hin ta'in akkamitti suura sochii cimaa irraa fudhanna jedhu yaadeeti. Kana mirkaneefachuufis farda guluffii irra jiruu ariitii isaa fi kaameeran ittiin isaa kaasu akka wal gituu gochuudhaan hojii isaa milkaa'ina akka argatu taasiisee jira.

Ilaalchii namoonii yaada yookaan hojii kana irrratti qaban gaarii hin turre. Yaanni kun akka sobaa yookaan Abjuu jedhamee yaadama akkasumas, haasawama ture. garuu artiistiin kun suuricha kaasudhan yaada isaa milkeefate jira. Kunis saayintistoota waa'ee ariitii qorataniif karaa banee jira.





Fakkii 5.1.3 yaada Aartiisti Eadward maaybriij

Jaarraa 17 ffaa fi 18 ffaa keessa oguummaan kaameraa baayyee beekamaa ture. Wantoota dachee diriira irraa jiran kan ijaa keenyaan ilaalun nuttii hin mijanne kaasee addunyaaf qopheesee jira. Yeroo ammma kanas akkaata haala uumama fi akkaata teessuma lafa kaasuun kan addunyaaf guumaachan bu'aa warroota kanaati.


Ogeessa fakkii kan ta'e Johannes veernar artistii cimaa jarraa 17ffaa keessa tureedha, bara (1850-1870) yeroon kun yeroo Aartistoonni ogummaa kaameraa fi ogummaa fakkiitin mul'achuu eegalaniidha. Wantoonnii isaan yeroo sana hojjachaa turan hundii isaanituu kan yeroo amma addunyaan ittiin dhimma ba'aa jirtuudha.

Karaa biraatin Aartistiin, Heenarii piich tooftaalee garagaraa fayyadamuun, fotoon (suuraan) akkamittii akka qindaa'u uumee jira. Kunis warroota uumama addunyaa sirrittii qoraatu barbaadaniif guumaacha gudda ta'eefi jira.

Waluumaa galattii guumaachii Aartiin saayinsii fi teeknoolojii irratti qabu, guddaa ta'uu isaa mul'isa. Kanaaf ilaalcha Aartii irratti qabnuu jijjiruun baayyee gaarii ta'ee argameera.

3 Ga'ee Aartiin baayilooji Irratti Qabu

Hojiin Aartiistoota Teresa Almadiya, Roosa Olivera fi Isabel Azevedo hojii Aartii shaakalu keessatti qabu, yaadrimee saayinsii irratti dhiibbbaaa gaari taasise jira. Kara biraatin immoo hojiin Aartistiin zaretiskii hojjatee hariiroo Aartii fi saayinsii barnoota waliin qaban sirritti ibsee jira. Artistiin kun bara 2012 Aartii elektroonikii irratti PHD kan argatee yoo ta'u gosaa bakteeriyaa "E" jedhamuu argatee jira.



Fakkii 5.1.4 Aartistiin Zaretiskii Maaykiroobaayilojii Irratti Ka'ee

Deebii gilgaala 5.1

1. Aartiin jireenya hawaasummaa keenya keessatti iddoo ol'aana qaba. Fkn. Yoo jeequmsi ummata jidduutti kan uumamu ta'e haaluma salphaan ummata walitti araarsuuf meeshaa nu fayyaduudha. Gama biraatiin, alitti bu'insa karaa midiyaa fi Karaalee biroo fayyadamuun ummataaf ifa taasisee nageenya ummataa tiksa.
2. Aartiin barnoota biroo waliin hariiroo cimaa qaba. Kessattuu, guddina saayinsiif aartiin akka bu'uuraatti ilaalama. Akkaataa uumama naannoo keenyaa barumsa Ji'oogiraafii irratti bifa fakkii ifaa ta'een kan ibsuudha. Aartistoonni akka adunyaatti argannoowwan gara garaa argatan teeknooloojiif bu'uura ta'aniiru. Dabalataan, barnoonni lammummaa fi amala gaari jireenya hawaasaa akka jijjiiru karaa aartiitiin barumsi hedduun ni darba.

Mala baruu barsiisuu

- Ibsaa ga'aa keennuu
- Meeshaalee ogummaa harkaatin hojjataman dinqiisifachu
- Mana baruumsa keessaa meeshaleen tiyaatira artii fi ogummaa harkaa yoo jiraate barattota agrsiisu
- Gilgaalota hojjaachu
- Irraa deebii

Madaallii

- of-ibsuu
- Ibsa garee
- kuusaa ragaa /Portifolio/
- Gaaffii qomaa

Meeshaalee baruu barsiisuu

- ❖ Hojii Ogummaa harkaa salphaa fi fakkiiwwan, meeshaalee sagalee fi suur-sagalee
- ❖ meeshaalee muuziqaa barbaachisoo
- ❖ Sagalee taphachiiftuu

Deebii Gilgaala Boqonna 5

I

1.SobA
2.Soba
3.Dhugaa
4.Dhugaa

II

1.D
2.D
3.D

III

1.Johannes Veernar, heenarii pich, Adam Zaretskay fi k.k.f

2.Aartiin barumsaa seena keenya gama fakkiitin yookaan barreeffamaan kaa'udhaan, dhalli garaa fuulduratti dhufuu akka ittii fayyadamaan taasisa. Kunis jireenya keenyaaf bu'aa guddaa kenna.

Wabiilee

1. Abdii Ismaa'il .2007/2015. "Xiinxala Meeshaalee Aadaa Oromoo Arsii; Godambaa Siidaa Wareegamtoota Aanoolee Keessatti Argaman." Waraqaa Qorannoo Digirii Lammaffaa (MA) Muummee Afaan Oromoofi Hogbarruuf Dhiyaate: Yuuniiversiitii Addis Ababaa,

2. Beekan Gulummaa .2015. *Dindimo:* Finfinnee: Subi Printing Press.

3. Gell Alfed .1998. *Art and agency: An Anthropological Theory.* Oxford : Oxford University Press.

4. Toora Inteerneetiirraa http://www.eolss.net/Eolss-sampleAllChapter.aspx

5. Toora inteerneetirraa : www.wanofi.com

6. Toora inteerneetirraa : wwww.musicinafrica.net/music



Biiroo Barnoota Bulchiinsa Magaalaa Finfinnee

2014 / 2021 /